COQORSA ABDII

Kitaaba Xiinsammuuu



Dhugaan furmaata! Warri dhugaan waliin imale, iddoo gahuu qabu gahee, waan qabachuu qabus qabateetu jiraata. Warri dhugaaf gurra cufate immoo, kubbaa dharri ittiin taphatu ta'anii jiraatu. Kan dhiitamaa oolu kubbaa ta'us, kan weeddifamu immoo warra kubbaa dhiitaa ooledha……..

Addunyaa kana irratti warri seenaa ajaa'ibsiisaa ati barattu kana hunda dalagan hedduun, jireenyi isaanii kufaatii dhaan kan guutamedha. Osoo kufanii ka'uun hin jiraannee seenaan hin dalagamu. …….

Abdiin jireenya namaaf onnachiistuudha.

…….

Kitaabichi keessaa fudhatame!

Galataa Tsaggaa Naggasaa

Mida, Oromiyaa

COQORSA ABDII

Kitaaba xiinsammuuu

Namni dubbisu hundi hayyuu ta'uu baatus, hayyuun garuu nama dubbisudha!

Galataa Tsaggaa Naggasaa

Mida, Oromiyaa

© Galataa Tsaggaa Naggasaa 2020 G.C

Mirgi barreessaa **safuun** kan eeggameedha.

Kitaaba kana yeroo dubbistan, yaada jajjabinaa, qeeqaafi sirreeffama qabdan karaa armaan gadiitiin naaf kennuu dandeessu.

Bilbila: 0939667128

Facebook: Galataa Tsaggaa Naggasaa

E-mail: gelatatsega2008@gmail.com

Gulaaltonni:

1. Gammadaa Taliilaa (Bsc in Midwifery)
2. Abdiisaa Ejjetaa Yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa saayinsii wal'aansaa (Medicine) waggaa 3^{ffaa}, Barreessaafi Waloo
3. Ahmed Kamaal Yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa seeraa waggaa 5^{ffaa}
4. Keireddiin Abdallaa Yuunibarsiitii Jimmaatti barataa 'Engineering' waggaa 3^{ffaa}.
5. Tolasaa Badhaadhaa Yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa yaala sammuu (Psychiarty) waggaa 3^{ffaa}, Barreessaafi waloo

Waa'ee barreessichaa!

Kanaan dura kitaaba **'Galaa Sammuu'** jedhu barreesseen, eebbaaf guyyaan muraasni yoo hafu dhibee koronaan danqame. Maxxaanfamee raawwatee jira. kana malees kitaabileen lama kan hin maxxanfamin harka koorra jiru.

Kitaabni **'Coqorsa Abdii'** jedhu kun kitaabakoo afraffaadha. Barreessaan kun barataadha. Barataa mana barumsa bultii addaa **Waldaa Misooma Oromiyaa (WMO)** marroo jalqabaa (1st batch) dha. Amma immoo yuunibarsiitii **Haramaayaa**tti barataa saayinsii fayyaa hawwaasaa (Public health) waggaa 3ffaati. Dabalataan immoo yuunibarsiitii Haramaayaa kolleejjii fayyaa fi saayinsii wal'aansaa Hararitti, pirezedaantii **Gumii Afaan, Aadaafi Hogbarruu Oromoo (GAAHO)** bara 2019/2020 ti.

Kitaaba kana irratti yaada gulaaltotaa!

"Dhalli namaa namaaf miira namummaa yoo hin qabaanne namummaan isaa ni shakkama. **Coqorsi Abdii** kitaaba miira namummaa nama barsiistu qofaa otoo hin taane, labooba gaara duubatti ittiin arganidha. Soorata seexaa dargaggootaa gabbisutu irraa dhamdhamama. Barreessichi galaa galaafatee 'GALAA SAMMUUN hogbarruu Oromoo galaana ceesisuuf eegale, kinoo har'a 'Coqorsa Abdii'n nu qaqqabeera! **Galataa** dhuguma ati barreessaa jabaadha! Fuuldurattis hojii baay'een sirraa eega!"

Tolasaa Badhaadhaa, Yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa yaala sammuu (psychiatry) waggaa 3^{ffaa}, Waloofi Barreessaa

"Kitaabni kun dhugaa dhugaan utubame, dhaamsa dhalootaati. Addumaan immoo, akkaataan jechoonni filatamoo fi dhamdhama qaban wal qabatanii hima dhaamsaa ta'an ajaa'iba! Gumaachi barreessichaa, Oromummaan jecharra darbee gochaan akka bareedu agarsiisuutti, gahee leencaati. Barreessitoonni akkanaa, akka cirracha galaanaa nuuf haa baay'atani!"

Abdiisaa Ejjetaa, yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa wal'aansaa (medicine) waggaa 3^{ffaa}, Waloo fi Barreessaa

"'**Coqorsa Abdii'** kan abdii kuteef abdii laattee kan abdii qabuuf abdii dabalti. Namni akka nama biraatti fi akka bineensaatti dhiisee akka ofiitti akka jiraatu gorsiti. Kan hiikkaa jireenyaa wallaalef hiika kenniti. Sammuun kee waan hundaa olitti kan si fayyadu ta'uu barsiifti. **Galataa**nis hojii isaatiin nama galataati."

Gammadaa Taliilaa (Bsc in Midwifery)

" '**Coqorsa Abdii'** kitaaba waa mara of kessaatti hammattedha. Kitaaba barbaadanii keessatti of argan; keessattis of ilaalanii kaayyoof karoora hegeree kan itti karoorsaniidha. Barreessichi '**Galaa Sammuu'** nuuf galaasee otoo oolee hin bulin '**Coqorsa Abdii'** nu badhaase! Galataa ati nama bakka guddaa gahuuf deemsa eegaledha. Galma gahi jabaadhu. **Hiriyyaakoo isa ganamaa**!"

Kereddiin Abdallaa, Yuunibarsiitii Jimmaatti barataa Engineering waggaa 3ffaa

"Kitaabichi akkuma maqaa isaa '**Coqorsa Abdii'ti**. Ni amanta taanan coqorsi abdii abdii sitti hora. Jiruu kee keessa seenee wayee keeti sitti haasawee karaa qajeelaa irra si kaha. Abdii galaa qabdu harkaan si tutuqsisee arrabaan si dhandhamsiisa. Kitaabicha fuula jalqabarraa hanga dhumaatti dubbisuun dirqama. Sababni isaas boqonnaan tokko dhaamsa fudhee boqonnaa isa itti aanuti kennaa, walqabatanii abdii si kudhaamu. Dubbisuun qaroonina isa maallaqni hin binnedha."

Ahmed Kamaal, Yuunibarsiitii Haramaayaatti barataa seeraa waggaa 5ffaa!

IMAANAAKOO HIN NYAATIN!

Kitaaba kana maxxansee qarshiin gurguruu irra, amma dhaloonni karaa PDF tiin akka dubbisuuf yaadeen barreesse. Dubbisaa! Dhaloonni kitaaba dubbisuu akka eegaluuf, namoota jaalattaniif qoodaa. Kitaabni kun Oromiyaa guutuufi ilmaan Oromoo hunda akka dhaqqabuuf namni kamiyyuu gahee isaa akka bahun imaanaa siif kenna.

Ani dirqamakoo barreessuun si biraan gaheen jira. Atimmoo miidiyaa irratti beeksisuun, raabsuufi namootaan gahuun dirqama Oromummaa kee bahadhu.

Imaanaa!

Barreessicha irraa!

Yaadannoo

Addunyaa kanarratti warra yaadatamuu qaban yaadachuun, warra of dagatee of yaadachiisuuf xurree saaqxi jedheen amana. Warri yaadatamuu qaban warra yaadannoo dhugaan onnee dhalootaa keessatti barreeffamanidha.

Qabsaa'ota Oromoo, hayyoota, qeerroofi qarree Oromoo jiruufi jireenya isaanii hunda saba guddaa kanaaf kennan, warra dhugaa sabaaf jecha jireenya mataa isaanii dhaban, warra ofiif rakkatanii ija sammuu nuuf saaqan, warra lubbuun jiraniifi warra addunyaa tanarraa godaananii onnee keenya keessa jiran hundaaf, yaadannoon kitaaba koo isaaniif haa ta'u.

Haala amma keessa jirru keessatti lubbuu isaanii osoo hin mararsiifatin, ogeeyyii fayyaa uummata addunyaa baraaruuf, halkaniifi guyyaa dhama'aniif, darbees warra lubbuun isaanii lubbuu oolchuuf darbeef, yaadannoon kitaaba kanaa isaaniifis haa ta'u.

Galata

Addunyaa akka utubee, utubaan dhaabe. Samiifi lafa dhisee isa dhiise, gartuu muraasaaf kan hin loogne, dhugaan isaaf, isumaaf kan ta'e, eeyyee martuu isumaan, isumaaf, anillee waan hundumayyuu isumaaf!

Imala jiruu keessatti warri galaa namaaf guduunfee nama gaggeessu, kaayyoof warra imala mikiin nama eegalchiisu, harmeekoo **Askaalaa Tolaa Ayyaanee** jechoonni waa'ee kee hedduu waan hin ibsineef naaf jiraadhu jedheen bira darba. Abbaa koo **Tsaggaa Naggasaa Galatuu** abdiifi waadakee baadheen jira. Naaf jiraadhaa! Obbolaakoo Caaltuu, Abarraash, Eebbisee, Bashaatuu, Firaa'ol, Baay'iseefi Badhaatuu hundi keessan naaf jiraadha.

Waan hunda naaf taate. Gorsaakoo, qajeelchaakoofi abbaa malaa. Gaaf hunda gorsifi gargaarsi kee na biraa hafee hin beeku. Akkan nama ta'uuf na utubde. Wasiilakoo **Engineer Ibsaa Naggasaa Galatuu** oolmaan kee galata jechootaan hin ibsamu. Umurii dheeraafi jireenya qananii naaf jiraadhu!

Namoonni yeroo hunda na cina dhaabattan Wasiila koo Obbo **Nugusee Naggasaa**, Addee **Siifan Ittafaa,** B/stu **Geexee Abarraa**, B/sa **Cimdii Hirphasaa,** B/sa **Charinnat Abarraa,** B/stu **Masarat Hayiluufi** barsiisota mana barumsaa Guutee Bulii hundi keessan galata argadha.

Kitaabicha yeroo gabaabaa keessatti, gulaaluun warri na deeggartan, **Gammadaa Taliilaa, Ahmed Kamaal, Keireddiin Abdallaa, Tolasaa Badhaadhaa, Abdiisaa Ejjetaa fi Tolee Fiqaaduu Aagaa** galanni koo onnee irraa isin haa dhaqqabu. Umurii dheeraafi jiruu qananii naaf jiraadhaa!

Waan hedduu waliin qabna. Walitti qabnas. Seenaafi yaadannoo mimmiidhagaa yoo himan bareedu, yoo dubbatan gurraaf tolu hedduu waliin dabarsine. Barattoota mana barumsaa bultii addaa **Waldaa Misooma Oromiyaa (WMO)**,barsiisota, hojjettootaafi hawwaasni hundi keessan galanni koo dachaan isin haa dhaqqabu.

Namoonni kitaabni koo jalqabaa yeroo maxxanfamu ka'umsa irraa eegaltanii, hanga dhumaatti na waliin dadhabdanii, kitaaba yaada ture dhugaa taasiftan:- **Kumaa Margaa, Abdii Addunyaa, Biiftuu Alamuu, Tolasaa Badhaadhaa, Abdusalaam Jamaal, Abdiisaa Ejjetaa, Mohammed Bakar, Daraartuu Furgaasaa, Soraa Saaraa Soraa, Ukaashaa Mohammed, Rabbirraa Daanyee, Baqqalaa Gurmee, Ifnaan Siyyuum, Odaa Angaasaa, Uzeefii Jabal, Mohaammed Huseen, Gabii Amaan, Kennaasaa Dastaa, Kereddiin Abdallaa, B/sa Abdii Ismaa'eel, B/sa Biqilaa Tashoomee, B/sa Galataa Baacaa, Dr. Yaadataa Dassee, Dr. Naafyaad Geetuu, Dr. Lammeessaa Oljirraa, obbo Mootii Toleeraa, Obbo Addisuu Alamuu, obbo Biraanuu Fayyisaafi Abdii Nugusee** akkasumas miseensonni **Gumii Afaan, Aadaafi Hogbarruu Oromoo (GAAHO**) yuunibarsiitii **Haramaayaa** kolleejjii fayyaa fi wal'aansaa Harar hundi keessanuu oolmaa keessaniif galanni koo karaa coqorsa abdii isin haa dhaqqabu. Si achi waan jabaa waliin hojjenna.

Baafata fuula

Seensa 11
BOQONNAA TOKKO 19
Dhala namaa 19
BOQONNAA LAMA 29
Humna sammuu 29
BOQONNAA SADI 59
Naamusa namummaa 59
BOQONNAA AFUR 76
Of guddisuu! 76
BOQONNAA SHAN 91
Kaadhima milkii 91
BOQONNAA JAHA 121
Galma kaayyachuu 121
BOQONNAA TORBA 131
ABDII 131
BOQONNAA SADDEET 143
Dhaamsa 143
Kitaabilee wabii 150

Seensa

Addunyaan keessa jirru warra hubatanii, of gumeessanii itti hojjetaniif moo'icha akkuma goonfachiiste, warra hubannoo malee akka jaamaa doobbii lixxee burjaaja'aniif immoo baraan boo'icha laattee jirti. Nama dhuunfaa ta'ee sabni akkasumas biyyi waan xixiqqoo irra waliif darbee waliin waan gurguddaaf iddoo kennee deemu moo'ee, namaafi biyya biroo mataa gaadi'ee ittiin qotatu, warri mataan gaadi'amee, waan guddaa argee, guddaaf wal kaayyachuu wallaalee waan xiqqaaf wal cabse immoo bara baraan harka warra biraatti humna isaanii gurguranii, haftee jarri kennaniif eegaa jiraatu.

Dhugaan furmaata! Warri dhugaan waliin imale, iddoo gahuu qabu gahee, waan qabachuu qabus qabateetu jiraata. Warri dhugaaf gurra cufate immoo, kubbaa dharri ittiin taphatu ta'anii jiraatu. Kan dhiitamaa oolu kubbaa ta'us, kan weeddifamu immoo warra kubbaa dhiitaa ooledha. Kubbaan madooftee, baqaqxee, tarsaatee, foqoqaa rakkoo argaa ooltus, ijji addunyaa isa dhiitu malee isa dhiitamu irra akka hin jirre hubachuu dandeessu. Namaaf illee dubbiin akkas waan taate fakkaata. Nama dhaananii boo'icha nama dhorku. Dhugaa ofii beekanii, of kabachiisanii jiraachuuf, gulantaa ofii olkaasanii, sammuu ofiin of gahoomsanii jiraachuun qorsa warri bare ittiin of barudha.

Jireenyi addunyaa akkuma teessuma lafa isheeti. Bu'aa bahii, sulula diriiraa deemsi isaa namaaf hin siqne, tulluuwwan bahuun isaanii afuura nama kutan, holqawwaan hin guutamne, bosonawwaan rukkatoo lilmoon keessa hin hulluqne fa'aadha. Kanarra darbee akkuma teessuma lafa ishee baldhoodhas. Kana qofaa miti, dirree miidhaagaa keessa taa'anii hin quufamne, uumama ajaa'ibsiisoo ilaalamanii dharraa hin ba'amneefi wantoota ilaaluf illee nama sururan qabdi.

Fuulli addunyaa tanaa, ifaafi dukkana, gaariifi yaraa, quufaafi beela, tulluufi sulula, halkaniifi guyyaa, roobaafi hongee, dhabuufi argachuu, bilisummaafi gabrummaa, moo'uufi moo'amuu, baqachiisuufi baqachuu dabareen namatti agarsiifti.

Baroota hedduu keessa namni akkuma bishaan jal'isiidhaan fayyadamee irraa nyaachaa ture, galaanni daandii isaa irraa guutee dhangala'uun namoota hedduus nyaatee jira. Dhagaa irraa ibidda uumuun akkuma itti fayyadamuun nyaata bilcheeffatee soorrachaa, qorra ofirraa dhorkuuf qaqqaammachaa, ifa irraa argachuuf illee itti fayyadamaa ture, balaan ibiddaa hedduun ka'uudhaanis badiiwwan gurguddaa geessisaa turee jira.

Kana qofaa miti manneen ijaaratanii keessa jiraatan jiguun, lafti garagaluun, holqi sigigaachuun, kirkira lafaatiin, lolaafi waraanaan dhalli namaa dhumaa, faca'aa har'a gahe. Kana hundarra immoo qilleensi jijjiiramuun qorri, hoo'i, hongeefi beelli dhala namaa lafarra jiraatan duguugaa turuu seenaan galmee isheen haammattee jirti.

Dhalli namaa haalota kannneen keessa darbuun damdamatee har'a gahe. Waggoota kumaafi kitila darban keessa haalota kanneen damdamachuuf, ijaarsiwwan, gurmuuleen, argannoo fi kalaqni hedduun akka hojjetamaan turan sanadni seenaa guduunfee kaa'ee jira. Ilmi namaa jaarraa hedduun dura irraa eegalee, haalota karaa alaatiin dhiibbaa irratti godhan kana hunda jifachuuf, gurmaa'ee waan hedduu hojjetaa, walutubuun rakkoofi gidiraa jala wal dabarsuun, gaafa sadoofi gammachuu immoo waliin dabarsaa turee jira.

Gurmii kanneen keessaa namni haala sabaa fi sanyii isaatiin gurmaa'uun isa tokko. Sabnifi sanyiin waliin gurmaa'uun balaa garagaraa irratti waliif dirmachaa, gaafa ibiddi qabate dikeefi bishaan baatee waliif dirmachaa, gaafa lolaa eeboofi gaachanaan walirratti du'aa, yoo beelli dhufe afaanii fuudhee, afaan wal kaa'aa, yeroo qorraa uffannaa waliif ta'aa har'a kana gahe.

Maal kana qofaree, yoo hongeen dhufe walitti godaanuun, yoo loon nama jalaa dhumte wal hirphuun, nama dhala dhabeef guddisa kennuun, gaafa jiran waliin jiraachaa, gaafa du'aa immoo wal awwaalu. Kanarra darbees gurra waliif qeensaa, qalbii walitti hidhachuun balaa fi hammeenya wal oolchu. Tulluu jigsuun gaafa barbaachise waliin jigsaa, yoo lagni addaan isaan qoode dugdatti baatanii daakanii wal ceesisaa, yoo tole riqicha ijaarratanii hamtuufi toltuu walii waliin dabarsu.

Jiruufi jireenya Oromoo kana keessatti wanti hunduu dabareedha. Gooftaafi giiftiin hin jiru. Hiyyeessi dhiitamee, dureessaaf hin sagadamu. Harki dabaree wal dhiqa akkuma jedhamu, inni qabu isa hin qabneef kennee, isa dhabe akka qabaatu taasisa. Maarree bara dur gaafa Oromoon mana isaa kabajaan jiraachaa ture, daa'imni dhalatte aannan malee akka hin guddanne namuu ni beeka. Balaan tasaa yoo mudatee ameessi jalaa dhume malee namni ameessa hin qabne dhala hin godhatu. Sababni isaas mucaan gaafa intala fuudhuuf jaarsa ergatu, yoo guduunfaa qabaate malee durba argatee fuudhuu waan hin dandeenyeefidha. Nama guduunfaa hin qabnetti maaltu dhala ofii kennaree? Akka tasaa balaan akka hongee, lafti sigigaatee loowwan yoo jalaa dhuman, daa'imni dhalatte, dirqama gosni obaasee guddisuu qaba.

Aannan hin kennaniifi. Ameessa dorrobaa yookiin immoo sa'a dhaltee elmamtu kennuufi. Kana irra darbee, waliin jireenya keessatti harka wal qabaa, harka qalleessa deeggaranii bara rakkoo baasu.

Haala uumama namaa keessatti daa'imni ni dhalata. Dhalatee guddachuun gaa'ila godhata. Gaa'ilaan sanyii warra isaafi aantee bakka buusa. Kun marsaa jireenyaati. Lammiin waliin gaafa jiraatu, kan dhalate ililchee hawwiifi gammachuu qabu ibsa. Firriifi aanteen waan qabu waliif uka keessa godhatee warra mucaa fuula ifaan walitti dhufanii harka wal fuudhu. Walitti dhufanii wal dhungatu. Mucaa dhalateefis hawwii qaban ibsuuf, "Tuu" jedhanii gogoraan abdiin jiisuun, "Guddadhu!" jedhanii eebbisu. Kan dhalates guddatee, gaa'ilaaf gaha. Yoo durba taate kabajaan firaafi aanteen taa'anii, gurbaa ishee kadhateef, kennu. Yoo ilma ta'e immoo ulfinaan, waan inni, firriifi lammiin jaalateef kadhatanii, fuusisu. Kun lameenuu gaafa ta'u, lammiin harka duwwaa si bira hin dhufu. Waan qabu uka keessatti qabatee, diinqa dhufee harka si kaa'a. Imala gara jireenya haaraa waan ta'eef, waan jireenya namaaf galaadha jedhan hunda hanga humnaafi fedhii isaanii fidanii dhufu.

Jireenyi abdiidhaan hojjechaa kan jiraatani malee abdiidhaan osoo hin hojjetin, abjuudhaan warqee boraafachuu miti. Gaafa dukkanaa'e akka bari'u, gaafa dhaban hojjetanii argachuun akka danda'amu beekuun gamnummaafi jabina.

Bonni gaafa hammaatu biqiloonni bishaan isaanii qusachuuf, hedduun baala harcaafatu. Warri biraan immoo ni gogu. Keessattuu biqiloonni xixiqqaan, hidda gadi fagoofi jabaa hin qabne, goganii dhabamu. Burqaawwan ni gogu, bineensonni hedduun ni godaanu, namnilleen yoo hammaatte gara laggeen jiranitti godaanu.

Coqorsi garuu akka biqiloota xixiqqaa gogee hin dhabamu. Hidda isaan jabeessee lafa qabata. Jirma ishuma xiqqoo sanaan jabeessee of dhaaba. Gaafa hongee hamaa illee, akka warra biroo dafee of hin coolagsu. Haala hamaa keessatti hidda ofii jabeeffata. Hirkannaa malee ofiin ofumaaf, gaachana ta'ee , deebi'ee of bayyanachiisuun lalisa.

Namni waa malee waa hin godhu. Namni gaafa dubra kadhatu coqorsa itti ergata. Jabbiin yeroo dhalatte coqorsa qabatanii itittuu unachaa eebbisu. Mana waabeekaa nama dhaqutti coqorsa ergatu. Waabeekaan coqorsa fuudhee, waa'ee nama ergatee waa hima. "Gaafa eebbisan illee coqorsa ta'aa lafa qabadhaa!" jedhanii eebbisu.

Kana qofa miti, firri, lammiin, jaalalleewwan, hiriyoonni gaafa walirraa fagaatanii turan, gaafa lagni guutee karaan walitti ce'an dhabame, jireenyi rakkisee walarguun mijachuu dide, coqorsa kutanii namatti imaanaa kennatu. Namni karaa deemu gaafa karaa mana warra coqorsa ergameefii gahu, yaadatee coqorsa firri halaalaa firaaf erge, biraan gaha. Warri firaas coqorsa warri halaalaa ergeef yoo argu gammachuun lammii isaaniif dhaamsa labsu.

Coqorsi lammiin waliif ergu kun baataa nageenyaa, hawwiifi walyaaduuti. Kana irra darbee immoo coqorsa abdiiti. Gaafa rakkoon darbe, ganni darbee birraan ifaan dhufe, gaafa lagni inni guute hir'ate, yeroo waraanniifi rakkoon darbe ijji nagaan wal nu haa argu jedhanii abdii waliif dhaamu. Warri coqorsa fudhates abdiidhaan fira isaanii halaala jiran arguudhaaf guyyaa eeggatu. Abdiin onnachiistuu jiruufii jireenyaati. Namni abdiidhaan gaara baha. Laga ce'ee galma yaade gaha. Abdii isa hin duune, isa hin dulloomne.

Abdiin galaadha. Bu'aa bahii jireenyaa keessa darbuun dirree diriiraa keessa gahuun akka danda'amu mogolee nama jabeessa. Kitaabni kun kitaaba mankuusaa abdii dhugaati. Warra walirraa fagaateef akka coqorsa gaafa rakkoo ittiin wal yaaduufi waliif yaaduu himanidha. Kanaafuu maqaa ishee **Coqorsa Abdii**! Jedheeniin jira. Kudhaammadhu!

Eeyyee! Kitaaba kana dubbisi. Eegaltee karaa irratti hin gatin. Yoo dhaamsaafi dhamdhama isaa irraa fudhatte jireenya keef coba abdiifi beekumsaa xiqqoo siif dabala. Fuula duratti akka tarkaanfattu si taasisa.

Yoo dubbisan waan dubbatan beeku. Yoo waan dubbatan beekan immoo namaan waliif galu. Yoo nama waliin waliif galan immoo alaa galu. Warri alaa gale immoo qe'ee ofii kabajaa fi qananiin jiraata.

Dubbisa gaarii!

BOQONNAA TOKKO

Dhala Namaa

Addunyaa keenya irra uumama garaa garaatu jiraata. Lubbu qabeeyyiin hedduun akkuma addunyaa kanarra guutanii argaman lubbu maleeyyiin illee addunyaa kana midhaksanii argamu. Lubbu qabeeyyiin hedduun amala waloo wal isaan fakkeessu hedduu qabu. Amaloonni kunnneen kan akka, soorrachuu, walhoranii sanyii bakka buusuu, socho'uu, harganuu, guddachuu, du'uufi kanneen birooti.

Dhalli namaa garuu lubbu qabeeyyii kaan irraa wantoota hedduudhaan adda ta'ee argama. Namni nama jedhamuuf waan hedduufi ajaa'ibsiisoo ta'an qaba. Mee siif osoo dhala namaa jechuun maali siin jedhanii maal jettee hiikkaa laattaa? Nama jechuun maal jechuudha? Maal ta'uutu nama nama taasisaa? Namoonni yeroo namaan inni nama miti, jedhan maal jechuu sitti fakkaataa? Namni gulantaa maaliin adda ta'aa? Nyaachuu, soorachuu, harganuu, wal horuufi guddachuun akkasumas oljedhanii deemuun nama nama ni jechisiisaa? Namni yoo iddoo dura ture irraa gaafa jijjiirame, abaluun nama ta'e yoo jedhan akkam jechuudha? Namummaa gate yoo jedhan hoo?

Dhalli namaa uumamuu isaa irratti yaaxxinni garaagaraa jiraachuu mala. Kunneen keessaa yaaxxinni gama amantiifi kan saayinsii gartuulee yeroo hedduu waa'ee dhala namaa irratti yaada mataa isaanii kennanidha.

Yaanni karaa amantii:- "Dhalli namaa uumaadhaan akkuma amma jiru kanatti kan uumamedha." jedhu. Amantiileen kumaatamaan lakkaawwaman addunyaa kanarra jiraatanillee yaada wal fakkaataa dhala namaa waaqatu uume jedhu irratti harki caalaan kan walii galan ta'uu isaaniiti.

Yaanni karaa saayinsii immoo "Dhalli namaa adeemsa qususaatiin warra dur irraa qususaa, qaroomaafi boca akkasumas halluufi jabina sammuu kana irra gahee jedha. Akka yaada hayyoota kanneenitti dhalli namaa amma jiruufi bineeldonni akka Jaldeessaa fi Chimpaaazii faana warra dur tokko (common ancestors) waliin qooddatu." jedhu. Kanuma irraa ka'uun hundinuu haala qilleensaa, jireenyaafi wantoota adda addaa damdamatanii, itti madaqanii jiraachuuf, haala naannoo osoo mijeeffachuuf tiratanii jijjiirama har'aa kanarra gahani jedhu.

Dhalli namaa adeemsa qususaan (tirannaatiin) suuta suuta jijjiiramus, waaqaan akka bifa amma jiruun yoo uumames, garuu dhala namaan nama jennee kan waamnu, darbees immoo kun nama miti bineensa jennee kan dubbannu maal irraa dhaabbanneetii?

Dhalli namaa uumama addunyaa kanarra jiran hunduma caalaa fooyya'aa (advanced) uumama ta'edha. Dhalli namaa uumama addunyaa kanaa irra foyya'aa ta'uun isaa immoo sammuu isaatti fayyadamuun akka ta'e beektonni waa'ee dhala namaa qoratan irratti walii galu. Dur bara dhagaa (stone age) irra eegalee hanga har'aatti jijjiiramni gama jiruufi jireenya dhala namaa kan dhufe dhalli namaa sammuu isaatti sirnaan fayyadamuni.

Dhalli namaa wantoonni lubbu qabeeyyii biroo waliin qooddatu nama isa hin jechisiisu.

- Nyaachuun dhala namaa nama hin jechisiisu; lubbu qabeeyyiin biroos jiru waan ta'eef
- Horanii sanyii bakka buusuun dhala namaa nama hin jechisiisu
- Miila lamaan oljedhanii deemuun nama nama hin jechisiisu, sababni isaa lubbu qabeeyyiin biroon miilla lamaan deeman danuu waan ta'aniif

- Guddachuun nama ta’uuf wabii miti. Lubbu qabeessi hundi ni guddata waan ta’eef

Maarree dhalli namaa nama jedhamuun wabiin erga wantoota armaan olii miti ta’ee, dhala namaatiin nama jechuun yoo maal ta’edhaa?

Nama nama kan jechisiisu maali?

- Ol jedhanii, luka lamaan deemuu?
- Maqaa, iddoo dhalootaa, maatii irraa dhalatan ?
- Sadarkaa barnootaa, aangoofi beekumsa akkasumas beekkamtii?
- Qaama guutuu yookiin qaama miidhamaa ta'uu?
- Gartuu siyaas-dinagdee akka sooshaalistii, kaappitaalistii, liberaalismii, fi kan biroo ta'uu?
- Miseensa amantii Musliimaa, Kiristaana, Waaqeffannaa, Buudizimii, Taa'oo’izimii yookiin immoo warra waaqni jiraachuu hin amanne ta'uu?
- Sabaafi sanyii ofii lakkaa'uu?
- Hojjaa, bifaafi miidhagina fuulaa?

- Qabaatanii hundaaf arjoomuu yookiin dhabanii hunda kadhachuu?
- Ardii ta'e tokko keessatti dhalachuu?

Kun hunduu nama nama hin taasisu. Eeyyee! Wantoonni armaan olii nama nama hin taasisani. Maaltu nama nama taasisaa?

1. **Sammuu akka namaatti yaadu qabaachuu**

Dhalli namaa bineensotaa fi uumama biroo irraa wanti adda taasisu, sammuu yaaduu qabaachuu isaati. Gulantaan namaa kan madaalamu sammuu isaatiini. Sammuu sirrii yoo qabaatan namummaa nama goonfachiisa. Sammuun dhala namaa kan uumama kamiyyuu caala sababatti amana. Sababsaa ta'uun sammuu dhala namaa waan hojjetuufi hin hojjenne addaan baasee beeka. Kanaanis wanti dhalli namaa hojjetu hundi sammuun sababaan qaama ajajeeti.

Nama jibbuufi jaalachuun, barnoota barachuufi barachuu dhabuun, of ajjeesuufi gaafa dhukkubsatan of yaalchisuun, gartuu tokko deeggaranii kan biraa mormuun sammuun dhala namaa sababsaa ta'uu irraan kan ka'edha.

Sammuun dhala namaa waan hundayyuu sababaan akka amanu siif himeen ture. Waan sababa waliin amane kana immoo sobas haa ta'u dhugaa hojiirra oolcha.

Sammuu yaadu qabaachuun dhala namaa wantoota adda baasee akka ilaaluufi hojjetu taasisa. Sammuun nama nama taasisa. Sammuu isa yaadu, hojjetuufi dhugaa hubatu. Sammuun akka dhalli namaa of beeku, ilaalcha sirrii qabaatu, kaayyoofi mul'ata qabaatu akkasumas bineeldota kaan caalaa haala naannoo isaa hogganee akka jiraatu taasisa.

2. Nama nama kan taasisu, namummaa goonfachuudha.

Namummaan amala dhalli namaa goonfachuun nama ta'uu dha. Namummaan dhalli namaa akka bineelda kaan irraa adda ta'u taasisa. Waan tokko qoranii, qoraasanii, buusaanii baasuun, bitaafi mirga ilaalanii fudhachuufi dhiisuun amala dhala namaati. Namni namummaa kan goonfatu nama biraaaf onnee mararamuufi dhukkubsatu qaba. Fakkeenyaaf, namni osoo karaa deemuu nama konkolaataan itti galagale yoo arge, hunduu rifatee, waan danda'u gochuun lubbuu nama sanaa oolchuuf ifaaja. As irratti yeroo balaa kanaa namni nama oolchuu malee amantii, paartii, sabafi gosa isaa namni gaafatu hin jiru. Adiis ta'e gurraacha, amanas ta'ee ka hin amanne wanti jedhamu hin jiru. Namummaa qofatu ilaalama.

Humni namummaa daangaa dhalli namaa ijaaree wal ittiin qoodu, kan akka dhaaba siyaasaa, amantii, saba, bifa, qabeenyaafi aangoodhaan olidha. Hidhaafi dallaa namoota gidduutti ijaarame diigee, namni namaaf qoricha akka ta'u taasisa. Namummaan wadaroo jabaa dhala namaa walitti guduunfu, kan yoomiyyuu hin cinnedha.

Dhalli namaa namaaf jaalala hanga lubbuu ofii dabarsanii kennuutti (Altruistic love) ni deema. Keessattuu maatiin dhala isaaniif, lubbuu dabarsanii kennuun labata isaanii itti fufsiisanii har'an gahanii jiru.

Daniel Goleman kitaaba isaa '***Emotional Intelligence***' jedhu irratti waa'ee jaalala kanaa yoo ibsu

Haati warraafi abbaan warraa mucayyoo isaanii waggaa kudha tokkoo waliin osoo baaburaan deemanii, baaburri karaa irraa goruun galaanatti dhidhimee jedha. Yoo kana maatiin sun mucayyoo isaanii foddaa irraan lubbuu baraartotatti fageenya irraa darbuun hanga lubbuun isaanii darbutti waa'ee ofiif du'uu isaanii dhiisanii mucaa isaaniif osoo garaan isaanii raafamuu, foddaa irraan ishee ilaalanii, du'anii jedha. Mucayyoon isaanii lubbuun haftus qaamni ishee laamshaa'uun 'wheelchair' deemti. Maatiin ishee ishee du'a irraa oolchuun ofiif du'aanii darban.

Maarree jaalalli akkasii hundee namummaa ta'uu dhalli namaa beekuu qaba. Namummaan namaaf jiraachuu, dhala namaatiif yaaduudha. Dhalli namaa yoo namummaa gate, siyaasaafi falaasama garagaraatiin burjaaja'ee namummaa ofirraa mulqee amala bineensaa horata.

Nama rasaasaan ajjeesuu, bineensa jalatti nama hidhuu, ibiddaafi elektirikiin gubuu, qalanii fannisuu, haadha ajjeesanii ilmaan boochisuu, ilma ajjeesanii haadha reeffa irra teessisuu, nama jiraatti awwaaluu fi kanneen biroon warra sammuun jaameefi naafateen dalagamu namummaa ofirraa mulqanii amala bineensummaa warra horateenidha.

Maarree namni nama kan ta'u namummaan malee aangoo, beekumsa, amantii, dhaaba siyaasaa, sabaafi sanyiin miti. Namummaanis kan argamu waan beekaa, hordofaa amantii ta'e tokkoo, sanyiifi saba tokko ta'aniif miti. Hundeen namummaa nama ta'anii sammuu akka namaatti yaadu qabaachuudha. Namummaan nama nama taasisuu irra darbee nama namaaf taasisa. Namummaan bullukkoo jabaa dhalli namaa uumamaan goonfatedha. Namummaan si golginaan akka namaatti namaaf yaadda.

3. **Namni nama kan ta'u gaarummaa goonfateeti**.

Gaarummaan immoo madda miidhagina keessooti. Dhalli namaa uumamaan gaarumman laatameefi jira.

Gaarummaan gaarii gochuu irra gaarii ta'anii argamuudha. Gaarummaan sagalee malee dhaga'ama. Fageenyaan hin daangeffamu. Qabeenya irratti hin hirkatu. Gaarummaan onnee namaaf maraarfamuufi sammuu waan gaarii yaaduun namaaf galaafama.

Gaarummaan madda miidhagina keessa sammuu namaati. Dhalli namaas, ta'ee uumamni biroo bareeduuf waan hin goone hin qabu. Hunduu miidhagee akka hundi afaan qabatee dhaabbatee ilaalu barbaada. Yeroo baay'ee dhalli namaa miidhagina ijaan argu faana osoo culuullatuu miidhagina isa ijaan hin mul'anne garuu kan nama nama taasisu dhaba. Qarshiin, aangoofi sadarkaan barnootaa qaamaafi uffataan nama miidhagsuu danda'a. Garuu boqonnaafi gammachuu kan namaaf kennu miidhagina sammuuti. Sammuun dabaafi gidiraa yaadu, saamichaafi ajjeechaa, akkasumas qaraafi qaroomina sabaafi nama biraa balleessu boqonnaa hin argatu. Akka fedhetti nyaatee dhuga garuu itti tolee akka fedhetti jiraachuu hin danda'u. Sababni isaas garaan quufee rafus sammuun gocha kee badaadhaaf murtii dura si dhaaba waan ta'eef!

Yeroo hedduu namoonni guyyaa daba hojjechaa oolanii, mana namaa diigaa, jiruu namaa balleessaa, uffata isaanii keessatti maraatan halkan osoo asiifi achi galagalanii itti bari'a. Sammuun isaanii itti iyya waan ta'eef.

Faallaa kanaa hiyyeessi haqni isaa haqanqaalamee, uffata gatee maraate, karaa irra dashaq jedhee rafa.

Maarree gaarummaan yeroo hedduu warra uffataafi konkolaataa gatii jabaa qaban osoo hin taane, warra uffanni isaanii xuraa'eefi onneen isaanii fayyaalessa ta'e bira jiraatti. Kanaafuu madaalliin namummaaa gaarummaa isa sammuu keessa miidhaksu malee kan alaan nama kuulee keessa amala yeeyyii namaaf kennu miti.

Gaarummaan qoricha godaannisa hin mul’anne fayyisudha. Dhalli namaa oolmaa gaarummaa yoo dagate illee bineeldonni akka saree, ameessiifi fardi gaarummaa hin dagatani. Sareen nama ishee guddise hin dagattu. Ameessi illee haadha qe’ee ni beekti. Fardis abbaa warraa gatee hin galu, yoo kufee ala bule waliin ala bula.

Gaarummaan faaya dhala namaa faayudha. Amala miidhagaa nama biraa illee miidhagsudha.

BOQONNAA LAMA

Humna Sammuu

Humni dhokataan sammuu dhala namaa keessa jiru humna akkamii akka ta’e hubachuun ka’umsa sammuu ofiitti fayyadamuuf nama affeerudha. Ejjennaa tolan darbatanii fageessu akkuma jedhamu, waa’ee sammuu sirriitti hubachuuf wantoota muraasa haa ilaallu.

Voolkaanoon lafa keessa dhohee yoo bahu teessuma lafaa jijjiiruun, tulluu sulula, sululaa immoo tulluu taasisuu danda'a. Kana irra darbees yaa'a bishaanii kallatti jijjiiruun boca lafaa akka biraa gochuu danda'a. Kana malees gamoowwan gurguddaa dhabamsiisuus ni danda'a. Dhagaawwan gurguddaa galagalchuufi mukkeen jijjigsuun dhabamsiisuu danda’a.

Boombii irra keessa isaa yoo ilaalan dhagaadhaan tokkuma. Akka jirutti yoo darban nama miidhuu dhabuu mala. Garuu humni keessoo boombii yoo socho'e garuu, maal gochuu akka danda'u tilmaamuuf ogeessa ta'uu nama hin gaafatu.

Humni muka kibriittii takka keessa jirtu gaafa gara ibiddaatti jijjiirame, waan inni tolchus ta’ee, wanta inni barbadeessuu danda'u tilmaamuun nama hin rakkisu.

Sammuun kee inni akka salphaatti baattee iddoo hin malletti qisaasessaa ooltu, humni keessa isaatti kuufamee jiru yoo dhohee bahe jijjiirama akkamii fiduu danda'aa?

Addunyaa kana irratti wanti dhala namaatiin hojjetame hundi, gara samii bahanii qorachuun, bishaan keessa socho'uun, qaama namaa baqaqsanii yaaluun, sammuu namaa bananii yaaluun, kaleefi qaamota biroo kan nama biraa irraa gara nama biraatti ceesisanii wal'aanuun, meeshaalee waraanaa hojjechuun, rohoobotii akka namaatti hojii hojjettu kalaquun, xiyyaara hojjetanii samiirra barrisuun, dooniidhaan bishaan irra dambali'uun, fageenyatti wal dubbisuun, kuufama dandeettii sammuu dhala namaa keessaa burqedha. Akkuma bishaan lafa jala jiran keessaa muraasni dirree irratti ol bahanii bifa burqaatiin mul'atan, kuufama dandeettii dhala namaa keessaayis kan bahee mul'atu muraasa qofa. Maarree osoo dhalli namaa hundi sammuu isaatti sirnaan fayyadamee yoona addunyaan kalaqaafi argannoo garagaraan badhaatee jiraatti turte.

Keessattu gurraachonni osoo kuufama dandeetti sammuu isaanii fayyadamanii waan hundaan akka eegee, orma duuba deemaa hin hafnu ture. Akka kaleessaa waan jabaa hojjechuu caala, warra ofiin jabaa jedhan jala suksukuun kan dhufe, humna sammuu ofii wallaaluu irraayi.

Sammuun dhala namaa.....maal faa hojjechuu danda'aa?

Sammuun dhala namaa akka dachee gabbataati. Waan facaasan magarsa. Kanaafi immoo wanti faca'u murteessaa ta'uun isaa wal nama hin gaafachiisu. Yoo waan gaarii facaasan gaarii, yoo waan badaa facaasan immoo badaa haammachuun waan hin hafnedha. Qonnaan bulaan lafa isaa xaafii yoo facaase xaafii, qamadii yoo facaases akkasuma. Garuu sinaaraafi gaggabsaa qotee waan akka qamadiifi xaafii eeguun, sa'a gu'e elmachuu waliin wal fakkaata.

Koompitera yemmuu fayyadamnu barreeffama 'GIGO' jedhu argitee beekta. ‘Garbage in garbage out’ jedha. Kompiyuuterri akkuma sammuu namaa waan seene baasa. Waan nuti itti erginu itti hojjetee gara keenyatti deebisa. Waan gaarii yoo itti ergine gaarii, yaraa yoo ta’es akkasuma. Maarree waan galchine dhiisnee waan biraa eeguun of sobuu ta'uu isaati.

Sammuun ilma namaa kompitera caalaa wal xaxaafi hanga ammaatti qorachuuf baay'ee kan nama rakkisudha. Sammuun waan karaa qaamolee miiraa gara isaa dhaqe, irra deddeebin erga fudhatee booda dhugaa jedhee amana. Sanatu amalaafi gocha nama sanaa ta'a. Waan gara sammuu dhaqu qajeelaafi sirrii yoo ta’e, jireenya namaaf illee qajeelchaa ta’a.

Yaadni namaa sammuu keessaa burqa. Yaadatu guddatee nama guddisa. Kan xaxee nama kuffisu illee yaada irraa ka'eeti. Yaadni akka muka kibriitii takkittiiti. Yoo sammuu irra deddeebin yaadu argatte, akka ibiddaa taati. Ibiddi balaa kan fidu itti fayyadama wallaaluu irraayi. Yoo sirnaan daangaa isaa keessatti fayyadamne nyaata bilcheessa, xuraawaafi balfa gubee balleessa. Daangaa ceenan immoo biyya barbadeessa. Manaafi nama, bosonaafi waarshaalee gubee, waan waggootaaf itti ifaajan daqiiqaa yartuu keessatti dhabamsiisa.

Sammuun badiifi toltuu addunyaa kanarratti dalagame hundaaf itti gaafatamaadha. Jalqaba waan hunduu yaadaan sammuu keessatti cobe. Warri *Alexander the great* faan qarooma warra gurraachaa kaan saamanii, kan hafte gubanii barbadeessuun jalqaba yaada turte.

Warri gurraachonni bara Ijipti keessatti, bara Nuubiyaafi Aksumitti qaroomafi qorannoo akkasumas, beekumsaafi ogummaa dinqisiisaa kan hojjetan jalqaba yaada ta'e sammuu keessatti wixinaa'e. Kiristoofar Kolombos Ameerikaa dhaqee hortee dur Ameerikaa turan shiraan balleessuun akka nama jalqaba aardii hin jirretti ofiif beekamtii kennuun, yeroo waraana addunyaa lammaffaa Hitlar Israa’elota miliyoona jaha ajjeesuun, Ameerikaan magaalota Jaappaan hiroshimaafi Nagaasaakii barbadeessuun yaada ture.

Waraanni nafxanyaa Oromiyaatti duulee aadaa, afaan duudhaafi falaasama uummata keenyaa barbadeessuun, akkasuma immoo ABOfi sochiin fincila diddaa gabrummaa kan Oromoo gara ulfina keessa turetti deebisuu, baratanii biyyaan bulcha jechuun, daldalanii buufachuun, gara samii bahanii addeessa irra tarkaanfachuun, meeshaalee waranaa akka qawwee, boombii, jeettii waraanaa, waraana bishaanirraa, xiyyaara hojjetanii barrisuun, bilbilaan fageenyatti walitti haasahuun, hundi iyyuu sammuu keessaa burqe. Eeyyee sammuu isuma anis, atis, qabnu. Isa gurrachis adiinis qabu, isa Kiristaanni, Musiliimni, Budistiin, Konfishaanistoonni, Waaqeffattoonnis qaban. Isa dureessis hiyyeessis qabu.

Yaadni gocha ta'uuf humna barbaada.

Waraanni nafxanyaa Oromiyaa cabsuuf osoo meeshaalee deeggarsaa biyyoota lixaa irraa hin arganne ta'e, waa'een Oromiyaa koloneeffachuu abjuu ta'ee hafa.

Hitlar warra Israa’el fixuuf karoorfatee, humna waraanaafi meeshaa akkasumas maallaaqa osoo hin qabaannee yaada qofa ta'e hafa.

Maarree obboloonni yaalii xiyyaara kalaquu godhan lamaan illee osoo deeggarsa meeshaaleefi maallaqa akkasums humna namaa hin qaban ta'ee yaadaan qofa balali'u turani.

Maarree giddu galli qorannoo hawwaa Ameerikaa ‘NASA’ jedhamu, humna guutuu waan qabuuf, kan gurraachonni hojii kalaqaa dandeettii qaban kan akkuma kaleessaa achi gara Ameerikaa guuramanii, hojii isaaniif dalaganii achumatti hafaniif!

Lakki barnootaaf deemani jechuu dandeessa. Garuu dhugaan jiru akka ati barattu barbaadaniitii? Namni giddu gala qorannoo hawwaa Ameerikaa dhaqe as deebi'ee Afrikaa keessatti maal hojjetee beekaa? Erga akka barattuuf ta'ee maaliif asumatti nama si barsiisu erganii si hin barsiifnee? Osuma yaadaafi dandeettii qabanii humna dhabuu irraayi.

Warri lixaa kaleessa humnaan nama keenya bitanii gabroomsani. Amma immoo sammuu bitani. Sammuun bitamnaan gabrummaa fokkisaan isadha. Waan warri sun hojjetan qofatu sirri itti fakkaata. Keessattuu dargaggeessi Afrikaas ta'ee, kan Oromoo qaamaan biyya kana jira malee sammuufi onneen isaa biyya ormaa jira. Deemanii baratanii deebi'anii akka Jawaar Mohammed lammii ofii gargaaruu yoo ta'e bareeda. Dhugaan ati beekuu qabdu Jawar jabaa waan ta'eef, sammuu isaatti fayyadamee lammii isaa gargaare malee waan biyya hambaatti barateef qofa miti. Jabaa ta'uu keetu murteessa malee biyya hambaatti barachuu qofti hayyuu nama hin taasisu. Dhageessee? Jawaar osoo biyya kana keessatti baratees, akkuma kana hayyuu diina raasu ta'a.

Maarree akkuma atuu beektu warri Kuush warri Gadaa kalaqe, amantii addunyaa bu'uura warri kaa'an, warri qorannoo hawwaafi barnoota ammayyaa bu'uuressan, (gurraachonni) biyya hambaa dhaqanii hin baranne. Fara'oononni piraamidii akkas bareeduufi har'a illee addunyaaf gaaffii ta'e kana warri hojjetan, ala deemanii hin baranne. Garuu sammuu isaaniitti fayyadamanii, jabina isaanii waan hubataniifi. Siif galee? Eeyyee hubadhu**....sammuu ittiin baratan malee bakka itti baratan miti kan hayyuu nama taasisu**. Akka warri gurrachaa bu'uura qaroomina addunyaaf kaa'an immoo ragaa fagoo siif hin himu... Gadaan Oromoofi sirni jiruufi jireenya Oromoo gahaadha. Siif dabaluu? Siidaa Aksum, piraamidii warra Ijipti....Nuubiyaafi qarooma Giriik jettee kan baratte hundi isaa warra Kuush jalaa kan waraabame ta'uu isaa hoo beektaa? Xiqqoo sitti ulfaachuu mala garuu liqimsi daawwaadha. Eeyyee sammuun humna jabaa akka qabu argite mitiree? Volkaanoon dhohu malee, boombiin illee yoo dhuka'e malee jijjiirama hin fidani. Maarree humni sammuukee si keessa dhokatee jiru yoo ol baastee hojiirra oolchite malee waan jiruyyuu sitti hin fakkaatu. Dhugaa kana hubadhuuti humnakee fayyadami. Ati sammuu keetti fayyadamtee waan addunyaan hin beekne kalaquu dandeessa. Sitti fakkaachuu dhabuu mala garuu dhugaadha amanii fudhadhu. Nan danda'a jedhanii dirree waraanaa seenu malee moo'amanii seennaan, moo'amuun guyyaadha. Eeyyee ni dandeessa!

Addunyaa kanarra tolchi (magic) jiru ani hubadhe, sammuutti fayyadamuufi fayyadamuu dhabuudha. Sammuutti fayyadamnaan iddoo yaadan gahuun inuma danda'ama. Kun akka nama dhuunfaa ykn sabaattis ta'ee biyyaaf dhugaadha. Warra nan danda'a jedhee gamtaadhaan ka'etu addunyaa harkatti galfatee jira. Eeyyee!

Mee humna sammuu haa ilaallu.

Sammuun madda badhaadhiinati; kan deegaas maddi sammuudha.

Sammuun madda hayyummaati; maddi wallaalumaatis.

Sammuun gulantaa namummaati, namummaa kan nama dhabsiisus sammuudha.

Sammuun madda bilisummaati.

Sammuun yoo bilisoome malee, namni bilisoomu hin jiru. Maarree sammuun isaanii waan bilisoomeefi gaggeessitoonni Oromoo warri akka Taaddasaa Birruu, Magarsaa Barii, Jaarraa Abbaa Gadaa, Waaqoo Guutuu, Nadhii Gammadaa, Leencoo Lataa, Daawud Ibsaa, Galaasaa Dilboo kan osoo uummanni Itoophiyaa hundi ishee mootummaa loluun waaqaan loluudha jettee namaaf sagadduu mootummaa Itoophiyaa irratti fincilanii falaasama dhara, isa mootummaa lolun waaqa loludha jedhan dhabama godhani.

Sammuun akkuma madda bilisummaa ta'e madda gabrummaatis. Kana immoo warri kaleessa Hayile Sillaseef sagadu, dura sammuutu sagade. Sammuun sagadnaan jilbi ofiifu jilbeeffatti. Maarree gabrummaa guddaan addunyaa kana irratti baay'ee na jibbisiisu nama akka ofiif sagaduudha. Eeyyee nama akka ofiif sagaduu!

Hubattee amma, lammiileen Afrikaa hedduun warra dhiyaaf sammuutu gabroomee jira. Mootummaan Afrikaa illee gooftaan isaanii warra lixaati. Akka saree qarshii kosii keessatti darbuufi. Abbaa fedhan hidhi, abbaa fedhan hiiki jedhuun, garbichi inni lammii isaa gabroomsu faranjiin jennaan tole jechuu qofa. Kun siyaasa miti. Dhugaadha. Lammiileen Afrikaa immoo tokko tokko Ameerikaa dhaqu malee akka hin duune kadhata, gariin immoo duuti isaa Eeshiyaa akka ta'u kadhata.

Kun hunduu sammuutu gabroome. Ati hoo sammuun kee bilisoomeeraa? Afrikaa of dandeessee badhaadhuu ni dandeessi jettee ni yaaddaa? Gurraachonni qaroomina addunyaaf bu'uura akkuma keesse, har'a illee akka kaleessaa hojjechuu ni dandeessi sitti fakkaataa? Atihoo akka warri Itoophiyaa namatti sagadaa turan sanamoo of dandeessee miilla lamaan dhaabbachaa jirtaa? Of hoo ni beektaa? Osoo hireen biyyakee gaggeessuu sitti kennamee akka Toomaas Sankaaraa, Paatris Emeri Lumumbaa, Keenet Kaa’undaa, Roobert Mugaabee, Joon Magifulifi Paul kaagamee jabaattee biyya keefi Afrikaa dhaaf falmitaa?

Moo akka bulchitoota Itoophiyaa qalqalloo baattee kadhaaf Ameerikaa, Ingilaand, Faransaayi, Jarmanifi Chaayinaa jala deemaa ooltaa? Falaasama Afrikaa moo kan warra lixaa waliin burjaaja'aa badhaadhina sobaan uummata shiroo dhabee, midiyaadhaan baksaa obaastaa? Akka mootummaa Itoophiyaa silmii taatee hawwaasa si filate xuuxxamoo akka kanniisaa dammeessitee uumataafi of soortaa? Kana lamaaniyyuu gochuun sammuu ofii fayyadamuudhaani. Eeyyee sammuu! Isuma ati baattee deemtu kanatu kanniisaas titiisas nama taasisa. Sammuukee bilisoomsi! Yoos mi'aan namummaafi bilisummaa siif gala!

Hubattee? Soba sitti fakkaachuu danda'a garuu dhugaadha. Dhugaa isa addunyaa addunyaa taasise. Dhugaan soora sammuuti. Dhugaa beekuun nama qaroomsa.

Sammuun madda beekumsaati; doofummaan illee sammuu keessaa madda!

Addunyaa kana irratti warri qaroomes ta’ee warri doofummaa haammatee rafu, tolcha godhatanii miti. Sammuu ofii fayyadamaniiti. Warri qaroome humna sammuu beekee, hojjetee qaroome. Warri doofummaan mataa irratti mana ijaarrates, of wallaalanii waan hojjechuu qaban hojjechuu dhabaniiti. Qaroomni samii irraa akka bakakkaatti kan bu’u miti; lafa keessaa akka burqaattis hin bahu.

Coba yaadaa sammuu keessatti biqiletu walitti qindaa’ee, gurmuufi humna qabaniin hojiidhaan dabaalu. Fakkeenyaaf Gadaan jalqaba yaada ture. Yaada sammuu namoota muraasaa keessatti cobe. Sana boodaa akka dambalii bishaanii bal’achaa deeme.

Sammuun madda fayyaa dhala namaati; kan dhibees achuma

Dhibeen sammuu hedduun isaa sammuudhumaan dhufa. Sana bira darbee namni hanga maraatutti kan ga’u, yaada sammuu isaatiini. Kana malees, namni gaafa dhukkubsate abdiidhaan nan fayya jedhee yoo yaalame, carraan fayyuu isaa guddaadha.

Sammuun gooftaa yaadati; garbaa yaadaatis!

Sammuun yaada akka ofii barbaadetti bocuu danda'a. Waa'ee ofii isaas ta'ee dhugaa addunyaa isa sitti beekee akka fedhetti qajeelchuu danda'a. Kanarra darbees waan itti amanu, akkasumas waan hojjetu akka isaatti tolfachuun sammuu isaa amansiisuu danda'a. Sana booda sammuun ni dandeessa jedhaani. Faallaa kanaa yaadaan of gaadi'anii miira gadaantummaafi hin danda'u jedhuun yoo of amansiisan...hojii salphaa hin dandeessu jedha Sammuun. Sana booda hojjetanii iddoo yaadan gahuun ni hafa. Dursa yaada kee hogganta, booda immoo yaada sammuu kee keessa jirutu si hoggana. Siif galee? Afachu fakkeenya kanan siif hima.

Nyaatakee filattee nyaatta. Fakkeenyaaf dhadhaa yoo nyaatte hanga liqimsitutti situ hoggana. Liqimsuus dhiisuus ni dandeessa. Garuu erga qaama seeneen booda qaamakee ijaaruufi dhiisuu isatu hoggana. Summiinis akkasuma fedhii keetiin dhiisuus dhuguus ni dandeessa. Erga liqimsitee booda garuu qaamakee diiguufi dhiisuu irratti aangoo kan qabu summii sana! Ammahoo siif dhufee? Eeyyee dursa yaada filattee gara sammuukee seensisuu dandeessa. Erga seenee booda garuu garba yaada keetii taata. Yaadakee eeggadhu!

Sammuun balaa fida; balaas ni hambisa.

Sammuu isuma vaayirasii kalaqetu farra vaayirasiis kalaqa. Sammuu nama tokko tokkoo halkan akkuma ibidda qabsiisee qabeenya barbadeessu, gariin immoo bishaaniifi dikee guuree ibidda dhaamsa.

Sammuun seenaa dalaga; seenaa balleessas.

Qaroomina Kuush kan hojjetee kitaabota kumaan lakkaawwaman kalaqe sammuudha. Kan dhufee ibiddaan balleeesses sammuudha. Goobanaa Daaccee gantuu kan taasise sammuu; Taaddasaa Birruus goota kan taasise sammuudha. Waaqoo Guutuu akka uummata isaaf falmu kan taasise sammuudha. Faallaa isaa Jaagamaa Keelloo umurii guutuu diina saba isaa balleessuuf ergamaa akka jiraatu kan taasise sammuudhuma.

Sammuun guddisaadha; quucarsaadhas.

Sammuun ni ajjeesa; ni kaasas.

Sammuun mankuusa qaroominaati; mankuusaan boodatti hafummaas Sammuu dhuma.

Sammuun gaggeessaa, gaggeeffamaa, moo'ataafi moo'amaa, beekaafi wallaalaa, dureessaafi hiyyeessaa, fayyaafi maraataa, qaruutee (gamnaa) fi gowwaa.....ofbeekuufi of wallaaluu...of argachuufi of dhabuuf, ofiin boonuufi of tuffachuu, kadhataa ta'uufi kadhatamaa ta'uuf, warra of argateefi of dhabe ta'uun sammuu irratti hundaa'a. Hundinuu filannoo keeti malee carraa miti. Eeyyee tolchi (magic) nama wal caalchisu sammuu ofii sirnaan fayyadamuu fi fayyadamuu dhabuudha. Iciitiin biraa hin jiru. Kun dhugaadha. Yoo amantee fudhatte nama si taasisa. San ta'uu baannaan garba falaasama mana bunaatti dhibaa'onni ittin guyyaa dheereffachuu uumanii haasa'an waliin osoo burjaajoftuu, namaaf ergamaa jiraatta. Kanuma!

Eeyyee sammuu ofii fayyadamuu dhiisanii, akka barataan ganda keenyaa gaafa fuudha kajeele tolcha (xonqolaa) natti hojjetan jechuun fala hin ta'u. Gabrummaas ta'ee hiyyummaa waaqni eenyumaaf illee hin qoodne. Siif galee? Eeyyee yoo ati eeyyamteefi ofirra teesseen ala hiyyummaafi gadaantummaan hiree siif laatame miti.

Sammuun dhala namaa waan barbaadu hojjechuuf bilisa ta'uu qaba.

Sammuun yoo gabroomehoo? Qaamaafi sammuu keessaa kan gabrummaa hamaaf nama saaxilu kamidha? Isa kamtu nama sakaalee jiruu namaa hankaaksaa? Isa kamtu birmannaa qabaa? Kam irratti dhalli namaa yeroo hedduu dammaqee falmataa? Kamtu immoo bilisummaa of irra dibee nama goyyoomsaa? Isa kam namni eeyyama kee malee si gabroomsuu hin danda'uu?

Mee gosa gabrummaa armaan olii kan qaamaafi sammuu haa ilaallu.

Akkuma namuu hubatu, gabrummaan qaamaa kan namni yookiin qaamni biraa akka qaaman bilisa taatee hin deemne, hin hojjenneefi hin jiraanne si taasisudha. Fakkeenyaaf hidhaa isa mana hidhaa keessaafi hidhaa dhaabbii fudhachu dandeenya. Qaamni nama hidhe kun qaaman akka iddoo barbaadde deemtuufi waan barbaadde hojjettu siif hin eeyyamu. Iddoo siif kenname qofa jiraachuuf, waan sitti kenname qofa raawwachuuf mirga qabda. Nama dhuunfaa bira darbee sadarkaa sabaatti yookiin biyyaatti yoo ilaalle immoo gabroomfataan, lafaa fi qabeenya, akkasumas humna namaa akka barbaadetti ergachuufi maayii itti bahuuf yaaluudha. Gabrummaan akkasii biyyoota Afrikaa fi akka sabaatti immoo Oromoo fi saboota gara kibbaa hanga har'atti kan rakkisaa jirudha.

Gabrummaa kana keessatti namuu falmaachaa du'e dabra malee tole hin jedhu. Inni hidhame mana hidhaatti, inni baqate biyya hambaa fi bosonatti akka itti toletti gurmaa'ee falmata. Yoo iyyate illee namni biraan birmachuu baatullee ni hubata. Warri akkasii didee gabrummaa ofirraa cabsuuf baay'ee tattaafatu. Sababni isaas sammuun isaanii waan kana tole jedhee hin fudhanne waan ta'eef.

Gabrummaa inni lammataan gabrummaa sammuuti. Inni kun qaamni osoo hin hidhamin, hojjechuu, socho'uu fi yaaduu osoo danda'uu gaafa sammuun namaa ligidaa'uu, gabrummaa yaadaafi beekumsa sirrii dhabuuti. Gosti gabrummaa kanaa nama hedduuf ifatti hin beekamu. Kanaafuu ofirraa cabsuuf namni gurmaa'ee hin falmatu. Namni biraan illee namaaf hin beeku. Sababni gabrummaan kun salphaatti hubatamuu dhabeef immoo duubni isaa bilisummaa sobaan dibamee waan jiruufi. Gubataa marqaa hubataatu arga akkuma jedhamu, waan calaqqisu keessaa akkuma warqii kan ta'ee fi hin taane adda baasuu, gabrummaa bilisummaa fakkatu kanallee kan biraa irraa adda baasuuf hubannoo jabaa barbaada.

Gabrummaa inni kun baay'ee summiidha. Qaamakee hunda hidhee gogsa. Mul'ata malee nama hambisa. Jireenya kaayyoo hin qabne akka jiraattu si taasisa. Gabrummaa inni kun dhala namaa horii taasisa. Dhibee namni of irratti hin beekne waan ta'eef, nama hedduu galaafata.

"As long as the mind is enslaved, the body can never be free." "Sammuun gabroomnaan qaamni bilisa ta'uu hin danda'u." **Martin Luther King Jr**

Gabrummaan kun of nama wallaalchisa. Miira gadaantummaa keessa si galchee akka of jibbitu si taasisa. Keessa keetti ani dadhabaadha, faayidaa hin qabu, carra qabeessa miti, milkiin naaf hin ta'u, jettee akka of komattu si taasisa. Jireenya abdii hin qabne, kan dukkana, rakkina, kufaatii, dhabuu, jibbamuu fi tuffatamuu faa si fuuldura tarreessa. Kitila qabdu awwaalee, takka dhabdee akka yaaddee abdii kuttu si taasisa. Waan kee mara si tuffachiisa. Moofaafi gataan nama biraa akka kan kee caalu sitti fakkeessa. Of waliin waliif hin galtu. Waanuma qabdu akka hin qabnetti barbaacha deemaa oolta. Of waliin diina, orma waliin fira ta'uu yaala garuu hin milkaa'u. Miilla ofiin ejjechuu irra kan namaan ejjechuun gaarii, inni ofii wallaalaa, doofaafi kan waa uumuufi dalaguu hin dandeenye jedhee amana.

- ✓ Namni sammuun gabroome of waliin wal loleetu, orma jaarsummaa lakkaawwata.
- ✓ Namni sammuun gabroome nadhii dammaa gateetu, gagaa nyaachuuf olkaawwata.
- ✓ Namni sammuun gabroome mataa ofii hojiin ala godhee, kan nama biraan ergifatee yaaduu barbaada.

- ✓ Namni sammuun gabroome, harka hojii irra harka kadhaaf beekamtii kenna.
- ✓ Namni sammuun gabroome, waanuma isaan jedhan of se'a. Yoo horii jetteen, falmachuu dhiisee, marga dheeduu shaakala. Farda yoo jedhaniin dugdi isaa akka kooraa baachuuf tolu ilaala.
- ✓ Namni sammuun gabroome, iddoo kennaniif taa'a, waan kennaniif nyaata, waan itti fe'an baata.
- ✓ Namni sammuun gabroome, nama ta'uu isaa namni biraa akka mirkaneessuuf ifaaja.
- ✓ Namni sammuun gabroome, eeyyama namaan nyaata, karaa nama biraa irra kaata, abba torbii orma lakkaawwata.
- ✓ Namni sammuun gabroome, milkaa'ina warra biraa tolcha (magic) jedhee odeessa.
- ✓ Namni sammuun gabroome, bara irratti hojjechuu caala, barruu isaa raagduun akka jetteen bula.
- ✓ Namni sammuun gabroome, haaraa ofiif bitate irra, moofaa ormaa yoo miccatee uffate itti tola.
- ✓ Namni sammuun gabroome, gabrummaa isaa bilisummaa se'a.
- ✓ Namni sammuun gabroome, akka ofiitti yaaduu irra akka nama biratti yaaduun qarooma jedhee amana.
- ✓ Namni sammuun gabroome, warra isaaf falman irra warra isatti falman jaalata..

Gabrummaan sammuu fedhaan malee dirqamaan namni nama hin gabroomsu. Sababni isaa akka gabrummaa qaamaa namni biraan humnaan nama hin fudhachiisu. Yoo sammuun namaa tole jedhee hin fudhanne, gabrummaan sammuu, aggaamamu illee humna sammuu dhala namaatiin, dhadhaa ibidda buute ta'a. Fakkeenyaaf iddoo si madaala jedhee namni siif qopheesse yoo didde, akka kootti yaadi yoo namni siin jedhee didde, dirqamaan maranii sammuu kee keessa hin kaayani. Akka Roosaa Paark iddoon si teessisan, naaf hin malu yoo jette namni humnaan waan barbaade, qirqaabee sammuutti si hin fe'u.

Gabrummaa sammuu keessaa bilisoomuuf illee, eeyyamuma nama gabroome malee bilisa baasuun hin danda'amu.

Fakkeenyaaf, "Nama ani nama hojjetee milkaa'uu hin dandeenye dha. Carraa gadheen dhaladhe." Jedhee nama ofirra rafuun, ati addunyaa kanarra nama fakkaataa hin qabne, karoorfattee kutannoon hojjennaan akkuma nama kamiyyuu ni milkoofta. Jedhanii amansiisuun kan danda'amu sammuun nama kanaa amanee fudhachuuf fedhii yoo qabatee gurra namaaf ergisedha. Namni sammuun gabroome sammuu dhuma isaan deebi'ee irraa bayyanata. Sammuun akkasii, akka of baruuf barnoota sirriin gabbisuun bayeessa. **Barnoota sirrii?** Boqonnaa itti aanu keessatti ilaalla!

Namni hedduun gabrummaa keessa jiraachuu isaa kana akka gaariitti waan fudhatuuf, nama dhugaa itti himu dhaga'uu hin barbaadu. Inumaayyuu namoonni hedduun namoota dhugaa itti himan diinomfatanii dheessu. Gariin immoo osuma waan isaan itti jiran gadhee ta'uu beekanii, sobaan ragaa dhiyeessuuf dhagaa galagalchu. Fakkeenyaaf namni araadaan qabame araadni fokkisaa, kan isa hin milkeessine ta'uu sammuutti osuma beekuu, arrabaan sababa garaagaraa dhiyeessa. Kufaatiif sababa dhiyeessuun nama hin milkeessu yoo sababa kufaatii beekanii irratti hojjechuuf ta'e malee!

Kanaafuu dhalli namaa gabrummaan sammuu fokkisaa, summii fi hankaaksaa ta'uu beekee fala ittiin yaadafi qalbii ofii sanduuqa namatti ijaarame keessaa bahuun addunyaa akka ofitti tolfatanii gara kaayyoo ofii imalan barbaaduu qaba.

Obboleessakoo! Ati garee kam keessa jirtaa? Sanduuqa keessamoo ala? Akka keetti moo akka ormaa? Mana kee moo mana nama biraa ijaaartaa? Galmaafi galmee mataa kee hoo kaayyattee? Nama jabaafi hojjechuu danda'u jettee yaaddamoo hirkataa, carra dhabeessa ofiin jettaa? Mul'ata qabdamoo waa'een mul'atayyuu mana kee hin jiruu? Qarshiin si bitamoo qalbiin dhugaan si bitaa? Harree yoo siin jedhan, eegee ofirra barbaaddamoo akka harree hin taane ofitti amantee deemsakee itti fuftaa?

Ati dargaggeessa of beeku moo isa biyya faranjii abjuun deemaa buludhaa? Ga'eessa maatiifi hojii isaa sirnaan gaggeessu moo gowwaa namni irra ejjetee galma isaa ijaarratudha? Waan dubbadhu namni siin jedhemoo sammuun kee siin jedhe dubbatta? Akka keetti jiraatta moo akka warra adii ta'uu shaakalaa of goyyoomsitaa? Maalumaafuu itti yaadi. Sammuudhuma keen of madaalii iddoo ofiif laadhu.

Gartuu lamaan keessaa tokko keessa jiraachuu kee yoo beeekte, gara itti deemuu qabdu siif akeeka. Garee warra of beekuu, ofitti amanuu, ofiin boonuu, kaayyoo qabuu, dhugaan akka ofiitti jiraatuu keessa yoo jiraatte 'Ishoo!' Deemsakee itti fufi. Ifnikee warra biroos haa dhaqqabu. Mi'aa bilisummaa sammuu lammiin kee akka dhamdhamu suuta jedhii muuxachiisi.

Gartuu warra kanaan faallaa yoo taate, addunyaa dukkanaafi fokkisaa keessa waan jirtuuf dammaqi. Mormikee akka ofirra mil'atu taasisi. Sammuun kee akka yaadu of amansiisi. Hin barfanne waan ta'eef, ilaalcha ofiikeef akkasumas addunyaa tanaaf qabdu sirreessi. Carraaa osoo hin taane, carraaqanii milkaa'u. Siif galaa? Eeyyee milkaa'inni waan carraan nama badhaastu osoo hin taane, waan ofiif, ofii kennanidha.

Akkamitti jettee? Sammuu ofiin yaadanii, of baranii, dandeettiifi beekumsa ofii **barnoota sirriin** gabbifatanii, akka ofiitti tarkaanfatanii, addunyaa akka ormi ilaalutti osoo hin taane, akka ofiitti hiikkataniitu. Akkasi! Uffata gaafa bitattu ofiin safarattee bitatta mitii? Jireenya illee kan siif maluufi akka siif ta'utti sumatu tolfata. Maaliin jettee? Sammuu keetiin! Itti yaadi.

Milkaa'ina, gammachuu, bilisummaa, birmadummaa, galmaa fi galmee qabaachuu, jireenya qananii fi teessoo ulfinaa namni namaaf hin kennu. Si mataa keetu ofiif kenna. Ormi akka daangaa sitti hin ceenes sumatu daangaa dhiigaan sararata. Sana namni siif kabajee waliin jiraatta.

Akkasi! Namni eeyyamakee malee daangaa sammuu kee ce'ee si hin gabroomsu! Atillee ofirratti jabaafi beekaa ta'i!

Ati waan namni siin jedhe osoo hin taane, kan ati ofiin jettudha. Namni si caala si beeku hin jiru. Iddoo ati ofiif kennitetu si madaala. Akka namni yaadi siin jedhe osoo hin taane, akka keetti yaadutu si baasa. Garuu itti gaafatamummaa fudhachuu hin dagatin!

Sammuun gabroome amala armaan gadii qaba.

Raafamaadha.

Sammuun bilisummaa hin qabne, akka muka hidda gadi hin jabeeffanneeti. Yeroo hunda waan isa harka jiru tuffatee kan ormaa ilaala. Waan isa bira jiru dhiisee, baargamaa milkaa'inni akka dhufuufitti amana. Sammuun akkasii akka ofiitti jiraachuu dhiisee akka ormaatti jiraachuun sirrii jedhee amana. Kanaafuu yeroo hunda karaa namoonni irra deeman irra deemuun akka qajeelaa ta'etti waan amanuuf, karaa sirrii irra deemuu dhiisee, daandii sirrii hin taane kan namni biraa irra deemu deemee, bowwaa (qilee) seena.

Mee seenaa barataa tokkoon siif hima.

Barataa tokkotu ture. Barataan kun barnootatti baay'ee cimaa hin turre. Gaafa itti tole mana barnootaa oola, gaafa itti hammaatte immoo mana barnootaan deema jedhee, iddoo taphaa oola. Osuma akkanaan daree lakkaa'uu barnoota sadarkaa tokkoffaa xumure. Kutaa saddeet gaafa qoramu, gamaafi gamanaa, asiifi achii deebii qormaataa, walitti guuree, qabxii namaan gara sadarka lammaffaatti tarkaanfate.

Kutaa sagal gaafa seenu inumaayyuu barnoonni afaan Ingiliziin waan ta'eef, "Cabaa irratti baqaqaa (buqqa'aa)" akka jedhan, barnootaaf fedhiin qabu akka amoolee baqee dhumaa deeme. Garuu akkuma amala isaa kutaa sagal qormaata namarraa waraabee kutaa kudhan gahe.

Qormaanni biyyoolessaa dhufuuf ka'e. Barattoonni warri ofitti abdatan qormaata ofiif hojjechuuf, qo'annaa yoo itti muddan, warri kaan immoo maqaa gara barataa cimaatti jijjiirrachuuf, mana murtii oolu. Warri barattoota jajjaboo jala deemanii sossobatanillee inuma jiru. Barataan kunillee akka warra maqaa jijjirratanii abdii nama biraan qormaata darbuuf guyyaa abjoochaa jira.

Osoo kanaan jiranii guyyaan gulufee dhufe. Haalli waan jijjirameef, barataan inni yaade bira waan hin teenyeef nama biraa waliin taa'ee qormaata qoramuu eegale. Baddaafi lagaa nama irraa guuruu eegale. Osoo deebii argate guutaa jiruu waa shakke. Deebii beekuufi kan namni biraa dogoggoraan galche arge. Deebii dhugumayyuu ni beeka. Garuu deebiin inni argate barataa isa caalu irraa waan ta'eef, osoo beekuu deebii dogoggora galche. Sababni barataa kanaa warri isa caalan, "Waa ilaalaniiti malee dogongoranii miti." jedhee amaneeti!

Argitee sammuu raafamaa! Sammuun gabroomuun waanuma of harkaa qaban illee akka wallaalan nama taasisa.

Sammuun gabroome miira gadaantummaan sakaalamaadha.

Addunyaa kana irratti nama dhuunfaa eegalee hanga biyyaatti gabroomuufi weeraramuu barattee jirta. Kana hundumaa keessaa hidhaan qaamaafi hojii fedhetti warri nama gabroomse nama ergachuun waan baramedha. Hidhaa qaamaa dallaa cabsanii, mana hidhaa diiganii bahuun akkasumas achi keessa taa'anii barachuun, hojjechuu barreessuufi dubbisuun akka danda'amu namuu waan beekudha.

Hidhaa qaamaa caala hidhaan sammuu baay'ee ulfaataadha. Hidhaan sammuu deemuu osoo danda'anii garaafi akka itti deeman wallaalanii taa'u. Dubbachuun osoo nama hin dhorkamiin waan dubbataniifi akki itti dubbatan nama jalaa badee callisanii gumgumu. Hojjechuu osoo danda'anii, barachuuf osoo carraafi haala mijataa qabanii, deebi'anii doofummaafi gadadoo waliin bultii ijaaranii jiraatu. Sammuun hidhamnaan osoo qabanii hiyyoomu, osoo beekanii wallaalaa ta'u, osoo ija qabanii jaamaa ta'anii jiraatu. Sammuu ofii hojiin ala godhanii sammuufi yaada nama biraan hogganamu. Maal kana qofaree osoo mana qabanii goodaa buluun, osoo haadha qabanii, haadha buddeenaa barbaadanii jiraachuun bu'aa sammuu gabrummaan sakaalameeti.

Sammuun gabroome miira gadaantummaan sakaalamaadha. Miirri kun immoo of wallaaluufi of dhabuun of dhiisanii ormaan walii galuuf yaalu. “Namni biraa na caala, ani immoo namaa gadidha.” jedhanii yaaduun of tuffachaa, orma immoo jajuun ofiif lafa taa'anii, orma immoo teessoo ulfinaa irratti itti sagaduudha.

Ati sadarkaa barnoota gadaanaa, hiyyeessa, qaama miidhamaa, nama waan baay'ee hin beekne, namootaan jibbamaa fi kan biraa ta'uu dandeessa. Kun immoo waan si qofa muudate miti. Waanuma addunyaa kanarra jiru malee baatuun sitti hin baane. Kanaafuu miirri gadaantummaa sitti hin dhaga'amin!

Sadarkaa barnootaa, qabeenyaafi qaama guutuu ta’uun nama hin milkeessu. Kan si milkeessu sammuu yaadu, kaayyoo, mul’ataafi kutannoo qabaachuu keeti.

Sammuun gabroome waa'ee isaa namni biroon akka mirkaneessuuf barbaada.

Waa'ee isaa waan namni jedhu irratti hundaa'a. Yoo namni jaje burraaqee, yoo namni qeeqe immoo waan hojjetu dhiisee harka maratee taa'a. Hojii hojjetee of jijjiiru namni biraa yoo jajeef malee hin hojjetu.

Namni akkasii nyaata nyaatuuf illee namni biraan, “Gaariidha.” jechuu qaba jedhee yaada. Uffanni inni bitatu, jaalalleen isaa, manni inni keessa jiraatu, karaan irra imalu, gosti barnootaa inni baratu, hojiin inni hojjetu, amantiin isaafi gartuun siyaasaa inni hordofu kan inni itti amanu osoo hin taane, kan ollaan isaa jaalatuufi itti bulu ta'uu qaba. Namni akkasii yoo ollaan shiroo nyaatee bule, dhadhaa gurguree shiroo nyaata. Yoo warri ganda isaa cooma nyaachuu arge liqeeffatee akka isaanitti nyaachuu fedha.

Namni sammuun gabroome waan ofii tuffata. Isa kansaa hunda akka waan faayidaa hin qabneetti waan yaaduuf qoricha mana isaa dhiisee, qoricha barbaaduuf mana ormaa dhaqa. Karaafi karoora mataa ofii hin qabu. Karaan sirrii ta'uu kan mirkaneeffatu, namoonni hedduun irra deemuudhaani. Karoorri isaa immoo kan akka warra biraatti deeman, akka ormaatti tarkaanfatan ta'uu qaba. Maal kana qofaree yoo karoorfate illee namni biraa, “Si hin baasu.” jennaan hoggasuma dhiisee fuula irraa maqfata.

Dhugaan ati beekuu qabdu, yeroo ati waan haaraa eegaltu, namni si deeggaru muraasa yookiin dhabamuu danda'a. “Wanti kun hin fayyadu, ni ulfaata, miidhaa qaba, karaan kun sirrii miti, siif hin milkaa'u.” jedhanii sitti iyyu. Sababni isaa ofiif sammuu waan ati hojjechuuf kaate hojiitti hiikuu miti yaada isaayyuu hin qabani. Inumaayyuu akka ofiitti waan si ilaalaniif waan isaaniif hin danda'amneef atillee waan hin dandeenye isaanitti fakkaata. Inni kan biraan namni hedduun duubakee ilaalee, kufaatii kaleessa si muudate, qabeenyaafi fira kee ilaalee waan si tuffatuuf akka ati homaa hin dandeenyetti si tilmaamu. Maarree sammuun kee gabrummaa jala jira taanaan, “Hin dandeessu.” yoo jedhee dhibaa'aan mogolee si buusu harka marattee teessa yoo ta'e eessaan waan haaraa hojjettee milkooftaa? Kara kamiinis gulantaafi ejjennaa isa gara mul'ata kaayyatteetti si geessuu deemtaa? Akkamiin kaayyoo kee galmaan geessee seenaa kee galmeeffatta?

Lafa kanarratti waan ofiikee yaadde gaarii fi qajeelaa taanaan namni, “Ni dandeessaafi hin dandeessu.” jedheef osoo hin taane, waan ofiif nan danda'a jette hojjedhu. Waa'ee keef ragaan si caalu hin jiru. Waan hojjechuu dandeessu kan beeku oollaakee osoo hin taane si mataa keeti. Eeyyee ati galma gahuuf murtee kee malee wacni nama biraa homaa si hin fayyadu. Kanaafuu harka namaa ilaaltee raafamuu irra kutannoon gara yaaddetti imaluu siif wayya.

Sammuun dhala namaaf maali? Namniifi sammuun waliif hoo?

Sammuun dhala namatiif gulantaa namummaati. Dhalli namaa sammuu malee jiraachuun faayidaa maleessa. Sammuun jabaa taanaan namnillee jabaa, laafaa taanaanis akkasuma laafaadha. Sammuun nagaa taanaan namni naga qabeessa. Of waliin walii galanii, nama waliinis walii galteedhaan jiraatu. Sammuun nagaa taanaan, rooba keessaa taliila waraabbachaa, dachee ofii misoomsatu. Dhugaa dubbatanii, dhara waliin diinomanii gammachuun jiraatu.

Sammuun nagaa dhabnaan gaaddidduu ofii dheessaa, qilee hin baane keessa jiraatu. Hojii dhiisanii dhiphachuun maraatanii qullaa buusu. Akka namaa kabajaan jiraachuun hafee, amala bineensaa fudhachuun farra namaa ta'u, gaafa dhugaan kolfu gaddaa, gaafa dharaa seeqatu. Sammuun nagaa dhabnaan, biyya nagaa keessa taa'anii nagaa dhabu. Ifa keessa taa'anii dukkanaan golgamu. Haqa haqanqaalanii dabaaf wareega baasu, mana ofii ajeeffatanii, ajaa ormaa urgeeffatu. Haadha ofii jibbanii gayyaaf (haadha ormaaf) galaa baatu. Baratanii abdii ta'uun hafee, barnoota irraa dhaloota ittisu. Iddoo namni itti argamuu qabuu dhabamaa, iddoo itti argamuu hin qabnee hin dhabaman. Sammuun nagaa dhabnaan, nagaan dhibeen wal jala tara. Of dagachuu, of baqachuu, of wallaaluu, of gaadi'anii ormaaf aarsaa dabaa of taasisuun waan hin oolledha.

Dhalli namaa sammuu isaaf akkuma qaama isaa eegumsa jabaa gochuu qaba. Akkuma waan sooratu qaamaaf filee nyaatu, sammuuf illee waan yaaduufi dhugaadha jedhee itti jiraatuuf eeggannoo cimaa gochuu feesisa. Maarree sammuu ofii akka madda badhaadhinaa, gaarummaa, naamusa namummaa, ofitti amanamummaa, ofbeekuu, ofitti baqachuu, sammuu nagaan jiraachuu, jireenya sadoofi qananii taasisuun itti fayyadamuu feesisa.

Akkuma namuu beeku sammuu ofii fayyadamanii nama ta'u. Nama jabaa dhaloonni abdatu, kan rakkoo hiiku, hayyuu ta'uun icciitiifi dhoksaan isaa sammuu ofii sirnaan fayyadamuudha.

Beekaa hundi faarsuufi kabaju ta'uun gulantaa sammuu ofiitiini. Nama dhugaaf falmu ta'uunillee akkasuma. Ati illee dhaloota bara kanaa, kan egeree keetiifi maatii keetii akkasumas saba bal'aa kanaa milkeessu akka taatuuf sammuu kee sirnaan fayyadami. Waan yaaduu qabduufi hin qabne atumti adda baasi. Wanti har'a yaaddu jireenya kee boruu irratti dhiibbaa waan qabuuf, miira har'aa keessaa bahuun waggoota fuuldurakee jiran ilaalaa yaadi. Wanti har'a ati jireenya kee irratti sammuu keetiin murteessitu, egereekee murteessa. Waan amma ati sammuutti kuufattetu dilbii jireenya kee fuula duraati. Beekumsa, ogummaa, jaalala, dhugaa, ofitti amanamummaa, ofiin boonuu, gaarummaafi namummaa sammuu keetti kuufadhu.

Waan hundumayyuu caalaa sammuu keetiif eeggannoo godhi. Qaama biraan miidhamanii jiraachuun ni danda'ama. Garuu sammuun miidhamnaan jireenyi abjuu si jalaa ta'a.

Qabeenya dhabanii boru horuun yoo sammuu qabaatan ni danda'ama. Qabeenya qabaatanii sammuu dhabnaan garuu, atis qabeenyi kees kan isa sammuu qabuuti. Sammuun kee qabeenyaafi meeshaa qaalii, homaanuu hin jijjiiramneefi hin madaalamne ta'uu beeki.

Sammuun kee nama si taasisa waan ta'eef, aggaammii gara sammuu kee irratti nama kamiif iyyuu hin eeyyamin. Yaada boriikee dukkaneessus yoo ta'e, eeyyama dhorkadhu. Aggaammii gara sammuu keetiif, loltuu jabaan ofirraa qolatu si mataa keeti.

Dhuma irratti sammuukee fayyadamtee nama gaarii, jabaa, hayyuu, dureessa, gaggeessaa, milkaa'aafi ogeessa akka taatuuf ammuma irraa hojii eegali. Onnataa ta'i.

BOQONNAA SADI

Naamusa Namummaa

“Amalli abbaa dhiba, hamaan ganda dhiba.”Jetti harmeen koo!

Ilmi namaa uumama kabajamaafi beekaa sammuu isaatti dhimma bahuun jiruufi jireenya isaa gaggeeffatudha. Uumama biraa irraa wanti dhala namaa adda godhu immoo safuufi safeeffannaan kan jiraatuufi naamusaan jireenya ofii kan gaggeeffatudha.

Naamusa jechuun maal jechuudha? Namni naamusa qabu hoo nama akkamiiti? Naamusni hoo maaliin safaramaa?

Naamusni namummaa, kabaja dhalli namaa ofiif akkasumas nama biraaf darbees uumamaafi uumaaf qabudha. Oromoon gaafa safuun hin badin irraafi jala qaba. Ilmi abbaa safeeffata. Abbaan illee ilma isaaf safuu qaba. Kana qofa miti lagaaf, gaaraaf, mukaaf, bineensotaaf illee safuu laata. Kana irra darbee ilmi naamusa ilmarraa eegamu qabatee jiraata. Gaafa guddatee abbaa manaa ta'uus ilma isaa naamusa gaariin guddisee ofiif, firaafi aanteef, biyyaaf akkasumas addunyaaf kenna. “Dhalli kan abbaafi haadhaa qofa miti, kan biyyaa, firaafi aantee akkasumas kan addunyaati.” jedha Oromoon. Kanaafuu ilmaan isaatiif eegumsaafi kunuunsa addaa godheefi guddisa.

Ollaafi lammiin illee badiifi jal'ina yoo irratti argan, “Ijoolleen kan hunda keenyaati abbuma bira jirutu guddisa.” jedhani ijoollee karaatti deebisu.

Maarree naamusni maal jechuu sitti fakkaataa? Akka ati nama simattu moo akka namni si simatutu naamusa keetii? Akka ati warra harka kee irra jiran itti simattu moo akka ati warra harka isaanirra jirtu itti keessummeessitudhaa? Akka itti warra dhaboofi rakkatoo waajjira kee dhufan itti simattumoo akka warra si ol jiran itti kabajjutu naamusa keetii?

Dhalli namaa yeroo hedduu waa'ee naamusaa ni haasa'a. Dirree barnootaa keessatti ogummaalee akka barsiisummaa, seeraafi yaala fayyaa keessatti fi kanneen biroo keessatti naamusaa ogummaa isaanii baratani gaafa hojiitti bahan ittiin uummata tajaajiluuf waadaa galanii bahu. Garuu naamusa ogummaa isaanii gariin qomatti qabatanii yoo uummata tajaajilan gariin immoo akka sooftii isaanii achumatti gatanii bahu.

Naamusni namummaa haala itti namoota biroo gargaarsaaf harka isaanii gara keenyatti diriirsan itti simannudha. Kana jechuun miira namummaa nuti ittiin namoota biroo harka keenya irra jiran itti qabannudha. Abbaa seeraa taanee akka itti warra haqa isaaniif falmatan keessummeessinu, ogeessa fayyaa taanan akka itti dhukkubsataa keenya itti qabannuufi yaallu, barsiisaa yoo taane akka itti barataa keenya itti barsiifnuufi guddisnu, maatii taanaan akka itti mana keenya gaggeessinu, gaggeessaa yoo taane akka itti hordoftootaafi uummata itti gaggeessinu qabannutu naamusa namummaati. Akka itti warra harka keenyarra jiran keessummeessinu! Namni hedduun uummata tajaajilu dhiisee hogganaa isaa biratti naamusa qabaatee mul'achuuf, “Bishaan qal'ate.” jedhee furdisuu barbaada. Garuu nama rakkatee isa bira dhufe immoo osoo gargaaruu danda'uu miilla walirra godhatee ilaala. Yeroo baay'ee naamusa namarraa eeggamu gochuu dhiisnee namoota nun oliin jajamuuf dhagaa galagalchaa oolla. Garuu kabajaafi miira gaarummaa kan namaaf laatu, akkasumas kan keessa namaa baay'ee gammachiisu dureessa cooma nyaachisuu osoo hin taane dhabaa xanneen du'uuf deemuuf qorsoo (akaawwii) firii lama kennuutu sammuu namaaf boqonnaa kenna. Hayyuun tokko yoo waa'ee naamusa namummaa ibsu, “Guddummaan nama guddaa kan ibsamu akkaataa inni namoota isaan gadii ittiin simatuun yookiin keessummeessuuni." jedha.

Dhugaa namuu beekuu qabu namoota sadarkaa barnootaa, qabeenyaafi hoggansaa nun ol jiran jaalannes jibbines isaan biratti naamusaan hojjenna. Sababni isaa hojii keenya irraa waan ari'atamnuuf ykn waan jara sodaannuuf, kunimmoo naamusa miti. Sodaadha malee! Naamusni waan namni biraan nu ilaalaa jiruuf kan raawwannu ta'uu hin qabu. Namni jiraates jiraachuu baates, ifa keessattis ta'ee dukkana keessatti, mana keenyattis ta'ee alatti, jaalallee keenya birattis ta'ee qofaatti, darbees yoo dirra galaanaa jala jiraanneyyuu naamusni namummaa keenyaa kan bakkaafi haala irratti hundaa'u ta'uu hin qabu. Sababni isaas nama taanee erga uumamnee sammuu yaadu qabna. Naamusni namummaa yeroo hundayyuu nu faana jiraachuu qaba. Kanaaf immoo yeroo hunda sammuun keenya abukaattummaa naamusaaf kan dhaabbatu ta'uu beekuun nama irraa eeggama. Nama dhokannee yakka hojjechuu dandeenya. Akka ragaan hin jiraannetti haqa haadha hiyyeessaa haqanqaaluu dandeenya garuu sammuun keenya inni waadaa galleef nu biraa hin fagaanne. Hirriiba nu dhorka, miirri balleessaa nutti dhaga'ama. Ofitti amanamummaa keenyas nu dhabsiisa. Dhokannee barataa keenya miidhuu dandeenya. Sammuun ogummaakee jaalatu, inni waadaa galtee dhalootan qara jette sun umuriikee guutuu si ceepha'aa jiraatta.

Ogeessa taatee dhukkubsataakee waadaa kee dagattee, waan gochuufi qabdu osoo hin godhin yoo dhiistee si duraa du'e, umuriikee guutuu osoo gaabbiin keessikee waxalamuu jiraatta. Gaggeessaa taatee uummata imimmaanin waadaa sitti kennate, boochista taanaan sammuun kee yoomiyyuu nagaa hin argatu.

Waanofii! Ati ogummaa isa kam keessa jirtaa? Ogummakee jaalattuuf amanamaadhaa? Waadaa gaafa ogummaa kee qabatte galteef hoo ati nama dhugaati? Nama waajira kee dhufee sitti boo'u mararfattee waan gochuufi qabdu gootaafi moo fakkeessuuf sobdee hidhii xuuxxee biraa sokkitaa? Namoota sii gadi jiran miilaan mataa keessa dhiitaa warra sii ol jiraniif sobdee sagaddaa?

Ati imimmaan namootaa ofirratti hin kuusin! Imimmaan namootaa gaaftokko galaana ta'ee sammuu kee nyaata. Umuriikee guutuu hirriiba si dhorkee si rakkisa.

Barsiisaa yoo taate mucaa maatiin amananii siif laatan sirnaan guddisuuf waan gochuufi qabdu hunda godhiif. Yoo abbaa seeraa taate immoo haadha hiyyeessaa dhugaan jalaa meelate sirreessuuf namni si caala aangoo qabu waan jiru miti. Faayidaa keef jettee haqa hin haqanqaaliin. Waadaan kaleessa harkakee olkaastee galte sammuukee keessa taa'ee si taajjaba waan ta'eef dhugaaf dhaabbadhu.

Gaggeessaa! Qaroo sabaa, isa uummanni lubbuufi waan qabu itti kennee, teessoo isaa dabarsee laateef! Isa sabnifi biyyi, “Ati nuun deemi. Ogummaafi dandeettii situ qaba. Baabura kana qajeelchii iddoo deemnu situ nu caala beeka waan ta'eef, nu ceesisi.” jedhee furtuu mana isaa kenneef! Eeyyee gaggeessaa isa imaanaa biyyaafi biyyoo baatu. Maarree uummata si kabajee iddoo siif laateef, lubbuu ilmaan isaa qabsiiftee ‘qumaara’ dharaa hin taphatin. Uummanni akka ija isaatti si ilaala. Maarree warra amanee si hordofaa jiru fuutee qileetti gadi hin naqin! Naamusa kee eegi. Naamusni nama ta'uu kee ni goonfachiisa waan ta'eef.

Naamusni nama milkeessa.

Naannoo keessa jiraannu keessatti namoota barnootaan jaboo, ogummaa harkaa qaban, sagalee qabaatanii weellisaa ta'uu danda'an, qabeenya qabaatanii duroomuu danda'an, sadarkaa barnootaa guddaa qabaatanii gara gadii jiran, bultii gaarii dura qaban dhabanii karaa irra naanna'an hedduu argina. Inumaayyuu... “Namni kun jabaa ture garuu homaa guddina isaa hin argine. Gaafa waliin barannu cimaa ture, har'a garuu akkasitti jira, qabeenya dhaale bareedaa qaba garuu jireenya gaarii jiraatee hin beeku.” yeroo jedhamu ni dhageenya.

Namoonni hojii irratti jaboo ta'an garuu milkaa'oo miti. Sababni isaas naamusa hin qabu ta'uu mala. Naamusni nama jabaa, waan hojjetuufi hin hojjenne kan beeku, yeroofi maamila isaa kan kabaju yoo hin taane, hanga fedhe iyyuu yoo hojjete, milkaa'uu hin danda'u. “Maamilli gooftaadha.” dhaadannoo jedhu yeroo baay'ee iddoowwan daldalaatti arguun waan baramedha. Sana bira darbee maamilli fuula gaariifi simannaa bareedaa ilaalee dhufa jedhama. Kana jechuun namni nama naamusa qabu biraa yoo fayyadame, keessi isaa gammada.

Maarree barataan barsiisaa isa naamusa gaarii qabu jala taa'ee barachuu jaalata. Sa'aa mana barnootaa dabalataan manatti illee deemee irraa barachuu barbaada. Haawwaasni illee waan ijoolleen jaju ilaalee kabajaafi ulfinaan waliin jiraata.

Ogeeyyiin biraas akkasuma. Akka hayyoonni hedduun jedhanitti, “Namni gaggeessaa (leader) kan ta'u fedhii isaan qofa osoo hin taane fedhii hordoftootaa (follower) isaa dabalataani.” jedha. Hordoftoonni gaggeessaa isaaniin “Nu gaggeessi.” jedhanii kan fedhiidhaan teessoo ofii gadhiisaniif naamusaafi ejjennoo isaa ilaalaniti. Naamusni gaggeessaa onnee namootaa dandeettii booji'uu qaba. Osoo humna waraanaa , qarshiifi dirqamni biraa hin jiraatin namni gaggeessaa isaaf hanga lubbuu laachuutti adeema. Humna naamusaa argitee!

Fakkeenya gaggeessaa kana fakkaatuu tokkon siif hima. **Jawaar Mohammed!** Namni kun humna waraanaa hin qabu. Caasaa gandaafi araddaan ijaaramee uummata qindeessuuf hin qabu. Qarshii namaaf hiree nama hin bitanne, dirqamaanillee namaan na hordofaa jedhee wat waatee hin beeku, garuu kaayyoo jabaa hundee gadi fageeffateefi naamusa gaggeessaa qaroofi jabaan tokko qabuun waan of golgeef namuu booji'amee bakka kee natu du'a jedhee jecha isaa osoo lafa hin buusin uummanni jala yaa'a. Humna naamusaafi kaayyoo! Naamusni nama milkeessa siin jedheen ture. Marree Jawaar Mohammed gaafa guyyaa dhaloota isaa yeroo namoonni hedduun hawwiifi gammachuu ibsaniif, “Amman yaadeen ol jiraadheen jira.” Jedhee fuula ‘Facebook’ isaa irratti katabee ture. Milkaa'uun akkasi. Naamusaafi kaayyoo qabatanii iddoo jiran irratti uummata ofii tajaajilu. Waadaa ogummaa ofii osoo hin sharafin hojiirra oolchanii warra rakkatee dhufe rakkoo baasaa, ofiif sammuu gammadaa qabaatanii jiraachuu!

Naamusni kabajamaa nama taasisa.

Uumamni ajaa'ibaa! Irraa barachuufis ta'ee ittiin barsiisuuf. Kanniisaafi titiisa fudhadhumee. Kanniisni iddoo hundatti hin argamtu. Waan hunda keessa seentees hin laaqxu, titiisni garuu waan argiteefi iddoo argite hunda seentee borciti. Kanaafuu waan gaarii tokkollee hojjettee hin beektu.

Kanniisni garuu damma isa barbaadamaafi jaalatamaa oomishtee ofiifis soorachaa nama biroofis soora kenniti. Kannisni osoo iddoo hunda ooltee waan hunda laaqxi ta'ee hin dammeessitu. Sababni isaas yeroofi humna ishee iddoo hin malletti fixxee dhibeen duuti waan ta'eef.

Dhalli namaas yoo naamusaan hin jiraanneefi iddoo isaaf maluufi hin malle addaan baasee hin beekne bu'aa buusuu hin danda'u. Ganama mana dhugaatii, guyyaa jimaa qama'aa, galgala mana sirbaa irra naanna'aa, osoo hatuu, sagaagaluu namni hojii hawwaasa fayyadu hojjetu waan jiru natti hin fakkaatu. Yoo jiraates, uummanni jaalatee itti gammadee irra hin fudhatu. Barataan barsiisaa isaa dhugee machaa'u yoo arge daree taa'ee gorsa isaa hin fudhatu. Ogeessa fayyaa dhugee kukkufuufi iddoo hin taanetti argu, dhukkubsataan amanee qoricha irraa hin fudhatu. Kana qofa miti, barreessaa, weellisaa, taatoo fiilmiifi diraamaa, gaggeessaa yeroo hedduu kara foddaa TV mul'atu, darbees namoota hawwaasa keessatti kabaja qaban iddoo hin malleefi safuu hawwaasaa faallessutti arguu caala wanti sammuu dhalootaa doomsu hin jiru.

Eeyyee ati gorsa kee caala gocha keetu dhaloota barsiisa. Iddoo badaa ooltee, dhaloota iddoo badaa irraa gorsaan fageessuu yaaluu irra, gochaan dhalootaaf fakkeenya ta’uutu bayeessa.

Maarree nama jaalataniifi fakkeenya godhatan naamusa gaarii irraa arguun nama boonsa. Akka isaa gaariifi simboo qabeessa ta'uuf dhaloonni duubaan dhufu, fakkeenya godhata. “Akka eenyuu taata?” yoo ijoolleen jedhan nama hawwaasa keessatti jaalatamuufi kabajamu maqaa dhahu. Kun immoo naamusa namummaa irraa waraabbama. Kabajamuuf, aangoon, sadarkaan barnootaa, bifti, qabeenyi, beekumsi, waraanaafi humna qabaachuun wabii miti. Naamusni namummaa garuu kabaja yoomuu onnee namaa keessaa hin banne si goonfachiisa. ***Namni gaariin siidaan isaa dhagaadhaan osoo hin taane onnee namaafi sammuu dhalootaa keessatti ijaarama***.

Naamusni waliin jireenya hawwaasaa nagaa qabeessa taasisa.

Yeroo hedduu biyya Itoophiyaa tana keessatti, “Wal danda’anii waliin jiraachaa jiru.” jedhanii oduun yeroo gurra nu duuchantu mul’ata. Wal danda’anii jiraachuun garuu waliin jireenya qajeelaa, amanamaafi nagaa qabeessa ni taasisaa? “Waldanda’anii” yoo jedhan inni tokko lafa ta’ee inni kan biraa immoo dhagaa ta’ee irra taa’a moo miila tokko tokkoon walirraa dhaabbatanii wal danda’uu?

Wal danda'uun biyyi Itoophiyaa baantu, gaafa tokko inni tokko gooftaa, inni kan biraan immoo garba, tokko abbaa biyyaa kan biraa immoo godaantuu, inni tokko waaqaaf fira, kan biraa immoo alagaa, inni tokko dhiitaa, kan biraa immoo dhiitamaa, tokko abbaa seenaafi aadaa, kan biraa immoo dhabaa ergifatee jiraatu ta'ee mul'ata. Kanaaf hunduu akka adurreefi hantuutaa ulaa argateen wal adamsee, osoo wal sodaatuu jiraata. Dabareen wal lolaa, wal buqqisaa, wal ari'aa jiraata. Tokko isa tokko kan danda'u, hanga hireefi humna argatutti qofaa ta'uu mala. Tokkummaa sobaa!

Ani akka nama tokkootti waldanda'anii waliin jiraachuu irra wal kabajanii, waliif beekanii waliin jiraachuutu jireenya uummata biyya tokkoof wabii natti fakkaata. Wal kabajanii, waliif beekanii jiraachuun immoo, dhugaa waliif kennuu gaafata. Dhugaa abbaa dhugaatiif deebisanii onneerraa walitti araaramuun immoo **naamusa** gaafata. Dhugaan hanga abbaa dhugaatiif hin galletti, walkabajanii jiraachuun ni ulfaata. Akkam akka ulfaatu immoo jaarraa hedduuf yaalamee maal irra akka gahame bu'aan kanuma atis anis beeknudha.

Oromoon dhugaa waliif kennee, kan nama walirraa ajjeese illee araaramee, wal kabajee jiraata. Dhugaa waliif hin dhiisani, garuu beenyaa gatii miidhamaa namaaf muramu waliif dhiisu. Dhugaan abbaaf yoo gale waaqnifi lafti namaaf araarama. Dhugaa walii kennuun sobaan fakkeessuufi irra diddibaan akka mootummaafi namoonni muraasni fakkeessuuf godhan miti. Dhugaan godaannisa waldhabdee kaleessaa fayyisa. Miidhamaan miidhama isaa dagatee, akka sammuu nagaan warra isa miidhan waliin haaloo malee jiraatu taasisa.

Dhugaa malee walkabajanii jiraachuun hin danda'amu. Wal kabajan malee wal amananii waliin jiraachuun hin danda'amu. Abbaafi ilmi wal kabajanii waliin jiraatu. Haatiifi intalli illee wal kabajanii naamusaan waliin jiraatu. Waaqnifi lafti illee waliif safeeffannaa qabu jedha Oromoon. Maal kana qofaree, barataafi barsiisaan, hojjetaafi hojjechiisaan, barsiisaafi barsiisaan, ogeessiifi ogeessi, daldalaafi daldalaa, uumaafi uumamni illee wal kabajanii waliin jiraatu.

Jaalalleewwan waggootaaf jaalalan kan waliin jiraataniif, darbaniis kan waliin bultii godhatanii umurii guutuu kan waliin jiraatan naamusaani. Naamusa walkabajanii, walbeekuu bira darbuun waliif beekanii waliin jiraatu. Naamusa malee ollaafi firri waliin hin jiraatu. Naamusni burqaa walitti dhufeenyaafi waliin jireenya ilma namaa lalisiisudha.

Bu'uura wal kabajanii, gaddaafi gammachuu waliin qooddachaa, iyya waliif birmaachaa, waan qaban waliin qooddachaa akka jiraatan taasisa. "Afaan gaariin afaa gaarii caala." Jedha Oromoon. Waliin jireenya keessatti naamusni maallaqa caala, beekamtiifi aangoo caala nama waliin akka jireenya qabbanaa'aafi bareedaa akka jiraattu si gargaara.

Bara kana namoonni qabeenya xiqqoo qaban, hiyyeessi waanuma nyaata argannaan isaan kabajee isaan waliin jiraatu itti fakkaata. Kanaaf walkabajuu irra ofiif kabajamanii qofa jiraachuu barbaadu. Naamusa dhabuu! Namni kabajamee kan jiraatu nama biraa kabajee malee ofiif kophee xuraawaan namarra deemaa namni biraa akka nama kabaju barbaaduun gowwummaadha. Kabajni kennanii fudhachuudha. Safuufi safeeffanaan, waliin jiraatan malee dhalli namaa waan hunda irrayyuu kabaja isaaf du'a. Kabajni isaa tuqamuu irra falmachaa du'uu filata. Tuffatamee, dhiitamee qabeenya horachuu irra hiyyoomee kabajaa isaa erga goonfateen booda, hojjetee duroomuu isaaf wayya. Namni kabajaa isaaf jiraata.

Nama kabajanii kabajamuun, amala hayyuuti. Iddoo balleessanitti gadi jedhanii nan dogoggore jedhanii dhugaa uummataafis ta'ee nama dhuunfaaf kennuun amala qaruutee (gamnaa) ti. Gulantaa beekumsaa guddaa irra gahuunillee kan hubatamu kanaani.

Kana qofa miti nama kabajuun, balleessanii dhiifama gaafatanii irraa deebi'uun amala nama naamusa qabuuti.

Mee fakkeenya tokkon siif hima.

Gaaftokko guyyaan isaa kamisa. Aanaa keenyatti immoo gabaa guddaan kan dhaabatu gaafa guyyaa kamisaati. Namuu waan ittiin jiraatu bitee, gurguruuf garas imala. Gabaan ho'ee naannoo walakkaa yoo gahu, namni walitti bu'uun, walirra ejjechuun waan baramedha. Akka tasaa barsiisaan tokko osoo karaa darbaa jiruu luka barataa isaarra ejjete, sana booda barataan sun, "Jaami ijjikee lafa hin arguu?" jedhee barsiisaa isaa arrabsa. Barsiisaan sun barataa isaa ta'uu hubatee jira. Barataan garuu hin barre. Barsiisaa isaa ta'uu baatus, barataan sun nama kana akkas jedhee arrabsuu hin qabu. Kana booda barsiisaan sun, "Dhiifama, doggoggoreen sirra ejjedhe!" jedhe barataa sana maqaa waamee. Barataan sun yoo kana lafa seenu dhabee barsiisaa isaa lukatti kufe, dhiifama gaafate.

Argitee! Naamuusni nagaa buusa. Kabaja namaaf gumaacha. Nama kan biroon illee akka namarraa baratan taasisa. Namoonni hedduun barsiisaan isa dareetti ida'uu barsiisu caalaa, kan jireenya hawwaasummaa keessatti irraa barantu jireenya isaanii jijjiira.

Barataan kun barsiisaa isaa arrabsuun gaarii ta'uu dhabuu qofa hin baranne, namni yoo nama arrabsu dhiifama jedhanii naamusaan nama caaluu illee barsiisaa isaa irraa baree gala.

Naamusni gaariin ofirra darbanii nama biroo akka qajeelchan nama taasisa.

Maqaan ijoollee bara kanaa yoo bahu, namoota naannoofi biyya keessatti naamusaafi amanamummaa qaban akkasumas qajeeloo ta'an baasuufi. Ijoolleen xixiqqoon illee akka nama warri isaanii jajuufi kabajuu, sana ta'uuf, "Baradheen akka abaluu, daldaleen dureessa akka abaluu, akka taphataa sanaa, fiigeen akka abaluu!" jechaa faana namoota naamusa qabaniifi hawwaasa keessatti jaalatamanii dhahuun guddatu.

Addunyaa kana irratti namni seenaa barata. Seenaa keessaa immoo namoota seenaan akka hojjetamuuf sababa ta'an, yookiin seenaa hojjetan ilaalaa irraa baratu. Namni kamiyyuu nama seenaa gaarii hojjete darbuu waan barbaaduuf, nama seenaa gaarii qabu fakkeenya godhata. Nama seenaa keessatti jibbamaafi xuraawaa ta'e, goonkumayyuu maqaa hin dhahu.

Mee fakkeenya tokkon siif hima.

Yihuudaa jechuun afaan Ibraayisxiin amanamaa jechuudha. Garuu namoonni amantii kiristaanaa hordofan hedduun isaanii maqaa kitaaba irra jiru yoo moggaafatan, maqaa kana akka raqaatti balfu. Sababni isaas yihuudaan naamusa badaafi baay'ee jibbisiisaa ta'een waan beekkamuufi.

Faallaa isa kanaa immoo namoota seenaa keessatti hojii gaarii qaban immoo maqaa isaanii ijoollee isaaniif moggaasu. Fakkeenyaaf bara atileet Daraartuu Tulluu fiigichaan dubartii gurraattii yeroo jalqabaaf, olompikii injifatte taate, maqaan ijoollee dubraa naannoon ani dhaladheetti dhalatanii shan keessaa sadi Daraartuudha. Maqaan kun hawwii, fedhiifi jaalala Daraartuu irraa madda. Ijoolleen yoo sababa maqaan isaanii mogga'eef yoo gaafatan maatiin, akka Daraartuu jabaattee, iddoo gaarii akka geessuuf jedhanii moggaasu isaanii itti himu. Ijoollee lafaa ol dhuftuuf illee onnee kenneefi, akka jabaatanii guddatan waa keessatti uuma.

Argitee! Naamusni gaariin galaa dhalootaati. Naamusa gaarii irraa maqaa gaariin argama. Maqaa gaariin immoo siidaa onnee namaa keessa dhaabbatee dhaloonni irraa baratudha. Kanaafi egaa dhaloonni akka abaluu taana jedhanii nama maatii, kitaabaafi mana barnootaatti maqaa dhaga'an kan kudhaammataniif.

Gootummaan, hayyummaan, qabeenyii fi beekkamtii, ogummaafi dandeettiin naamusa malee dhiiga oksijinii of keessaa hin qabnedha. Dhiigni oksijinii hin qabne qaamaafis ta'ee sammuu namaaf maayii hin baasu. Iddoo qabatee dhiiga oksijinii qabu iddoo dhorka. Waan naamusa hin qabnes, jiraatullee dhaloota quucarsa malee hin guddisu. Sammuu dhalootaa ajjeesa. Namni nama naamusa qabu irraa waa baratee, guddata.

Eeyyee! Ilmi namaa naamusaan of kabajee nama biraas kabajee jiraata. Naamusni furtuudha. Beekumsi naamusaan tola. Beekamtiin illee akkasuma. Ogummaan, gaggeessummaan, qabeenyi, qorannoon, aartiin yoo naamusaan dabaalame jaalatamaafi faayidaa qabeessa ta'a.

Eeyyee! Naamusakee eeggadhu. Jechaa kee irra gochi kee dhalootaaf fakkeenya haa ta'u. Ogummaa keetiif, hawwaasaaf, maatiif, hiriyyaafi biyyaaf amanamaa ta'uun waan hunda caalaa si milkeessa. Eeyyee harka uummata irraa soorratteef amanamaa kan taatu naamusa namummaa kee eeggatteeti.

Warra harki isaanii gara keetti diriireef, harka kee naamusaan diriirsuun furmaata laadhuuf. Ifnikee namoota biroof yoo ife, sammuun kee gammachuun jiraata. Gammachuu sammuu wanti caalu addunyaa kanarra hin jiru.

BOQONNAA AFUR

Of Guddisuu!

Namni guyyaattis ta'u torbeetti hangam qaamni isaa akka dabale ilaaluuf hangaafi dheerina isaa ni safara. Magaalaa keessa yeroo deemtan iddoo hedduutti waan ittiin hanga ofii safaran argattu.

Namuu itti goree of ilaala. Keessattuu dargaggeessi hangam akka qaamni isaa dabale ilaaluuf yeroo hedduu hanga isaa safara. Kana biraan immoo boca qaama isaa eeguufi jabaa ta'ee of arguuf sochii qaamaa hojjeta. Kana qofa miti qaama isaa guddisuuf nyaata illee hanga humni isaa dandeessise filatee nyaata. Xiyyeeffannoon kun hunduu qaamaan guddaafi boca gaarii qabaatanii guddina barbaadan argachuufi.

Akka saayinsiin jedhutti ilmi namaa guddate (developed) ta'e jechuuf qaama biratti yaadaan, miiraan, hawwaasummaafi dandeettii sammuun guddachuu qaba jedha. Akkuma qaamaaf nyaanni barbaachisu sammuun dhala namaa barnootaan guddachuu qaba. Barnoonni sirriin soorata sammuuti. Barnoonni sirrii yoo jennu barnoonni dhugaan kan waa'ee dhala namaa, addunyaa, ardiif samii akkasumas kan waa'ee uumamaafi uumaa dhugaa qabatamaan jiruun barsiisu jechuudha.

Barnoonni sirriin dhugaa qabatamaa lafarra jiru waliin wal simee sammuu dhala namaa misoomsuu qaba. Sammuun dhala namaa barnoota sirriin gabbatee jiruufi jireenya namaa jijjiiruu qaba. Kana irraa maqnaan jireenyi dhala namaas milkii irraa maquun, guddinaaf gumaata dhiisee gufuu ta'a. Maarree guddinni dhala namaa sirrii akka ta'uuf, sammuun barnoota sirriin misoomee dagaaguu qaba.

Barnoonni sirriin kan akkamiitii?

Barnoonni sirriin jette jettee osoo hin taane dhugaa ta'uu qaba.

Barnoonni idilees ta'ee al-idileen jireenya namaa jijjiiruu keessatti gahee guddaa qaba. Kunimmoo namni erga baratee sammuun isaa misoomee dirreefi qabeenya isaa misoomsee ittiin qanani'ee jiraachuu qaba. Kanaaf immoo wixineen barnootaa kan biyya biraa irraa waraabame osoo hin taane, haala jiruufi jireenya hawwaasaa, aadaafi duudhaa, qabeenya uumamaafi nam-tolchee, haala hojiifi misooma uummata sanaa giddu galeessa kan godhate ta'uu qaba. Dur duriin uummanni fayyadamu, isa durii kaasee har'aaf barnoota namaaf yoo hin dabarsine jette jettee beerran aduu dhiisifachuuf odeessan malee jireenya namaa keessatti bu'aa buusuu dhabuu mala. Barnoonni dhugaa lafarra jiru dhiisee, yaadaan qofaa barrisu, guddina sammuu namaafis ta'ee biyyaaf gahee hin qabaatu.

Barnoonni sirriin of nama barsiisa, ofitti amanamummaas namaaf dabala.

Namni yoo barnoota sirrii barate jalqaba waa'ee ofii isaa barata. Nama tokko addunyaa kanarra dhufe, of danda'ee miila lamaan dhaabbachuu danda'u, nama kaayyoo qabu, sammuu fagootti mul'ata argu nama qabu, nama hojjetee of jiraachisu, nama baratee tarree hayyootaatti hiriiruu danda'uu fi gaggeessaa jabaa gama barbaadeen milkaa'ina goonfatu ta'uu barsiisa. Kana irra darbuun namni jabaatee of beekuun daandii ittiin gara mul'ataafi kaayyoo isaa akka barbaadee argatuuf, bilisummaan akka yaadu xurree saaqaaf. Karaa hundaan dallaa itti ijaaree, “Akkasitti yaadi, karaa kana qofa hordofi.” jedhee sammuu namaatti sanduuqa hin tolchu. Eeyyee of beeknaan karaa si baasus akka atumti mataa kee baafattu siif eeyyama.

Barnoonni kun of erga barsiisee maatii, ollaa, naannoofi biyya barsiisa. Kanarra ce'uun addunyaa barsiisa. Namni akkasitti barnoota sirrii barate, addunyaa keessatti dorgomaa malee daawwataa waan ta'uuf hin qabu. Sii galee? Addunyaa dorgommii irra jirtu taa'anii eenyu akka moo'atu eeguun doofummaadha. Barnoonni hordofaa nama biraa nama taasisu sammuu hin misoomsu. Karaa nama biraa irra deemta taanaan sammuun kee hoo faayidaan isaa maalii?

Yoo qajeelfama nama biraa akka siif ta'uutti mijeeffattee hin tolfanne yookiin immoo qajeelfama mataa kee hin qabaanne, ati sammuu kee sanduuqa keessa keessee kan nama biraan geejjibamta akka jechuuti. Kanaafuu barnoonni akka qaama biraatti hirkattee guddattu si barsiisu, barnoota sirrii miti.

Barnoonni sirriin kan dur of beektu caalaa of waan si barsiisuuf, ofitti amanamummaa siif dabala. Ilaalcha gaarii akka horattu si taasisa. Ofiin of dandeessee akka nama waliin wal kabajjee jiraattu si taasisa.

Barnoonni sirriin sodaa nama keessaa baasee onnee namaaf kenna.

Akkuma namuu beeku, waan ta'ee midhaa fi faayidaa isaa beekuun akka, itti fayyadama waan tokkoo beeknuufi sodaa nama irraa hir'isa. Barnoonnis akkasuma. Waan tokko gochuun hin danda'amuu, osoo hin taane akkaataa waan hin danda'amne itti danda'an nama barsiisa. Gaara bahuuf namoota hedduu dadhabsiise haala salphaa ittiin bahamu barsiisee onnee namaaf kenna. Laga namni kamuu ce'uu hin yaalle riqicha tolchanii, dooniifi daakuudhaan ce'uun akka danda'amu barsiisa. Samii irra barrisuun allaattiif malee namaaf hin danda'amu kan jedhu humna harkisa dacheen mormanii gara samii bahuun akka danda'amu barsiisa.

Barnoonni sirriifi qajeelaan shororkaa'aafi sodaachaa kan baratamu miti. Jaalatanii, itti gammadaa boru fuuldurakoo naaf ibsa jedhanii baratu. Barnoonni akkasii dur qe'ee Oromoo ture. Akka umuriifi gita ofiitti waan baruu qabaniifi nama madaalu baratu. Kan baratan immoo boru kan ittiin jireenya ofii gaggeeffatan malee akka abjuu guyyaa waan hin jirreefi waan jireenya namaa keessatti iddoo hin qabne tiyoorii barruulee guutanii waliin gitintiruu miti.

Kanaafuu barnoonni waan qabatamaan irraa baran, ittiin of baraniifi agarsistuu karaa milkaa'inati.

Barnoonni sirriin orma nama hin hawwisiisu.

Akkuma namuu hubachuu danda'u dhalli namaa yoo of beeke, ofirraa hin baqatu. Barnoonni qajeelaan akka of beektuufi gara ofiitti akka baqattu si affeera. Kunimmoo barnoota namni baratee ittiin ofitti deebi'ee, beekumsaafi dandeettii isaa fayyadamee ofis, biyyas jijjiirudha.

Faallaa kanaa barnoonni hedduun namoota of baqachiisa. Namni hedduun gaafa mana barnootaa seenu gara fuula duraatti eessa deemuufi jiraachuu barbaaddaa yoo jedhaniin, “Ameerikaafi gara lixaa.” siin jedha. Taphataan illee eessa taphachuu barbaadda yoo jedhaniin kilaboota Awurooppaa keessa taphachuu abjoota.

Kana qofa miti bulchitoonni Afrikaa illee mana taa'ani Awurooppaa abjootu. Sababni isaa falliifi malli, beekumsiifi ogummaan hundi achii burqa jedhanii waan barataniifi. Argitee gaafa gaggeessaan, hayyuun achi abjootu, dargaggeessi lafaa dhufu immoo, “Achi ejjedhu malee na hin ajjeesin.” jedhee yoo waaqa kadhate nama hin dinqu. Kanaafuu barnoonni ati barattuu fi gara fuula duraatti barachuuf jirtu, of si baqachiisa moo ofitti si baqachiisaa?

Barnoonni orma nama hawwisiisu kajeeltuu nama taasisa. Kajeeltuun kabaja hin qabdu. Kan ormi nyaatee quufnaan dhiise eeggachuuf, nama affeera. Kun milkaa'ina namaaf illee akkasuma. Hojjetee milkaa'uun hafee, waa'ee warra hojjetanii nama hawwisiisa.

Barnoonni sirriin sanduuqa sammuu namaatti hin ijaaru.

Akkuma namuu hubatu dhalli namaa yaadaan jooraadha. Miillaan yoo dhaabbatellee, yaadaan handaara lafaa naanna’aa oola. Kun immoo waan namni tolfate osoo hin taane, sammuun dhala namaa uumaamumaan akkasi. Maarree yaadaan deemuun, yaadni gaafa humna argate waa jijjiiruu akka danda’u namuu ni beeka. Kanaafuu barnoonni sirriin illee sammuun namaa akka yaadu, dandeettii yaaduu namaa ni dabala.

Kana jechuun immoo kana yaadi, sana immoo hin yaadin jechuun sanduuqa yaadaa ijaaruun osoo hin taane, waan yaannuufi akka itti yaannuuf, itti gaafatamummaa akka fudhannu nu barsiisuudhaani. "Akka kootti yaadi, natu siif beekaafi yaada koo qofatu sirriidhaan," amala namoota raatuuti. Akka kanatti yaaduun sirrii miti jedhanii warri yaada namaa dhoqqee dibanillee danuudha. Barsiisni gaariin akka feetetti yaaddus, akka itti yaadde sanaaf sababa qabaachuufi itti gaafatamaan si ta'uu akeeka. Barsiisni jal'aan immoo akka kanatti yoo yaadde samiin dhiiga rooba jechuun akka sanduuqaan ala waan jiru hin argineef, daangaa yaadaa sitti ijaara.

Mee seenaa barsiisaa tokkoon siif hima.

Kutaa jaha barnoota saayinsii hawwaasaa barsiisaa barsiisu tokkotu ture. Daree barnootaa seenee waa'ee lafaafi akkaataa itti lafti biiftuutti naannoftu osoo barsiisuu barataan tokko harka baasee, "Barsiisaa! Gaaffiin qaba. Handhuurri lafaa eessadhaa?" jedhee gaafate. Barsiisaan kun gaaffii barataa kanaa "Waan akkasii hin gaafatamu." jedhee ofirraa deebisuu hin barbaanne. Deebii isaas kitaaba irrattis ta'ee iddoo birootii argee, dhaga'ees hin beeku. Kanaafuu barataa dhaan, "handhuura lafaa tiyooriidhaan akkana jedhee siif hin himu. Garuu iddoo isaa sitti agarsiisuu nan danda'a." jedheeni.

Kana booda borumtii isaa barataan barsiisaan isaa akka itti agarsiisu gaafannaan, dirree kubbaa miilaa keessa geessee, "Ela kunoo, asirraa kaaftee kallattii arfaniinuu yoo safarte, gama hundaanuu raadiyeesii walqixa argatta. Kanaafuu asumaa irraa safaruu eegali." Jedhee deebiseefi jedhama.

Barsiisaan kun barataa kanaan kun si hin fayyadu, qormaata irra hin dhufu, yookiin immoo waan kitaabaan alaa maaliif na gaafatte jedhee, hin dheekkamne. Of irraa asii achee yoo deeme, handhuurri isa bira ta'a. Handhuura irraa hanga humni isaa eeyyameef deemuun akka waa yaalu sammuu isaa keessatti yaada wixineesse.

Barnoonni sirriin waan hawwaasni qabu safuufi safeeffannaa hin dhiibu.

Namni kan baratuuf, of addunyaa keessatti, addunyaa immoo of keessatti ilaala akka jiraatuuf malee waan baargama jiru qofa akka akkeessuuf miti. Namoonni hedduun barnoota ammayyaa jechuun waan gara lixaatii dhufe qofa barachuu itti fakkaata. Ammayyoomunillee akka waan afaan Inglizii haasa'uu uffannaa akka isaanitti uffachuu, waa'ee isaanii beekuu, akka isaanitti nyaachuufi jiraachuu itti fakkaata. Kunimmoo sammuun namoota akka kanatti yaadanii ilaalcha badaan sakaalamuu agarsiisa.

Akkuman dura siif eere barnoonni sirriin of bartee addunyaa faana dorgomaa akka taatu malee akka nama biraa akka taatu si hin taasisu. Addunyaa kana waliin dorgomuuf immoo waan qabdu qabattee malee ergifattee miti.

Namoonni addunyaa kanarraa 'modelisti' jedhanii yeroo dorgommii moo'achuun akka biyyaatti ta'ee akka addunyaatti dorgommii moo'atan argitee beekta ta'a. Warri kunniin bareedinuma uumamaan qaban qabatanii ittiin dorgomu malee kan nama biraatiin miti.

Kanaafuu barnoota ammayyaa jechuun waan ati qabdu balleessee waan biraa siif bakka buusa taanaan gabrummaa ammayyaa yoo jenneen wayya natti fakkaata. Aadaa, safuu, duudhaafi jiruufi jireenya kee balleessee kan nama biraa sitti uwwisa taanaan, karaa biraatiin sumaan uumama biraa gochuuf deema waan ta'eef gabrummaa dha. Akka amma dargaggeessi keenya itti jiru kana. Yoo warri baargamaa kofoo isaanii ciran, keenyas galee ciraa oola. Yoo isaan gadi butanii keewwatan innis akkasuma. Yoo isaan qullaa deemanillee akka isaanii ta'uun gaariidha jedhee waan of amansiiseef sababa malee raawwata. “Kan na dhukkubu achi miti, akka gooftaan koo jedhetti na koobaa jette garbittiin.” jedhu mitiiree?

Faallaa barnoota sirrii, barnoonni jal'aan waa'ee kee caalaa waa'ee nama biraa akka barattu si taasisa. Guddinaafi galma gahuu qaban nama hanqisuun, sakaalee karaa irratti nama hambisa.

- ✓ Barnoonni jal'aan sammuun kee ol'aantummaa qaama biraan akka gabroomu taasisa.
- ✓ Barnoonni jal'aan safuufi safeeffannaa akkasumas duudhaa hawwaasa keetii barbadeessuun, kan uummata biraatiin bakka buusa.
- ✓ Barnoonni jal'aan of irraa baqachuun, qaama biraatti akka kooluu galtu si taasisa.
- ✓ Barnoonni jal'aan akka nama biraatti jiraachuu, hojjechuufi tarkaanfachuun akka waan qaroomina ta'eetti sammuu nama sakaala.
- ✓ Barnoonni jal'aan miira gadaantummaa, boodatti hafummaafi gabrummaatti si galcha. Kana jechuun waan hawwaasni kee qabu hunda tuffachuufi akka dogongoraatti ilaaluun akka waan kee irraa baqattu si taasisa.
- ✓ Barnoonni jal'aan sammuukee fayyadamuun abbaa kalaqaa, hayyuufi ogeessa akka taatu dhiisee, hordofaa nama biraa akka taatu si affeera.

- ✓ Barnoonni jal'aan gaafataa, qorataa, xiinxalaafi qo'ataa akka taatu siif hin eeyyamu. Daangaa yaadaa sitti ijaaruun, akka fageessitee hin yaanne sammuu si gaadi'a.
- ✓ Barnoonni jal'aan eenyummaakee kan nama biraan bakka buusuuf, siin of si dhabsiisuuf ifaaja.
- ✓ Barnoonni jal'aan dhugaafi haala qabatamaa addunyaa dhiisee jette jetteef, dursa kenna.
- ✓ Barnoonni jal'aan carraaqqii irra carraaf akka namni dursa kennu taasisuun, osoo hojjetanii haala jijjiiruun danda'amuu, akka hin hojjenne qaamaafi qalbii sakaala.

Barnoonni akkasii biyyi akka eenyummaa, seenaafi guddina mataa ishee hin gaggeeffanne, sammuu dhalootaa gaadi'uun deegaaf kenna. Namni dhuunfaan illee hojjetee akka hin guddanne, daldalee akka hin duroomne, baratee akka hin hayyoomne taasisa.

Biyyoonni Afrikaa hedduun seenaa ofii dhiisanii kan Awurooppaa baratu. Qaroomina isaanii dhiisanii kan Giriik baratu. Ijipti madda barnoota saayinsii ammayyaa, teknooloojiifi duudhaa taatee osoo jirtuu, burqaan hundi akka waan Giriik irraa burquutti dhaloota barsiisuun, dhaloonni akka seenaa isaa wallaalu, of jibbuufi miira gadaantummaan of gaadi'u barnoonni taasise, **barnoota jal'aa** kanadha.

Maarree sammuu namaa kan misoomsu barnoota osoo hin taane barnoota sirriidha. Jireenya namaa kan qajeelchus, dandeetti dhokataa nu keessa jiru onnachiisee akka itti fayyadamnu kan nu gargaaru barnoota osoo hin taane barnoota sirriidha. Siif galee? Inni hordofaa nama biraa nama taasisu barnoota fuggisoodha. Of si tuffachiisee qaama biraaf akka jilbeeffattu si taasisa.

Mee dhugaa tokkoon siif hima. Dhalli nama gurraachas haa ta'u adii, dhiiras haa ta'u dhalaan uumaman wal qixa. Uumamaan walqixa ta'uu namuu shakkuu hin qabu. Garuu haala sammuu isaafi dandeettii isaa fayyadamuun beekaafi wallaalaa, dureessaafi hiyyeessa jechuun walcaaluu danda'u. Faallaa kanaa uumamaan tokko gooftaa kan biraa immoo garba, tokko eebbifamaa, kan biraa abaaramaa. Inni tokko uumamumaan beekaa kan biraan immoo wallalaa jedhee warri barnoota jal'aa kalaqee addunyaa barsiisu, namoonni akka seenaafi sanyii isaanii jibban taaasisee jira. Asuma Itoophiyaa keessatti sanyiin warra Salamoon akka waan nama caaluutti mootonni Habashaa seenaa dabtaraan dhugee barreesse fudhatanii of jibbanii warra ormaatti of waamu. As deebi'ani immoo uummata ittiin goyyoomsanii mootichaan loluun akka waaqaan lolutti barreeffatanii sammuu uummata kanaa sakaalaa turani.

Namni hidda Salamoonis ta'ee hidda Fara'oon uumamaan wal hin caalu. Garuu barnootaafi fayyadama sammuutiin namni wal caala. Kanaafi warri Fara'oon, warra sanyii Salamoon kan qaroomaafi duudhaa hunda barsiisaa turan. Musee kan barsiise warra hidda Fara'oonidha. Eeyyee akkuma kitaabniyyuu lafa kaa'u musee seeraafi bulchiinsa kan barsiise warra gurraachaati. Gurraachuma, isa warri Habashaa akka abaaramaatti ilaalan kanatu, bu'uura qaroomina addunyaaf wixinee wixineesse. Kun dhugaadha. Dhugaa lafa irra jiru kan addunyaan beekuu qabdu. Kan kitaaba qofaan barreeffame osoo hin taane kan siidaa fi dhagaa irratti barreeffamee namuu hubachuu danda'u.

Maarree barnoonni jette jettee miidhaa malee faayidaa akka hin qabne, seenaa sobaa dabtaraan kalaqee habashoonni baatani osoo burjaaja'anii, waggaa waggaan mootummaan isaanii qalqalloo baatee kadhaaf biyyoota hundarra yoo naanna'u argina. Seenaa waggaa kuma sadii, biyya eebbifamtuu, qulqulluu jedhani osoo dibbee reebanii guddinaan illee eegee ta'anii jiru. Biyyi kun agabuu bulaa abjuudhaan baksaa dhugaa bulti. Hiyyummaa akka waan eeyyameefitti, yoo durooman akka waan waaqa irraanfatanitti yaadani hiyyummaa isaanitti gammadanii jiraatu. Inumaayyuu biyyattiin giddu gala kadhattuu namatti fakkaata. Bara namni hojiidhaaf addunyaa irra naanna'u, kadhaadhaaf manarraa fagaatee biyya namni gara Finfinnee dhufudha.

Inumaayyuu jaarraa 21 ffaa keessa biyya uummanni ishee kaan gogaa uffatu, gariin immoo kophee illee godhachuu hin beeknetu, seenaa boonsaa qabna, gara sanatti deebina jettee sobaan gurra wal coomsiti.

Jaalattus, jibbitus barnoonni sirrii hin taane sammuu misoomsa osoo hin taane sammuu doomsa. Hojii dhorkee, kadhaaf si saaxila. Seenaafi dhugaaf gurra cufattee akka gadadoo ‘Ameen’ jettee fudhattu si taasisa. Sammuun barnoota jal'aan doome nama dhuunfaafis, biyyaafis, ba'aadha. Akka Itoophiyaa keessatti argaa jirtu kana.

Maarree waa'ee barnoota sirriifi qajeelaa waan muraasa sammuu keessatti qabattee jirta jedheen yaada. Kana hunda kanan siif kaaseef mata dureen keenya waa'ee guddachuu dhala namaa irratti wal hubannaa gaarii uumuufi. Guddinni nuti irratti haasofnu immoo waa'ee guddina sammuu dhala namaati. Sammuun dhala namaa barnootaan akka gabbatu namuu ni beeka. Barnoonni sammuu dhalootaa gabbisu immoo barnoota sirrii ta'uu qaba.

Dargaggeessi boca qaama isaa eeguuf, guddina qaama isaaf akkuma yaadu, darbees qaama isaa fayyaafi guddina isaaf nyaata filee akkuma sooru, sammuun isaa nyaata sirriifi qajeelaa sooruu qaba. Dargaggeessi guyyaa guyyaan akkuma sochii qaamaa dalagu sammuu jabaafi gabbataa qabaachuuf, barachuu, dubbisuu, qorachuu, xiinxaluufi waa baruuf ifaajuu qaba.

Namni dubbisee hin hubanne, yaadan buusee hin baasne, guyyaa guyyaan barnoota hin argatu taanaan, addunyaa waliin imaluuf ni rakkata. Maarree dargaggeessi, ga'eessi guyyaa guyyaan of barsiisuun barnoota sirrii sammuu ofii sooruu qaba.

Namni kan guddatu yoo sammuun isaa guddatedha. Guddina yaadaa, beekumsaa, ogummaa, hawwaasummaa, diinagdeefi dandeettii sammuu. Namni amma sammuu isaa gaha. Hanguma sammuun isaa dheeressee yaadu yaada. Hanga sammuun jabaatu jabaata. Kanaafuu of guddisuun jalqaba nuti jenne barnoota sirriifi dhugaan sammuu sooranii sammuun guddachuudha. Siif galee?

Sammuun dhugaa soorata. Barnootaan gabbata. Sammuun gabbate akka nama milkeessu immoo seenaa namootaafi biyyoota milkaa'anii irraa qoradhu.

BOQONNAA SHAN

Kaadhima Milkii

Kaadhima jechuun nama waan tokkoof gara fuula duraatti kaawwame, yookiin immoo qabame jechuudha. Yeroo hedduu namni kaadhima kan ta'u, fuudhaafi heerumaa, gara fuula duraatiif, isheen kan isaa, inni immoo kan ishee ta'uun gaa'ilaa gara fuula duraatti raawwataniif waadaa waliif seenuun guyyaa eeggatu. Kaadhimni kabaja qabdi. Namni biraan hin kajeelu. Kaadhimni illee tolee, badee gara biraa deemuufi yaaduun gonkumaa hin yaadamu. Ollaan, gandiifi namni biraa kaadhima namaa hin yaada biraan hin ilaalu. Ni safeeffatu. Kabajamtee, guyyaa gammachuu ishee eeggatti. Kaadhima iddoo hundatti hin ergani. Gabaa yoo rakkinaaf baate, bishaan yoo dhaqxe akkasumas, qoraan yoo buute akka warra kaanii kolfaa, taphachaa hin deemtu. **Kun gaafa Oromoon safuun bulu sana.** Har'ahoo?

Dirree barnootaa keessatti immoo kaadhimamaa jechi jedhu, yeroo baay'ee ni dhageessa ta'a. Jecha kana mata duree koo waliin fayyadamuu hin barbaanne. Sababni isaas kaadhimamaa qaama biraatu kaadhima. Yoo barbaade irraa kaasee, yoo fedhe immoo deebisee kennaafi.

Fakkeenyaaf yuunibarsiitiin barnoota PhD nama kaadhimee, yoo mootummaa morme, yookin akka isaa yaadan ta'uu dide irraa mulqu. Sartafikeettii isaanii malee iddoo yaadan gahuun hin danda'amu. Kana qofaa miti, sartafikeettii bitatanis kabaja maqaa sana argachuun biyya kanatti salphaa akka taate, kaabineefi hoggantoonni keenya ni beeku.

Kaadhimni garuu akka sana miti. Dhugaadhaan waadaa waliif seenanii, dhugaadhaan waliif amanamu. Sanatu jireenya qananiitti ce'a. Sobaan kaadhima ta'uun hin yaadamu, nama biraatiin illee kaadhima ta'uun hin mulqamu. Kanaafuu kaadhima fedhii ofiitiin, itti yaadanii, naaf ta'a jedhanii ta'u. Maatiin, ollaafi lammiin namaaf jaalatee 'Ishoo' jedhee namaa ililcha. Kana qofa miti, biqila ilaallatanii, jiruufi jireenya gara fuula duraa irratti humna waliif ta'anii qabsaa'u.

Milkiin immoo waan qajeelaa, sirrii, namaaf tolu akka jechuuti. Milkii qaba yoo jedhan hojjetanii iddoo yaadan gahu, baratanii hayyoomuu, qotanii dilbii kaa'uu, horanii garaacha uffachuu, daldalanii bu'aa buusuu, deemanii nagaan galma yaadan gahuu, dubbatanii dhugaa argachuu, qe'ee ofii irra nagaafi qananiin jiraachuudha. Kanaan immoo milkaa'ina, jechuu dandeenya.

Maarree nama milkii ta’uuf, milkaa’inaaf of kaadhimuu waliin ilaalla jechuudha. Waa’ee kaadhimaa yemmuu ilaallu, fedhiidhaan kaadhima ta’u. Jaalatanii, hubatanii, bitaafi mirga ilaalanii, firaafi aanteen mari’atanii, hiriyaa gaarii waliin qoranii, qoratanii kaadhima ta’u. Waan hundumaayyuu erga hubatanii ofis, kaadhima ofiis ilaalanii kaadhima kaadhima ofii ta’u. Kaadhima erga qabatanii yaadaafi qalbiin ofii gara kaadhima ofii ta’uun jireenya gara fuula duraaf, akkuma bu’uura kaayyatanii sanyi-sadeen (nama, loonii fi midhaan) horuuf mul’ata godhatan, jireenya milkaa’ina qabu gaggeessuuf illee milkaa’inaaf akka durbiifi dhiirri wal kaadhimatan, milkaa’ina waliin wal kaadhimachuu gaafata. kaadhimni kan gaa’ilaa maal akka fakkaatu waa muraasa ilaallee jirra. Kaadhima kan milkii immoo yoomiifi akkamitti akka ta’e gara boodaa ilaalla.

Yeroo hedduu namoonni yeroo waa'ee milkaa'uu haasa'an dhageessee ni beekta ta'a. Milkaa'uu jechuun maal jechuudha? Namoonni yeroo gulantaa tokko tarkaanfatan, baga milkoofte jechuun waan baramedha. Maal jechuudhaa? Milkaa’inni maal akka ta’e ni beektaa? Namni jireenya isaa keessatti milkaa’e kan jedhamu yoo maal ta’edhaa? Yoo kufuu dhabemoo yoo kufee iddoo ka’uun galma gahedhaa? Milkaa’inni safartuu akkamii qabaa? Aangoo, sadarkaa barnootaa, qabeenya moo beekamtii?

Namni hundi milkaa'ina akka isaaf toletti hiikkata. Tokko tokko qabeenya, gariin barnootaan sokkuu, warri biraan immoo aangoo, darbees warri beekamtii dhaan hiikkatan ni jiru. Warri jireenya nagaa qabeessaafi sammuu nagaan jiraachuun milkaa'ina jedhanillee ni jiru.

"*Success is the progressive realization of worthy goal."* Earl Nightingale.

*"**Milkaa'inni adeemsaa walitti fufaa galma gati qabeessa ta'e ittiin hubatanidha.**"* Akka jechuuti. Milkaa'ina jechuun galma gahuu qofa miti. Galmi sun gati qabeessaafi waan faayidaa qabu ta'uu qaba. Milkaa'inni adeemsa itti fufinsaan deemani malee iddoo wayii gahanii dhaabbachuu miti. Darbees iddoo gahaniifi fuulduratti waan hafe hubachaa adeemuun milkaa'ina jechuudhaa jedha.

Mee yeroo hedduu namni dorgommii milkiin goolabe yoo jedhan dhageenya. Atileetiin tokko jireenya isaa gama fiigichaan qabu milkiin xumure yoo jennu maal jechuudhaa? Mee gara atileetota biyya keenyaa haa deemnu. Kutaa barnootaa keessaa eegala. Gosa barnootaa guddinaafi jabeenya qaamaa jedhuun dareedhaa qabxii argachuuf hiriyoota waliin dorgomuu eegala. Achii bahee warra daree biraa waliin dorgoma. Jabaatee namni itti fufe gara wiirtuu manneen barnootaa deema.

Achittis bar tokko dhuma bahaa, kufaa, darbaa itti fufee yoo shaakale dursuun gara aanaa deema. Aanarraa gara godinaa deema. Kana irraan gara Oromiyaa gaha. Kana malees gara gurmuu yookiin kilabootaa seenanii warri shaakalan jiraachuu malu. Kana keessatti guyya hunda tokkoffaa bahuun hin jiru. Dorgommii hundas injifachuu miti hirmaachuunuu hin jiru.

Atileetiin akkasitti fiigaa guutummaa jireenya isaa fiigichaaf kenna. Jalqaba gaafa fiiguu eegalu, dareedhaa dursee qabxii argachuudha. Sana bira darbee yoo daree biraa waliin fiigu immoo dursee maqaa daree isaa dhoofsisuudha. Haala kanaan mana barumsaaf, aanaaf godinaaf biyyaaf osoo jedhuu sadarkaa idil-addunyaa gaha. Kana keessatti waan ati akka hubattu barbaadu, mucayyoon mana barnootaati kaatee fiiguu yoo eegaltu, waa'ee kan aanaafi godinaa quba qabaachuu dhabuu malti. Garuu adeemsa keessa achi geesse, achi geenyaan hawwiin gara naannoofi biyyaa keessa isheetti dhalachuu danda'a. Isas akkuma yaadde milkaa'eefii geesse. Sanaan achitti hin hafne, waltajjii addunyaa irratti maqaa ishee, akkasumas kan biyyaa waamsisuuf fedhii jabaan keessatti uumama. Sana booda, isas yoo dhaqqabde, deebitee hin teessu. Sababni isaas kan caalu fuula ishee duratti argitee jirti waan ta'eef.

Maarree waltajjii addunyaa kana akka olompikiifi shaampiyoonaa atileetiksii addunyaa irra gahuun dhuma jettee hin raftu. Isaan olitti immoo qabxii galmaa'e (record) kan ofii fooyyeessuu, kan nama biroo cabsuun harkatti galfachuu, **irra deebiin kanuma ofii fooyyessuu**, irra deeddebi'anii moo'achuun seenaa galmeessuu fi kanneen biroof of kaadhimuun shaakalaafi dorgommii garagaraa taasisu. Milkaa'inni illee akkasi. Mana barnootaa ka'anii gaafa eegalan wantoonni gurguddaan sunniin beekamuu dhabuu malu. Gaafa achi gahan gulantaa itti aanuuf of qopheessaa yoo imalan humnaafi dandeettii qaban hunda fayyadamuuf nama gargaara.

Milkaa'inni maal akka ta'e amma waa hubattee jirta natti fakkaata. Eeyyee fiiganii al takka warqee fudhatanii galanii rafuun milkaa'ina miti jechuudha. Sababni isaas fuula dura kan caalu waan jiruuf, kuufama dandeettii qaban osoo hin fayyadamin akka qabatanii boolla seenan nama taasisa.

Maarree milkaa'inni digrii tokko baratanii erga mindaa shiroo namaaf laattu argatanii kobbee fannisuu miti. Kanaan olitti barachuu, qorachuu, qo'achuu, iyyaafachuufi beektee, beekumsa keen addunyaa sooruu, rakkoo namoota hedduuf ati furmaata ta'uu akka dandeessu hoo maaliif hin yaadnee?

Daldalanii mana akka olla ofii ijaarratanii fi konkolaataa bitatanii jiraachuu miti. Abbaa qabeenyaa warra biraa rakkoo oolchu ta'uu, kaampaanii gurguddaa nama hedduuf hojii uumu qabaachuun hoo siif hin maluu? Hanga kaleessa buuste fooyyessuu maaliif hin yaadduu? Daangaan daldala kee hoo kana caala yoo deeme maal rakkoo qabaa? Sanaa ol abjoochuu maaltu si daheessaa? Ganda tokko bulchanii hundi namaaf mataa gadi qabatee, nagaa nama gaafachuus miti. Aanaa gaggeessuun hoo, godinaafi biyya darbees, ardiifi addunyaa gaggeessuu maaltu si jalaa dhoksee? "Hawwiin dhala namaa daangaa maleessa." inni jedhamu milkaa'inaaf illee ni hojjeta jedheen yaada. Nama biraan dorgomanii caaluun illee milkaa'ina miti jechuudha. Sababni isaa akka atileetii qabxii kaleessa galmeessifte fooyyessuu qabda waan ta'eefi. Ofumaan dorgomaa ofiif iddoo gahuu qaban gahuudha.

"Success is the enemy of success!" jetti warri adiin. Kana jechuun milkaa'inaa isa guddaaf milkaa'inni isheen duraa xixiqqoon gufuudha akka jechuuti. Digirii takka xumurtee naaf ga'a jetta yoo ta'e, wanti caalu kan si hafe jiraachuu si jalaa dhoksa jechuudha. Mee ammas atileetiin biyyaaf, fiiguuf kaayyeffattee ifaajjii guddaan achi geesse osoo na ga'a jettee raftee, milkaa'inni gurguddaan addunyaa irratti goonfachuuf deemtu sun osoo harka ishee hin gahin hafa jechuudha.

Milkaa'inni jireenya kufaatii hin qabne keessa jiraachuu miti.

"Success does not mean absence of failure; it means attainment of ultimate objectives. It means winning the war; not every battle." *"Milkaa'ina jechuun, kufaatiin dhabamuu osoo hin taane, kaayyoo isa dhumaa gahuudha. Waraana moo'uu malee dirree waraanaa hundatti injifachuu miti."* **Edwin C Bliss**

Kufaatiin namoota hedduuf madda jireenya gadadoo akkuma ta'e namoota muraasaaf immoo ka'umsa milkaa'inaati. Kufaatiif warri harka laatan akka iddoo kufanitti akkuma hafan, gariin immoo iddoo kufanii jabaatanii ka'u. Inumaayyuu warri isa duraa caala, jabaa ta'anii ka'an muraasni jireenya bareedaafi ajaa'ibsiisaa jiraatu. Namni iddoo kufee abdiidhaan ka'e ni milkaa'a.

Maarree milkaa'uun jireenya kufaatii hin qabne keessa gulufuu osoo hin taane, iddoo kufanii ka'anii galma gahuudha. Addunyaa kana irratti warri seenaa ajaa'ibsiisaa ati barattu kana hunda dalagan hedduun, jireenyi isaanii kufaatii dhaan kan guutamedha. Osoo kufanii ka'uun hin jiraannee seenaan hin dalagamu. Kufanii ka'uun osoo hin jiraannee seenaan namoota beekkamoo hedduun hin jiraatu, sababni isaas nama hin barsiisu waan ta'eef. Warri maqaan isaanii boollaa ol jiru hedduun isaanii iddoo kufanitti yeroo itti hammaatte akka biqiltuu ciisanii lataa, gaafa barri darbeef immoo iddoo sanaa ka'uun seenaa dalagu. Biyyi illee kuftee ka'aa, seenaa ishee galmeeffatti. Sabnis akkasuma.

Kanarra darbee addunyaan mataan ishee rakkoofi gidiraa garagaraa kan akka dhibee, waraana, hongee, balaa uumamaa garagaraa keessa darbaa har'a geesse. Siif galaa? Addunyaanuu kuftee ka'aa, akka har'a irra jirtu kana geesse. Akka beekumsaan, kalaqaan, ogummaan, jabinaan, walitti dhufuun, wal beekuu har'a irra geesse kana irra kan geesse kuftee ka'aati. Erga addunyaan, namoonni bebekkaamoon, biyyi, sabni, maatiin kufee ka'ee har'a gahe ta'ee, ati maaliif takkuma kuftee achitti hafteree? Addunyaa kana hundatu jireenya kufanii ka'uu keessa deema erga ta'ee, kufaatii takkittii si muudateef maaliif mataafi mogoleen si laafaa?

Namoonni hedduun kufaatii baqachuuf, waa osoo hin yaaliin akkuma dhagaa sochii malee jiraatu. Osoo kufaatii dheessanii warri akka hin kaanetti kufan illee danuudha. Kufaatii dheessuun nama hin oolchu. Sababni isaas kufaatiin qaama milkaa'inaa waan ta'eefi.

Daa'imni gaafa dhalattee daaddeen deemuu irraa gara ol jedhanii deemutti ceetu, kufaa, ka'aa, gatantaraa boodarra of dandeessee deemuu eegalti. Kufaatii sodaannaan ol jedhanii deemuuf yaaluun hin yaadamu. Osoo hin kufinis al takkatti luka lamaan dhaabbatanii deemuun hin yaadamu. Argitee! Kufuun qaama gulantaa isa birootti tarkaanfachuuti.

Barnootaan kufuu, aangoo irraa gadi darbatamuu, daldalaan kasaaruu, loon horsiisanii mooraan adiyyootti (qullaatti) hafuu, qotanii gumbiin adiyyootti hafuu, waan abdatan dhabuu, namni abdatan nama ganuu, du'aan dhabuu, manaafi konkolaataa kaleessa qaban dhabuu, maallaqniifi qabeenyi itti abdatan bade harka qullaatti hafuun, waan yaadan namaaf milkaa'uu dhabuun, hiriyyaa ofii biraa hafuu, hiriyyaa abdatan dhabuun, bultii gaarii qaban diigamuun, hojiin waggootaaf itti dhama'an bu'aa dhabuun, dorgomanii dhuma bahuun, qaamaa miidhamuun, dhugaan nama jalaa jal'achuun, hojii dhabuun, akka dandeettiifi barnoota ofiitti iddoo dhabuun, osoo gaarii hojjetanii waan yaraa argachuun, gabroomuun, hidhamuu, biyyaa ari'atamuu, qabeenyi saamamuun, gubachuu, dhibamuun waan addunyaan kun dabarsaa turte, ammas itti jirtuufi gara fuula duraattis waan hin oolledha. Siif galaa? Taateewwaan abdii nama kutan, kanneen armaan oliin alattis hedduudha. Isaan kunniin jireenya nama hundaa keessa jiru. Kana osoon hin argin gara milkaa'inaan deema jedhanii of goyyoomsuun, akka oksijinii malee jiraachuuf yaaluuti.

Ijoolleen kufaatii sodaannaan daaddisaa hafuun waan hin oolledha. Atillee kufuu sodaatta yoo ta'e, guddinni kee isa duraanii irra fooyyee waan argisiisu natti hin fakkaanne.

Maarree kufaatiin jireenya namaa keessatti kan hin hafne ta’uu beekanii, iddoo kufanii akka rookkeetti dhuka’uun gulantaa milkaa’inaa irra ejjechuun akka danda’amu, beekuun qaruuxumaadha. Siif galaa? Yeroo aduun dhiitu hin dukkanaa’u jedhanii of mooksuu irra, dukkanaa’uu beekanii ifaa qopheeffachuu wayya. Eeyyee sobaan gurra of guddisuuf irra dhibee himatanii daawwaa argachuu hin wayyuuree? “Du’a dhoksanii awwaala eessaan dhaquufii?”jedha Oromoon.

Atileetiin maraatoonii fiigu tokko kiloomeetira afurtamii lamaan guutuu fuuldura hin fiigu. Yeroo tokko dhuma, yeroo biraa gidduu, yeroo tokko tokko immoo kufee ka'aa, gufuufi rakkoo meeqa keessa darbanii kirrii ishee dhumaa kutanii geepha fudhachuudha. Dorgommii kana keessatti kiloomeetira 42 fuuldura fiigu qabda seerri jedhu hin jiru. Sababni isaas warri seera dorgommii baase, dhugaa kana waan beekaniifi. Jireenyi illee akkasuma. Milkaa’uuf, dorgommii hunda moo’adhu, yoo hunda sitti haa tolu, hoomtuu si jalaa hin badin, dhugaa waan hojjeteef hin dararamin, jechuun hin jiru. Osoo kufaatiin hin jiru ta’ee, rakkinniifi bu’aa bahiin hin jiru ta’ee, barnoonni maaliif barbaachisee? Osoo yeroo hunda tokkoffaa bahuun jiraatee, maaliif dorgomtaa? Osoo kufuun hin jiru ta’ee, maaliif qormaata qoramuun barbaachisee?

Dorgomanii moo'amuun osoo hin jiraatin kan dorgommii irratti hirmaatan, filannoo Itoophiyaafi biyyoota Afrikaa qofa. Isaafiyyuu ifaajjiin xiqqoon inuma jirti. Nama hidhuu, humna waraanaa leenjifachuu, qarshii kadhatanii namaaf qooduu, raatuu goyyoomsuu, warra garaaf bitamtuu garaa guutanii, warra kaabinee doorsisuun iyyuu hojiidha naan hin jettuuree?

Erga deeganii keessaa bahuun, dhugaa dhabanii barbaachaaf ifaajuu, gabroomanii bilisummaafi birmadummaaf qabsaa'uun hin jiraannee, addunyaan rakkoo malee jiraatti jechuudhaam. Barachuu, qorachuu, tarsiimoo kalaquun, argannoofi falli kan dhufeef, kufaatiin hedduun waan jiraniifidha. Osoo dukkanni hin jiru ta'ee ibsaan hin kalaqamu. Osoo lagni hin jiru ta'ee dooniifi riqichii akkasumas daakkiin, fageenyi osoo hin jiru ta'ee xiyyaarriifi konkolaataa, bilbilli, marsariitiin hawwaasaa, poostaan, osoo gabrummaafi quuqqaan hin jiru ta'ee, qabsoon, sirbi, geerarsi, mirrisnii fi weedduun maal hojii kalaqamaa? Osoo rakkoofi kufaatiin hin jiru ta'ee, addunyaa kanarra nama, biqiloota, bineeldotaafi lubbu maleeyyii qofatu jira ture. Kalaqni biroon hin yaadamu.

Ammahoo siif galee? Kufaatiifi rakkootu kana hunda dhale. Wantoonni kalaqaman rakkoo balleessanii jettee of gaafachuu dandeessa. Eeyyee kalaqni hedduun rakkoo furanii jiru. Kan rakkoo biraa fidan jiraatanis.

Barnoonni sirriin immoo kufaatii hambisuu baatus, kufanii ka'uun akka danda'amu si barsiisee jira. Namoonni hedduun immoo kufanii ka'uun iddoo gahuu qaban akka gahan seenaan siif himaa oola. Itti fayyadamuufi dhiisuun gahee keeti. Ammahoo? Dhugaa liqimsuun qoricha akka ta'emmoo ni beekta. Kanaafuu dhugaa addunyaa, kan keefi jiruufi jireenyaa qomatti qabadhu.

Amma milkaa'uu jechuun kufanii ka'uun galma isa gati qabeessa bira gahuun kan isaa oliif hojjechuu yoon siin jedhe walii galla natti fakkaata. Eeyyee akkasi!

Milkaa'inni jabina keessa keetiin malee, wacaafi haamilee qaama alaatiin ta'uu hin qabu. Sababni isaas yoo deeggarsaafi huursa qaama alaatiin ta'e, gaafa qaamni alaa sun dhabame kufuun waan hin oolle waan ta'eefi.

Mee humniifi jabinni keessa ofii akka nama milkeessu uumama irraa ilaali.

Haala hormaata lukkuu ni beekta. Lukkuu haadhoon hanqaaquu hanqaaqxee akkuma raawwatteen torbee sadiif irra ciisti. Gaafa torbee sadi guutan, ilmaan ishee sagalee dhageessisuu eegalti. Kana irraa ka'uun ilmaaniifi haadhaa warri haammachiise midhaaniifi bishaan kennuufi.

Yeroo baay'ee wucoon hundi walfaana killee keessaa hin bahani. Tokko tokko dhuma bahuu dandeessi. Maarree wucoon kun yoo ofiif baate malee, namni killee cabsee yoo baase ni duuti.

Inni biraan immoo mukni yoo biyyoon jalaa dhiqamee yookiin humni jabaan itti bu'e ni kufa. Mukni kun bonas ta'ee ganna ciisee lalisuudhaaf, bishaan obaasuu hin barbaadu. Keessuma isaa waan jirutu, iddoo kufee akka deebi'ee ka'u taasisa.

Uumamaan alatti immoo konkolaataa haa fudhannu. Yeroo hedduu ganna ganna konkolaataa biyya keenyaa dhoqqeen ni qabata. Konkolaataa kana yeroo imaltoonni irraa bu'anii konkolaataa dhiiban arguunillee waanuma baramedha. Maarree warri konkolaataa kana dhiibu yeroo muraasaaf malee achi hin fageessani. Yoo motorri keessoo isaa ka'ee humna rigataan mormee iddoo gahuu qabu geessiseen alatti galma gahuu hin danda'u. Qaamni alaa dhiibu yeroof malee guutummaatti galma hin geessisu.

Kanaafuu milkaa'inakee humnaafi jabina keessa kee irratti abdachuu malee qaama alaa irra yoo keesse, iddoo deemtu osoo hin gahin karaatti hafuu dandeessa. "Abdii ormaa mana hin dhaabani." jedha Oromoon. Eeyyee milkaa'ina keetiif, humnaafi dandeettii keetti abdadhu. Namni yoo si duraa mucucaates, waliin hin mucucaattu waan ta'eef.

Milkaa'uu irraa maaltu nama ittisaa?

Wantoonni milkaa'ina goonfachuu irraa nama ittisan hedduun kanneen armaan gadiiti.

- Fedhii dhabuu
- Kufaatii sodaachuu
- Jechaa namaaf iddoo kennuun, duubatti mucucaachuu
- Ofitti amanamummaa dhabuu
- Dandeettiifi humna ofii wallaaluu
- Mul'ata dhabuu
- Kaayyoo malee jiraachuu
- Kutannoo dhabuu
- Nama ilaalanii karoorsuufi karaa nama biraa hordofuu
- Abdii kutuu
- Waan xixiqqootti quufuu
- Sodaachuu
- Of tuffachuu
- Wareegama kanfaluu sodaachuu
- Dhugaa jireenyaafi addunyaa wallaaluu

Wantoonni kunniin namni akka hin milkoofneef namaafi milkaa'ina isaa gidduutti dallaa warra ijaaranidha. Namoota dallaa kana cabsantu milkaa'ee jiruu bareedaa arga. Warri harka laate immoo osoo iddoo yaade hin gahin karaatti hafa.

Kaayyoo ofiif kutannoofi jabina godhatanii, gufuu kanneen irra tarkaanfachuun nama milkeessa.

Maaltu immoo gara milkaa'inaa nama geessaa?

Gara milkaa'inaa dhaquuf, milkaa'inaaf of kaadhimuun ejjennoo jalqabaafi hundeedha. Akkuma gamoo ijaaruun dura hundeen isaa lafa keessa gadi fagaatee dhaabbachuun murteessaa ta'e, milkaa'inaaf illee milkaa'inaaf of kaadhimmuufi milkaa'ina kaadhimachuun bu'uura milkaa'inaati. Akkuman kanaan dura siif himee ture, kaadhima kaadhimachuun dura qorachuufi qoruun waan baramedha. Sababni isaas kaadhima waliin boru gaa'ila godhatu, jireenya dheeraa jiraatu, ijoollee horanii dhungatu, waliin loon horanii kuma yaafachaa garaacha uffatu, waliin kufanii waliin ka'aa jaaranii harrii walumaan filatu. Dhukkubsatan wal yaalaa, qullaa walii waliif dhoksaa, icciitiifi quuqqaa walitti himachaa, waliif waliin fala barbaadaa, gaafa du'an imimmaan marartoo waliif lolaasaa wal awwaalanii, onnee keessa wal kaawwatanii, osoo waliif mararamanii, jaalala isaanii ijoollee isaaniif galaa godhanii boolla seenu. Kun kaadhima duriifi isa dhugaa, kan ilma Oromoo fi intalli Oromoo dur ittiin wal kaadhimatanidha. Akka har'aa kontiraata guyyaa shanii miti. Eeyyee akka har'aa kontiraata faayidaa irratti hundaa'e miti.

Maarree milkaa'inaaf of kaadhimuun illee, waadaa ofiif galanii gara kaayyoo qabatan milkeessuufi galma gahan gahanii, seenaa gaarii galmeeffachuutti ol tarkaanfachuuti. Kana jechuun umurii guutuu akkuma kaadhima bultii ofiif kaadhimatanii, jireenya milkaa'aa jiraachuuf, jireenya ofii milkaa'inaaf kennanii waadaa godhachuudha. Kunimmoo karaa irra deeman, maaliif akka deeman, eessa akka deeman, erga gahanii immoo garamitti akka tarkaanfatan, maaliif akka tarkaanfatan, eessatti akka tarkaanfataniif maal wajjin akka tarkaanfatan, qorachuun baay'ee murteessaadha.

Akkuma atiyyuu gurraa qabdu gaafa kaadhima kaadhimatan, guduunfaa qabaachuun dirqama. Kana jechuun dargaggeessi tokko yoo dubra kaadhimatu qabeenya ittiin boru jireenya isaanii qajeelfatan ni horata jechuudha. Kun immoo ka'umsa jireenya gaariifi qananii kaadhima lamaaniiti. Namni milkaa'inaaf of kaadhimu illee qabeenya jiruu milkii keessa gahuufi ittiin milkaa'ina goonfachuuf isa barbaachisu guduunfachuu qaba jechuudha.

Qabeenyi kunniin immoo sammuu jabaa beekumsaan misoomeefi ogummaan gabbate, onnee bakka yaade gahuuf kutate, mogolee jabaa tabba ittiin bahu, gurra waca dhiisee gorsaafi waan isa milkeessu qofa dhaga'u, ija dukkana keessa ce'ee ifa argu, harka boolla itti kufee marga ededa irra jiru qabatee ka'u, dugda cimaa yoo itti hirkate hin laafne, miila karaa dheeraa qoreefi cirracha osoo hin sodaanne imalu, garaa beelaafi rakkoo damdamachuu danda'u, dirra hidhaafi reebicha danda'u, qalbii mana buleefi laphee waa itti guduunfatu qabachuu qaba. Kun hunduu guduunfaa namni qabatee, kaadhima milkaa'inaa ta'ee itti of kaadhimudha. Kana qabatanii erga milkii waliin wal kaadhimmatanii jireenya milkaa'aa jiraachuun waan hin hafnedha. Warri kunniin raacita milkaa'inaaf lafa namuu kaawwachuu qabudha.

"Whatever the mind of man can conceive and believe, the mind can achieve." Napoleon Hill

Hiikkaan isaa "*Sammuu dhala namaa waan fedheyyuu keessatti yoo kurfeesseefi itti amane, galmaan ni gaha*." Akka jechuuti.

Akkasi milkaa'inni sammuu keessatti yaadaan kurfaa'a. Itti amanuufi kutannoodhaan gara hojiitti jijjiirama. Sanatu nama milkeessa. Isuma kanaafis kan addunyaan harka dhooftu. Seenaanis warra akkasii faarsa, samiifi dacheen illee isaanumaaf ilil jedhu.

Erga milkaa'ina waliin wal kaadhimatanii hoo akkam ta'uu qabuu? Akkuma atuu beektu kaadhimachuun jalqaba. Namni kaadhimatee waggootaaf erga turee booda kaadhima isaa waliin mana tokko jiraachuu eegalu. Baroonni kaadhima ta'uun jiraatan, deemsa gara milkaa'inaati. Kanaafuu kaadhimni milkii akkam ta'uun milkaa'aa?

- **Kaadhimni milkii abdii guutuu qaba.**

  Abdiin jireenya namaaf onnachiistuudha. Abdii malee rafanii ka'uun, kaadhimmatanii mana dhaabuun hin yaadamu. "Achi nan gaha. Gahees naman jaaladhu waliin, gammachuufi qananii nan habbuuqqadha." jedhanii akkuma abdatan, galma yaadan illee nan gaha. Achi gahees seenaakoo nan galmeeffadha. Wanti achi irraa na hanqisu hin jiru jedhanii abdachuun, amala qaruuteeti. Qaruuteen immoo hubatee milkiif of kaadhima.

- **Kaadhimni milkii ofitti amana.**

  Kaadhimni yoo kaadhima horatu, jireenya koo gara fuula duraa gaggeeffachuuf, yaadaan, humnaafi qabeenyaan akkasumas umuriidhaan gaheen jira jedhee akkuma ofitti amanu, kaadhimni milkaa'inaas, ani nama akkuma nama kaamiyyuu milkaa'uu nan danda'a. Namatti hirkadhee osoo hin taane ofitti hirkadhee, tulluun bahuu qabu nan baha, galaanan daakee ce'uu qabu nan ce'a.

Hidhaaf dararaan jiraatus, ani kana hunda darbee gonfoon kaawwachuu qabu nan kaawwadha. Galma naaf malu natu ijaarrata, seenaakoos natu dhiigaan galmeeffata jedhee onnee guutuun deemsa gara milkaa'inaa eegala. Itti fufas.

- **Kaadhimni milkii kaadhima isaa ni amana.**

  Kaadhimni lameen obsaan kan wal eeganiif, qubeellaan harka isaanii irra jiru, walitti hidhee osoo hin taane, sammuufi onneen isaanii jaalalaan waan isaan guduunfeefidha. Wal amanu. Guyyaan gahee, waliin waliif akka jiraatan keessa isaanitti ni beeku. Namni milkaa'inaaf of kaadhime illee, karaa hedduu, bu'aafi bahii, rakkoofi kufaatiin yoo daandii irratti muudate illee galmi isaafi galmeen isaa akka iddoodhaa hin banne amanee deemsa isaa onnee guutuun itti fufa.

- **Kaadhimni milkii kufaatii hin abjootu, yoo kufes ni ka'a.**

  Warri wal kaadhimate, waldhabna jedhee hin gaddu, shakkiifi sodaadhaan guutamee hin jiraatu. Yoo rakkoon gargar nu fageesse illee akka hundee dinnichaa lafa jalaan loonee wal argina jedhanii onnee guutuun waliif jiraatu. Namni milkaa'inaaf of kaadhime illee akkasuma, nan milkaa'a jedhee eegala malee, yoo ta'uu didehoo?

Yoon kufehoo namni maal naan jedha jedhee hin eegalu. Nan milkaa'a, deemsakoo keessatti kufaatiin na muudachuu danda'a. Yoon kufes deebi'ee ka'een milkaa'a jedhee onneedhaan hojjeta.

Mee seenaa nama yeroo hedduu kufuun iddoo yaadeefi galma isaa gahuun seenaa ajaa'ibaa hojjetee tokkon siif hima.

Abrahaam Linkeen jedhama. Pirezedaantii Ameerikaa 16^{ffaa} ta'uun bara 1861 hanga 1865 tti tajaajile. Hojii jabaafi inni ittiin leellifamu immoo nama akka garbaatti fayyadamuun akka hin barbaachifne, dhalli namaa hunduu walqixa. Tokko garba kaan immoo gooftaa ta'uu hin qabu jechuun seera gabrummaa dhorku baasuudhaani. Namni kun tolatti aangoo Ameerikaa bulchuu hin arganne.

Maal keessa darbee akka inni sadarkaa aangoo guddaa irra gahe waliin haa ilaallu.

1. Umuriin isaa ganna 21 tti hojii daldalaa eegalee **kasaare**
2. Waggaa tokkoon booda, umurii ganna 22 tti dorgommii siyaasaa dorgomeen **moo'ame**
3. Waggaa lamaan booda, umurii isaa ganna 24 tti yeroo lammaffaaf daldalaan **kasaare**
4. Umurii isaa ganna 26 tti jaalalleen isaa **duute**.
5. Waggaa tokkoon booda, ganna 27 tti, dhukkuba ribuu (narvii) dhukkubsachuun qaamni isaa **laamsha'e**.
6. Waggaa torbaan booda, ganna 34 tti, dorgommii koongiressii dorgomee **moo'atame**.
7. Umurii isaa ganna 45 tti dorgommii seenaaterii biyya isaa dorgomee **moo'ame**.
8. Ammas waggaa lama booda, ganna 47 tti itti aanaa pirezedaantii ameerikaa ta'uuf dorgomee **moo'ame**.
9. Waggaa lama boodas, dorgommii seenaaterii biyya isaa dorgomee **moo'ame**.
10. Umurii isaa ganna 52 tti, dorgommii pirezedaantummaa biyya Ameerikaa dorgomee moo'ate.

Ajaa'iba!

Abrahaam Liinkeen, yeroo sagal kufee kurnaffaatti, moo'ate. Maarree dhaloonni bara keenyaa osoo dirree hin seenin maaliif moo'amaa? Nan danda'aa irra ni ulfaataan maaliif dursee sammuu keenya weeraree? Obboleeysoo! Kufuu, ka'uun, rakkoo keessa darbuun waanuma turedha. Takka kufee lamuu lafa hin ejjedhu jettee hin kakatin. Inni sammuu qabu, sagal kufeetu, kurnaffaatti kuffisee galma gaha. Seenaanis isuma qofa faarsa.

- **Kaadhimni milkii Onnataadha**.

  Akkuma atuu beektu dargaggeessi kaadhimatu onnataadha. Dhibaa'aafi dadhabaan hojii hin jaalanne, hin kaadhimatu. Sababni isaas dur dargaggeessi yoo guduunfaa hin qabaanne, warri intalaa tole hin jedhan, intallis tole jettee isa hin kaadhimattu. Maarree namni hojjetu immoo nama onnaataa, si'aawaafi dammaqaadha. Isa sirbee sirbisiisu, kan hojjetee hojjechiisutu, dubra jaalate argata.

  Kaadhimni milkii illee onnataadha. Oduufi waca namootaaf gurra hin qabu. Gufuu irra tarkaanfatee, galma gahuun milkii irraan gara milkii deemuu yaada. Onnee guutuu, yaadaafi qalbiidhaan imala isaa galaa guduunfatee imala.

- **Kaadhimni milkii itti gaafatamummaa fudhachuuf qophaa'aadha.**

  Akkuma atuu beektu, mana dhaabuun itti gaafatamummaa fudhachuudha. Maatii bulchuu, nyaachisuu, nageenya tiksuu akkasumas waan badeef, gaafatamaa ta'uufi. Namni kaadhima kaadhimatu kana hunda iyyuu baachuuf ceekuu erga jabeeffatee boodadha. Namuma akkasiitu jireenya moo'ee qanani'ee jiraata. Namni milkaa'uu danda'us namuma akkasiiti. Yoo milkaa'e harka namni dhahuufi ilillee fudhatee, kufaatii isaaf, quba qaama biraatti hin qabu. Akka barataan bara keenyaa waanaan barsiisaa fiiziksii jibbeefan, fiiziksii F fide jedhee oduu beerranii hin xibaaru. Yoo A fides, F fides kan kiyya jedhee kan caaluuf hojjeta.

- **Kaadhimni milkii guyyaa guyyaan barataadha.**

  Kaadhimni sirriin, boru har'a irraa adda ta'uu, jireenyaa ofiifi maatii ofii gaggeessuun, dandeettii haaraa, beekumsa dabalataafi ogummaa bareedaa barbaada waan ta'eef jedhee, abbootii isaa irraa barata. Namni baratu sammuun isaa gabbachaa deema. Sammuun barnoota qajeelaan gabbate immoo nama milkeessa. Kanaaafuu namni karaa milkaa'inaa qabate barachaa deema.

- **Kaadhimni milkii naamusa qaba.**

  Akkuman dura siif hime, kaadhimni naamusaafi safuun guyyaa gaa'ilaa eeggata. Naamusa kan eeggatuuf, waan namni eeguuf osoo hin taane, sammuun isaa waan isa/ ishee gaggeessuufi. Naamusni akka jireenya isaanii milkeessu, jaalala isaanii lalisiisu, bultii isaanii hundee jabaa irratti akka ijaaru waan beekaniifi.

  Namni milkaa'ina barbaadus akkas ta'uu qaba. Iddoo uummanni hin jaalanne hin dhaabbatani. Iddoo xuraawaa dhala namaa irraa hin eeggamne irraa homaa hin qabani. Dhokatanii dukkana badii hin raawwatani, sababni isaas madaaltuun naamusa isaanii sammuun isaanii isaan waliin jira waan ta'eef. Jireenya nama biraaf eeggannoo godhu, sababni isaas akkuma isaanii namni biraas akka jireenya qananiifi miidhagaa jiraatu waan barbaadaniif. Harka isaanii dabaan hin bukeessani, miilli isaaniis daangaa dhugaa malee daangaa dabaafi dharaa keessa hin ejjetu. Naamusa isaanii eeggatu, kabajaafi safuu beekanii jiraatu. Deemsa isaanis ittuma fufu.

- **Kaadhimni milkii hojii irratti hin komatamu.**

  Jabaatanii hojjechuun, guduunfaa godhachuun, kaadhima godhachuuf akka bu'uura ta'e siif kaaseen ture. Dursa guduunfachuuf jabaatanii hojjechuun akkuma namarraa eeggamu, guduunfaa guduunfatan, akka hin bittiinnoofne, jabaatanii hojjechuun illee baay'ee barbaachisaadha. Namni jabaatee hojjete ni qanani'a. Kan harka maratee taa'e immoo osoo kan namni hojjetee nyaatu taa'ee gogora coccobsuu xanneen du'a. Icciitiin milkaa'inaa inni guddaan jabaatanii hojjechuudha. Maal? Iddoofi hojii itti bobba'an keessatti akka bakkalchaa warra biroo irra ifuu! Bakkalcha ni beekta mitii? Isa gara barii bahu, kan urjii jiran caala ifu, isa ijji hundi irra qubattu. Akkas ta'uudha.

  Maartiin luuter kiing Jr yeroo waa'ee hojii irratti bobba'an irratti jabaa ta'uu ibsu akkas jedha.

  "If a man is called to be a streetsweeper, he should sweep streets even as Michelangelo painted, or Beethoven composed music, or Shakespeare wrote poetry. He should sweep streets so well that all the hosts of heaven and earth will pause to say, here lived a great street sweeper who did his job well."

Maartiin Luuteer King Jr. "Namni tokko hojii daandii qulqulleessuutti yoo bobba'e, akka ***Michelangelo*** suura kaasutti, akka ***Beethoven*** *muuziqaa hojjetutti****,*** ***Shakespeare*** *walaloo barreessutti sirnaan dalaguu qaba****.*** *Jiraattonni lafa irraa fi Jannata keessaa, nama hojii isaa sirnaan dalagu jedhanii akka jajanitti bareechee qulqulleessuu qaba." Akka jechuuti.*

Namni waan hojjetu hunda irratti jabaa, kutaataa fi sirnaan nama dalagu ta'uu akka qabu akeeka.

Bara tokko abbaatu mucaaf huccuu ayyaanaa bituuf gabaa deeme jedhan. Namichi kun mucaa isaatiin "Huccuun si badhaasun siif bita, gosa kam filatta." yemmuu jedhuun, mucaan deebisee, "Kan barbaade haa ta'u, garuu hunduma keessa isa hundarra shaggaa (the best one) naaf biti." jedheen jedhama.

Eeyyee huccuu gosa barbaade, halluu itti bareede bituu qaba. Garuu kan bitamuu qabu, hunda caalaa shaggaa ta'uu qaba. Barataa ta'uu dandeessa, tarree warra jajjabaa hiriiruu qabda. Daldalaa yoo taates, tarree dureeyyii, hojjetaa taatullee tarree warra urjii ta'anii, loltuu yoo taates loltuu haqaa, konkolaachisaa taatullee isa naamusa qabu, barsiisaa yoo taates isa barataa beekumsaafi ogummaan boruuf qaru ta'uun sirra jiraata.

Hubatte mitii? Abbaa bultii gaarii ta'uun yoo jabaatanii hojjetan, gamnummaan tulluu jigsaanii irra facaafatanidha. Milkaa'ina bira gahuuf illee jabaatanii hojjechuun bu'uura akka ta'e wal nama hin gaafachiisu.

- **Kaadhimni milkii dukkana keessatti ifa arga.**

  Namni kaadhima kan kaadhimatu, jireenya har'aa caala isa egeree abdiidhaan argeeti. Kanaaf immoo rakkoof jilbeeffachuun hin yaadamu. Ganni dukkanni gaafa dhufu, birraan bari'ee, lagni guutee maniidhaa bahe iddootti deebi'ee, dhoqqeefi qorri darbee, akka guyyaan gaa'ilaa gahu, rakkoof osoo harka hin kenniin hubata.

  Namni milkaa'inaaf deemu illee gaafa kufe, gatiin ifaajjii isaa jalaa bade, gaafa beelliifi dheebuu, hidhaafi ajjeechaan itti hammaatu, deeggarsa dhabuu, hojii irraa ari'atamuun, ganamuu, qaamaa miidhamuun, waan haamilee tuqu uumamuu argee duubatti hin deebi'u. Akkuma galaanni guute darbu, dukkanillee ifaan bakka bu'u, rakkinniifi kufaatiin, boru gara milkaa'inaatti ce'uu irraa akka hin hambisne waan beekuuf, qaroo fageessee argu qaba. Qabaachuus qaba.

- **Kaadhimni milkii aarsaa kanfaluuf qophaa'aadha.**

  Dhalli namaa waa argachuuf waa danda'ee darbuun dirqama. Kaadhima jaalatan waliin mana dhaabuuf, jabaatanii of eegaa, ishees eeguun aarsaa barbaada. Akka bara kanaa kaadhimni akka teessoo konkolaataa hirtaadhaan waa hin turre. Yoo kaadhima ofiif kormi barbaachise, korma goobe kanfaluun, yoo raada ta'ee illee raada ijaaf toltu kanfaluun, darbees yoo dhufe, aarsaa kamiyyuu kaadhima ofiif kanfaluun kabaja. Waan jaalatan argachuuf, waanuma jaalatan dabarsanii aarsaa godhu.

  Damma nyaachuuf, ilkee kanniisaa obsuu; ajjeesanii geeraruuf qoree, qorraafi aduu danda'uu; qotanii dilbeessuuf, ganna rooba, dhoqqeefi qorra, bona aduufi dhukkee obsuu; baratanii hayyoomuuf, hirriiba malee buluu, beelaafi rakkoo garaa garaa keessa ce'uu; lolanii gabrummaa ofirraa cabsuuf, corroqa dhugaa, firii mukaa nyaachaa, qabsaa'uun akkuma jiru, milkaa'inaaf of kaadhiman illee, aarsaa barbaachisu kanfalanii, milkaa'uun gootummaadha. Maarree ilkee kanniisaa sodaachaa damma nyaachuuf deemuun gowwummadha. Osoo qotanii coqorsa hin buqqisin, sanyii facaasanii kottoonfatanii hin aramin, bona aduu keessa dhaabatanii osoo haamanii hin calleessin, dilbii dilbeessanii qixa hiriyyaa ofii taa'anii geeraruuf yaaluufi abjuudhaan booka dhuguu maaltu adda godharee?

Kanaafi eegaa namni hedduun, baradheen of jijjiiree, maatiifi biyya koof waa buusa jedhee ka'ee, gaafa garaa keessaa nyaanni hir'attu fiigee kan deebi'uuf. Kan ajjeeseen akkuma nama biraa geerara jedhee manaa bahee, leencaafi gafarsaa mitii, osoo jaldeessa illee hin argin beela, aduufi qoree sodaatee kan galuuf.

Kanaafuu kaadhimni milkii kaayyoo isaaf wareegama hanga lubbuu kanfaluuf, hin seesu. Warri addunyaa kana irratti seenaa isaanii ati barattu warra waan itti amaneef, wareegama qaalii kanfaledha.

Akkasi! Milkaa'inni jireenya akkasii keessa darbanii waan bira gahanidha. Dafqanii dafqa xuruurfachaa, dadhabanii abdii galaa godhachaa, aarsaa barbaadamu kanfalanii gonfoo yaadan kaawwatu.

Jireenyi addunyaa kanaa illee kan warra haala hunda kana damdamatee gara fuula duraatti imaleeti. Akka kanatti warra jabaatetu seenaa dhalootaaf olkaa'ee sokke. Jijjiirama addunyaa kana irratti argitu kana hundaafis warri bu'uura kaa'e isaani. Warri bu'aa buuses isaanuma.

Isaan keessaa tokko ta'uun waan yaadamanii uumamaniifi waan yaadanii ta'uu qaban ta'uudha.

BOQONNAA JAHA

Galma Kaayyachuu

Jiruun dhala namaa hundi galma qaba. Namni guyyaa guutuu karaa deemaa oolee galgala iddoo qubannaa barbaadee gala. Allaattiiwwan nyaata isaanii barbaachaaf, bantii sammuu marsaa oolanii galgala godoo isaanii keessa qubatu.

Addunyaa keenya irratti taphni baay'ee jaalatamaan kubbaa miilaati. Daqiiqaa sagaltama itti dafqanii hanga danda'an hunda kan ifaajaniif, kubbaa ishee waliin fiigan gara galma isheetti geessuufi. Kubbaa gareen tokko galma isheetti yoo oofu, gareen biraan immoo galma irraa ittisa. Kubbaan galma ishee yoo seente malee geepha fudhachuun hin yaadamu. Kubbaan galma ishee gahuuf humna keessaafi alaa fayyadamti. Dursa keessoon kubbaa qophaa'aa ta'uu qaba. Kana jechuun immoo keessoon kubbaa afuuraan guutuu qaba. Keessi guutuu miti taanaan hanga barbaadamu deemtee galma hin geessu. Karaa biraatiin immoo humni alaan kubbaa dhiibee gara galma ishee geessu, humna jifannaa taphataan ittiin kubbaa gara galma isheetti dhiitudha. Kubbaan gara galma ishee seenuuf humni lameenuu baay'ee murteessoodha.

Maarree jiruun dhala namaa akka kubbaa humna alaan ooffamee gara galmaa imaluu baatus, humni keessoo kan dhala namaa, nama jabeessee, humneessee, gufuu hunda irra tarkaanfatee galma gaha. Humni keessoo dhala namaa waan hundumayyuu caalaa murteessaadha. Humni alaa yoo jiraates jiraachuu baates, humni keessaa murteeffatee kaanaan duubatti nama hin harkisu.

Galmi dhala namaa qofaaf osoo hin taane lubbu qabeeyyii hundaafuu baay'ee barbaachisaadha. Fakkeenyaaf mukni galmi isaa firii buusee sanyii isaa itti fufsiisuudha. Midhaan illee akkasuma. Bineeldonni biroon illee sanyii isaanii bakka buusanii darbu. Dhalli namaa immoo sanyii ofii bakka buusee darbuu qofa osoo hin taane waan sanyiin isaa ittiin jiraatuufi itti jiraatu illee lafa kaa'ee darbuuf dirqama uumamaa qaba. Sababni isaas namni sammuu barkumeewwaan darbee yaaduu danda'u waan qabuufi.

Akkuma dirree kubbaa miilaa keessatti iddoon galchii kubbaa dhaabbatu, jiruu namaa keessatti illee galma kaayyachuun barbaachisaadha. Dirree kubbaa keessa bakki kubbaan itti galu, karri (goal), yoo hin jiraanne, kubbaan taphatamaa yoo ooles, taphataan cimaa kubbaa qilleensarra oofu yoo ta'es, homaa faayidaa hin qabu. Dafqa buusanii kubbaa waliin cullulloo taphachuu bira darbee wanti takka hin jiru.

Maarree jireenyi ilma namaas gara itti galu qaba. Ifaajjiin jiruu iddoo itti guduunfaa argatu, bakka itti aara galfatanii galfata kaayyatan, galmi jiraachuu qaba. Galmi yoo hin jiraanne karaan hunduu waan gara galma ofii nama geessu namatti fakkaata. Kun immoo galma hanqatanii, qilee seenanii haqanqalamuutti nama geessa. Iddoo gahuu qaban gahuu dadhabanii karaatti hafuun immoo jal'uudha. Nama qaanessa. Kanaafuu galma sirriifi miidhagaa, jireenya namaaf kallattii kaa'u kaayyachuun, bu'uura galma gahuuti. Namni galma gaarii kaayyate, galma gahuuf illee hin rakkatu.

Deemsa gara galma ofii, deemsa eegaluun dura, galma ofii beekumsaafi qaruutummaan kaayyachuun akka gamoo guddaa ijaaruuf utubaa isaa gadi fageessanii dhaabuuti.

Galma kaawwachuun of beekuu gaafata. Kana qofa miti haala qabatamaa addunyaa illee beekuun dirqama. Ofbeekuun jalqaba waan hundaa akka ta'e kitaaba koo '**Galaa Sammuu'** jedhu keessatti, ibseen ture. Humnaafi dandeettii, haalaafi karaa galma keenyaa kana bira darbees, haala naannoo, biyyaafi addunyaan itti jirtu beekuun barbaachisaadha. Osoo lafni mijataan hin jiraatin, sanyiin hin facaafamu, sanyiin immoo osoo hin faca'in hin margu. Maarree galma yeroo kaayyannus duraa duuba, keessaafi ala, bitaafi mirga ilaaluun barbaachisaadha.

Namni daldalu haala gabaa ollaa, naannoofi addunyaa yoo hin beekne, waan fedhii daldaluu qabaateef qofa hin duroomu. Namni barnoota baratu illeen waan baratuufi wanta baratuuf yoo hin beekne, hin milkaa'u. Namni loltu leenjisee waraanaaf qopheessu illee eenyu akka waraanuufi eenyuuf akka lolu yoo hin beekne, fedhii injifachuu waan qabuuf qofa biyya bilisa hin baasu. Mootummaan biyya gaggeessus, galma isaa sirrii, imaanaa uummataa ittiin galmaan gahu yoo hin beekne, karaa sirriifi qajeelaa irra yoo hin imalle, fedhii qofaan galma gahuun hin jiru.

Waan fedhan, barbaadaniifi nama barbaachisu, haala qabatamaa lafarra jiru waliin wal simsiisanii galma yoo hin kaayyanne, deemsi fedhii qofaan ija dunuunfatanii deeman badhaadha abjuutti nama geessa. Namni deega keessaa bahuuf, galma sirrii haalaafi yeroo waliin walsimatu yoo hin kaawwanne, fedhii qofaan abjuun dhadhaa of obaasaa yoo bule, deega keessa bahuu hin danda'u. Rakkoo tokkoof fala barbaaduun dura, waa'ee rakkoo sana irratti qoraannootu godhama. Maddiifi ka'umsi rakkoo erga barameen booda, falli rakkoo barbaaduun itti fufa. Gaafa falli rakkoo barbaadamu immoo carraan milkaa'uufi gufuun fala rakkoo sana milkeessuuf hankaaksan ija ogummaan ilaalamanii, isaaniif illee falli kaayyamuun dirqama.

Galma gaafa kaawwannu ‘SMART’ ta’uu qaba jedhu.

- S- Specific ….murtaawaa ta’uu qaba. Yoom akka hojjetamuufi maaltu akka godhamu beekkamuu qaba. Fakkeenyaaf, mana jireenyaa ijaaruun qaba yoo jette, yoomiifi eessatti, akkasumas mana akkamii akka ijaartu murtaawaa ta’uu qaba.
- M-Measurable – safaramaa ta’uu qaba. Hammi isaafi hangi isaa beekkamaa ta’uu qaba. Fakkeenyaaf hojii tokko torbee lamatti raawwachuu yoo barbaadde, guyyaatti hangam hojjechuu akka qabduufi torbee keessatti hangam deemuu akka qabdu beekkamaa ta’uu qaba. Qo’annaa keessatti yoo fudhanne immoo, hanga deemuu qabduufi waan qabachuu qabdu sana madaaluun safaruun ni danda’ama.
- A-Achievable – hojjetamuu (raawwatamuu) kan danda’u ta’uu qaba. Galmi keenya yeroo jenneefi haala lafarra jiru waliin wal simatee hojjetamuu danda’uu qaba. Fakkeenyaaf, qotee bulaan tokko osoo sangaa ittiin qotu hin qabaatin, waan facaasuufi xaa’oo hin qabaatin, “Bara dhufu xaafii lafa kana irraan dilbeessa.” yoo jedhe, badhaadha abjuu qofa ta’a.

- R- Realistic- dhugaa lafarra jiru waliin wal simachuu qaba. Fakkeenyaaf akka hidha laga Mormor (Abbayyaa) fedhii qofaan gulufanii waan waggaa kudha shan fudhatu, waggaa shanitti galma kaa'uun of goyyoomsuun, humnaafi yeroo ofii qisaasessuu ta'a.
- T-Timely bounded.. yeroon isaa daangeffamaa ta'uu qaba. Yoom akka eegaluufi yoom akka dhumu. Fakkeenyaaf barataan qormaata biyyoolessaaf qo'atu, yoom akka kitaaba daree qo'annaa eegaluufi xumuru yeroo murtaa'aan yoo deeme iddoo yaade gahuu danda'a.

Galmi nuti kaayyannu kan yeroo gabaabaa, giddu galeessaafi dheeraa ta'uu mala. Hundinuu haala qabatamaa keessa keenyaafi naannoo keenyaa irratti hundaa'uun wantoota armaan olii guutuu qaba. Galmi keenya qixa keenyaan kan safaramu yoo ta'e milkaa'a. Akka ollaa keenyaafi hiriyyaa keenyaatti galma kaayyachuun, "Akka abaluuttan sirbaan morma nama jal'isa." akka jedhan sana ta'a. Maarree ofbeekuun jalqaba waa maraa ta'uu siif eereen ture.

Galma kaayyachuun faayidaa armaan gadii qaba.

A. Galma kaayyachuun kallatti jireenyaa namaaf kenna
B. Galma kaayyachuun waan hojjechuu qabaniifi hin qabne namatti agarsiisa
C. Galma kaayyachuun onnee ittiin gara galmaa deemu si'eessa
D. Galmi kaayyannu hiikkaafi faayidaa qabeessa ta'uu qaba.
E. Galmi keenya yoomessa qabaachuu qaba.

Namoonni hedduun galma hin kayyatani. Galma kaawwachuu dhabuun, galma dhabuudha. Galma malee deemuun akka konkolaataan nama fe'atee konkolaachisaa iddoo dhaqu hin beekneen deemuuf yaaluuti. Imaltoonni iddoo deeman beekuus, beekuu dhabuus danda'u. konkolaataan immoo qaamni isaa marti fayyaa, gaaza kan guuttate ta'uu danda'a. Garuu konkolaataan kun imaltoota galmaan gahuu dhiisee gaaga'ama isaaniin gaha. Fuudhee iddoo barbaadaniin gahuu dhiisee iddoo isaan itti badanitti dhidhimsa.

Maarree namni galma hin qabne karaan hundi waan gara jireenyaatti baasu itti fakkaata. Kanaafuu qilee seenee jireenyi isaa hankaakuun wal nama hin gaafachiisu.

Galmi kaayyannu kan dhugumaan kaayyoo qabanne galmaan gahuu malee faayidaa maleessa ta’uu hin qabu.

Namicha tokkotu ture. Saree guddifatee qaba jedhama. Namichi kun saree isaa guyyuu karra duratti gadi baasee, akka isheen konkolaataa qabuu bartu taasisaa ture. Maarree jaarsi ollaa isaa kan hojii namicha kanaa argee taajjabetu, “Yaa namana sareen kee tun dhuguma konkolataa kan qabdi jettee yaaddaayii?” jedheen Namichis deebisee, “Ani wanti gaaffii natti ta'e sareen koo konkolaataa qabuufi qabuu dhiisuu miti. Garuu wanti na ajaa'ibu, sareen kun osoo konkolaataa qabdees maal itti gooti!” Jedhee deebisee jedhama.

Maarree galmi kaayyannu kan faayidaa qabu, haala qabatamaa waliin kan wal simu, kan dhugumatti itti hojjetanii milkaa'uufi hojjetanii nama fayyadu ta'uu qaba. Galmi kaayyannu fedhii qofa giddugala yoo godhate, quufa abjuu ta'a. Waan feene qofaaf karoorsuun haamilee nama dhorka.

Galma kaa'uun dura:-

- Hojjetamuu danda'aa?
- Humna namaa fi horii akkasumas yeroo koo waliin wal madaalaa?
- Dhugaa lafarra jiru waliin hoo wal simataadhaa?

Fakkeenyaaf, akka dhagaa bu'uuraa biyya kana keessaafi akka karoora namni yeroo dhugeefi qama'ee ta'uu hin qabu.

Maarree tarkaanfiifi ejjennaa ofii sirnaan qixeeffatanii yoo galma kaayyatan milkaa'uun guyyaadha. Eeyyee guyyaadha!

Garuu namni galma kaayyachuu maaliif sodaataa?

- Ofitti amanu dhabuu
- Galma ofii wallaaluu
- Jechaa namaa sodaachuu
- Faayidaa galma kaayyachuu wallaaluu
- Galma kaayyachuuf wantoota barbaachisan wallaaluu
- Kufaatii sodaachuu
- Galma gahuu shakkuun, galma sodaachuu

Wantoonni kunniin namoota hedduuf sakaallaa ta’anii akka galma ifaafi faayidaa qabeessa ta’e hin kaayyanne taasisaa turan, ammas ittuma jiru. Namni galma yoo hin qabaanne, maaliif jiraataa? Gara kamis deemaa? Yoo deemes gahuufi dhiisuu maaliin beekaa?

Galma kaayyachuun bu’uura galma gahuuti. Nama galma qabutu daandii milkaa’inaa irra deema.

BOQONNAA TORBA

ABDII

Deemsi gaara ta’ee

Jilbi si laafullee

Qaamni qoree ta’ee

Yoo si waraanellee

Guyyaan galgalaa’us

Galgala dukkanaa

Harka itti hin laatin

Jiruumatu kanaa

Horiidha yoo jedhan

Kan homaa hin beekne

Jaanjoftuu jedhamtus

Kan gatii hin baasne

Namni yaada odeessaa

Keessi kan kee waan biraa

Jiruukee hin abaarin

Boru ifatu jiraa

Dhabni dhaba hin dhalu

Rakkoo biraa malee

Boriikee hin murteessu

Rakkinni kee kalee

Namni yoo si gates

Akka huccuu dhumee

Keessakee jabeessi

Keessi kee siif faayaa

Diinqa ormaa hin ilaalin

Manumakee wayya

Yoo dhuma siif laate

Namni si madaalee

Dhuma ofii hin kennin

Namni si wallaalee

Wallaala qabaadhu

Beekaa feetes ta’i

Urjiillee qoradhu

Mana biiftuus ba'i

Keessakee hin jibbin

Nama abdii ta'i

======Abdii===

Bitootessa, 2018

Mana barumsa bultii addaa Waldaa misooma Oromiyaa (WMO)

Adaamaa

Qonnaan bulaan arfaasaan dhufuu yeroo hubatu, garaa samii keessatti rooba abdiin ilaalee, qotiyyoo isaa camada. Lafa gogee bishaan dharra'e tarsaasee, gaafa roobni arfaasaa dirrisee roobe, sanyii manaa baasee bara dhufu haammachuuf, barana facaasa. Barataan barnootaan of jijjiiruuf, inni qabu maatii irraa bahee, mana kireeffatee, nyaata barruu isaan osoo gubatuu tolfatee nyaachaa, inni hin qabne immoo hojii guyyaa hojjechaa halkan barata. Haati hiyyeessaas mucaa isheetti qoraaniifi cilee gurgurtee, abbaan mana namaatti qotee callaa ormaaf calleessee gatii humna isaan mucaa isaa hirkoo boruu, dhadhaabbata gaafa dullumaafi sooraa bara maanguddummaa isaa barsiisa. Abdiidhaan guyyaa mucaan keenya nama ta'u jedhanii eegan lakkaa'u. Itti cabanii guddisanii, isumatti caba isaanii dhidhiibbatanii fayyuuf abdiidhaan guyyaa eegu. Eelaa qufa'aa, guyyaa itti eelaa isaanii dhala isaaniitiin, damdamatan abdiin eegu. Abdii!

Namni abdii malee akkamiin jiraataa? Maaliif jiraatas? Jiraachuun isaa hoo maal fayyadaa? Maaliin jiraatas, jireenyi abdii malee taa'aani guyyaa du'a ofii eeguu irraan kan hafe homaa hiikkaa hin qabu. Namni dhukkubsatee nan fayya jedhee yoo yaala hin deemne, deegee hojjedheen durooma hin jenne, kufee deebi'ee nan ka'a, dhabee nan argadha yoo jedhee hin hojjenne, karaan karaa badee yoo karaatti nan deebi'a jedhee hin yaanne, daldalli isaa kasaaree yoo deebi'ee kasaaraa irraa nan bayyanadha jedhee abdiin hin hojjenne, hojii irraa ari'amee deebi'ee hojii caaluuf of yoo hin kaadhimne, jireenyi isaa dukkana!

Namni abdii hin qabne akka allaattii halkan godoo ishee keessaa baateeti. Balali'uuf gara itti deemtu hin qabdu. Ijji ishee argee balali'uun haa hafuu, cina ishee waa jiru iyyuu arguu hin dandeessu. Gama biraan immoo allaattiin kun iddoo boqonnaa hin qabdu. Waa lama dhabdee jirti maarree teessee yoo bineensi dhufee nyaate eeguu malee abdiin biraa jalaa dukkanaa 'ee jira.

Jireenyi dhala namaa abdii malee dukkana. Sanuu dukkana yoomuu hin bariine. Addunyaa bilisaan ifa keessa namuu jiraatu, qofaa dukkanaan marfamanii jiraachuudha.

Haati tokkichaa mucaa ishee duula deeme, ni gala jettee “Ijji nagaan wal nu haa argu!” jettee imimmaan lolaasaa, abdii waliin gaggeessiti. Kaadhimni jaalalleen ishee duraa duules, “Abdiidhaan gaafa gale cidha keenya raawwanna.” jettee, kudhaama abdii hidhachaa, waadaa onnee irra kaayyattee, onnee ishee keessatti kaadhima isheef bultoo addaa keessee abdiidhaan eegdi. Warri roorroon itti hammaatee waggaafi guyyaan dhala isaanii diinaaf wareegan illee, yeroo ilmi isaanii dhalatee guddatu, “Jibicha korma ta’u haada irratti beeku.”Akka jedhamu, abdiidhaan ilaalanii, “Situ salphina keessaa nu baasa, siin kabajamnee irra aanna, jedhanii, “Abdiisaa, Abdii..” jedhanii maqaa moggaasu. “Imimmaan dhoksaa isa gabrummaafi gadadoon dhiiga boochisu siin haxaawwanna.” jedhanii, abdiin guddifatu.

Namni dhukkubsate, nan fayya jedhee qorsa (daawwaa) ogeessi fayyaa ajajeef, abdiidhaan fudhata. Namni cabes abdiidhaan ogeessa yaalu barbaada. Nama qofa miti, bara hongee biqiloonni coolaganii, gaafa samii keessaa duumessi ulfaatu, abdiidhaan baala olqabatu.

Jireenyi ilma namaa abdii irratti ijaarame. Abdiidhaan facaafatanii haammatu, dhalanii dhungatu, abdiidhumaan ijaarratanii, keessa jiraatu. Baratani qaroomuun abdii fuula duratti kaayyataniiti. Horanii duroomun illee abdiidhaan duwwaa irraa ka’anii gara fuula duraatti qabsaa’aniiti.

Gabrummaa cabsanii ifaafi mi'aa bilisummaa dhamdhamuun, abdii kudhaammatanii malee hin yaadamu.

Jireenya abdii malee jiraattee beektaa?

Maaltu abdii nama dhabsiisaa?

- Nama dhabuu
- Horii dhabuu
- Fala dhabuu
- Humna dhabuu
- Waan uumame wallaaluu
- Balaa tasaa

Wantoonni abdii namaa lalisiisan

- **Haala addunyaa beekuu!** Addunyaan keessa jirru tun guyyaa guyyaan jijjiiramti. Akkuma ifni dukkanaan bakka bu'aa deemu, dukkanni illee yeroo isaa eeggatee, ifaan akka dhaalamu hubachuun barbaachisaadha. Gaafa qanani'anii jiraatan illee guyyaa biraa akka rakkoofi gadadoon nama muudatu, beekanii yoo dhufes fala faluu nan danda'a jedhanii of amansiisuudha. Kana bira darbee addunyaa kanarra wanti hin jijjiiramne jijjjirama mataa isaa ta'uudha.

Dhagaa iddoo tokkoo hin sochoone irraa kaasee hanga wantoota socho'aniitti, dungoo yeroo xiqqoo keessatti baqxu irraa hanga gaarren gurguddaa dheerinni isaanii waggaatti milimeetiraan dabalaniitti jijjiiramni jiraachuu isaa beekuun, haalli addunyaa yoo namatti jijjiirame, funyoo fudhatanii of ajjeesuuf abdii kutuu irra, kunis amala addunyaati, kana irraan darbee boru iddoon yaade nan gaha jedhanii, morma dhiisanii mudhii hidhachuun barbaachisaadha. Jireenyi addunyaa kanaa warra beekuuf, tapha. Gaafa argatan gammachuudhaan, iyyaa hin oolan, dhabuun waan jiruuf, gaafa filamanii teessoo ulfinaa irra taa'anii gaarii dalagu. Boru aangoo sana irraa bu'uu waan beekaniif, akka Hayile Sillaasee gaafa aangoo irra turan namaan ani waaqa jechaa salphatanii mana fincaanii keessatti iddoo awwaalchaa hin qotatani. Gaafa namni harka dhahuuf, waaqatti aanee natu aduu baasa hin jedhanii. Boru warri harka siif dhahu, harkaan si dhahuun hin hafu waan ta'eef. Warri addunyaa kana hubatan, gaafa sadarkaa beekumsaan sokkanii namni hundi falaaf fuula duratti hiriiran, baay'inaafi weedduu deegggartootan gaadi'amanii waan hojjechuu qaban hin dhiisani. Gaafa deeggartoonni hiriira irratti bahanillee, mogoleen cabdee mana hin oolani. "Saroonni osuma iyyituu gaalli deemsashee itti fufti." jedhu mitiiree!

Addunyaa beekuun akkasi. Hoo'insi qaama namaa yoo haala naannoon murtaa'a ta'e, jireenyi namaa raafamaa ta'a. Addunyaa beeknaan hoo'i qaamaa yeroo hunda 37°C dha. Siif galee!

Eeyyee! Waan hundatti abdachaa, waan hundaanillee abdi hin kutin!

- **Ofitti amanuu:-** dhugaan ani siif dhaamu, jireenyakoo keessatti kufaatiin na hin muudatu jettee hin amanin. Garuu yoon kufe, akka kubbaan yoo lafa bu'e ol furguggifamee ka'u, anillee kufee achitti nama hafu osoo hin taane, achi irraa bayyanadhee deebi'ee luka lamaan dhaabbachuu nan danda'a jedhi. Abdiin kee wantoota jijjiiramanii dhabaman, qabeenya, firaafi maatii akkasumas, hiriyyaa osoo hin taane, sammuu kee isa yoo kuftes, ka'i iddoon si madaalu as miti jedhee gara fuula duraatti si tarkaanfachiisu ta'uu qaba. Eeyyeen sammuukee!
- **Rakkoof fala barbaaduu**. Guyyaa guyyaa dhaan wanti ati argitu rakkoo qofa ta'uu mala. Inni kun tokko rakkoo kee ta'uu mala. Inni kan biraan immoo rakkoodhuma addunyaa maraati.

  Rakkookee kan ta'u, ijjikee yeroo rakkoo ilaala yoo ta'e, miiraa yaadda'aa (pessimist) yoo taate.

Fakkeenyaaf jaalalleen kee bilbila kaasuu yoo didde, “Nama biraan waliin jirti, natti boonti, narraa adda bahuufi,….”fi kan kana fakkatu yaadda yoo ta’e, kun rakkoo keeti. “Osoo hin argin dhiiste, hojiirra jirti ta’a, calleensa irra keessee ta’uu mala.” yoo jettehoo, aariifi dhiphuu, akkasumas rakkoo fiduu irraa of oolchite. Rooba dhiisanii bakakkaa arguu, waan qaban dhiisanii waan dhaban qofa lakkaa’uu!

Rakkoon addunyaa immoo, beelli, hojii dhabuu, sobni goobuu, dhibeen baay’achuu, waraanniifi shororkeessummaan guyyaa guyyaan jiraachuu, kana faadha. Kanaafis falli abdii kutuu miti. Sitti mul’ataa? Eeyyee rakkoon baay’atus falli dhiphachuufi abdii kutuu miti. Maalidharee falli:- fala barbaaduu! Rakkoon fala hin qabne, sammuu namaa keessa jira!

- **Wanti adda ta’e yoo uumames akka darbuufi kana darbanii yeroo itti nagaan jiraatan akka dhufu beekuu**

  Wanti abdi nama kutu hedduu ta’us hunduu dhufee darba. Fakkeenyaaf addunyaan har’a rakkoo dhibee Koronaatiin (COVID 19) raafamaa jirti. “Kun waan hin darbinee fi taatee addunyaa kanarratti haaraa ta’e.” jedhanii warri abdii muran, ‘Du’a qofatu fuula keenya dura jira.” jedhan hedduudha.

Garuu kanaan dura dhibeewwan akka '**Black death'**, '**Spanish fulu'**, **Cholera**, fi '**Ebola'** faan addunyaa akkuma har'aa ciniinsuu hamaa keessa galchanii, hanga tokko fudhatanii, hanga kaan dhiisanii sokkanii jiru. Maarree koronaanillee akkasuma. Kana qofa miti, hojii dhabuun, beelliifi hongeen, waraanniifi shororkeessummaan, deeggarsa dhabuun, hiriyyaa irraa adda bahuun, hojii irraa ari'atamuun, hidhaamuun, aangoo irraa ka'uun, kufuun boru waan biraan bakka kan bu'u ta'uu beekuun abdiidhaan gara fuula duraa imaluun barbaachisaadha.

Bara tokko roobni yeroodhaan waan roobuu dideef hongeetu biyyatti hammaate jedhani. Mukkeen hundi dhaabitti gogani. Saawwan osoo deemanii akka baalaa harca'uu eegalan. Lagni gogee lubbu qabeeyyiin hundi waan dhugan dhabani. Maarree yoo kana teenyee dhumurra jedhanii uummanni ganda sana hundi walguuree uumaa kadhachuuf gara tulluu guddaa tokkootti ba'anii waaqa kadhachuuf murteessani. Guyyaan beellama isaanii waan gaheef namuu wal guuree gara tulluu sanaatti imaluu eegale. Maarree yeroo kana namni hundi harka qullaa fiigaa yoo deemu, maanguddoon ayyaantuun takka immoo dibaabee ishee fudhattee dhadhaabbata ishee waliin qabattee gara iddoo kadhannaatti qajeelte jedhama. Kadhachuu dhaqu garuu abdii guddaan kan deemaa jiru manguddoo takkittii qofa.

Maarree namni hedduun hojjetee milkaa'uuf hawwii qaba. Garuu abdiin inni nan milkaa'a jedhee keessoo isaatti qabu xiqqaadha. Namni abdiidhaan jiraata. Abdiin muka coolage lalisiisa....burqaa goge mirgisiisa. Nama du'uuf afaan boollaa irra ga'e kaasee luka lamaan dhaabachiisa. Ummata fi biyya birmadummaa ishee mulqamtee namaaf gabroomte bullukkoo salphinaa irraa kaasee waaroo kabajaa itti uffisa! Abdii!

Namni waa hojjetu ni ta'a jedhee abdiidhaan yoo hojjete milkaa'a. Abdiin onnee ittiin hojjetanii milkaa'an namaaf kenna. Mogolee laafe jabeessee, harka laafe cimsee akka hojjetan nama taasisa. Namni abdii qabu hin du'u. Abdiin garuu abjuu guyyaa ta'uu hin qabu. Osoo gaagura hidhanii hin fannisin, kanniisni itti galtee osoo hiddamaa damma hin baasin nadhii dammaa dhuguun hin danda'amu. Eeyyee osoo ameessa hin qabaatiin aannan abdii dhuguun gaarii miti. Garuu abdiidhaan gaagura hojjetanii damma nyaachuun, ameessa bitatanii aannaan dhuguun waanuma danda'amudha. Abdiin hojjechaa “Nan milkaa'aa.” jechuudha malee harka maratanii taa'anii milkaa'inni akka bakakkaa samii irraa naaf bu'a jedhanii eeguu miti. Abdiin ijoollee osoo sirnaafi safuun hin guddisin gaafan dulloome na soorti jechuu miti.

Abdiin dhala ofii irratti cabanii guddisanii, bu'aa bahii argan, rakkoofi gidiraa argan sana, “Dhala koo irratti naaf darba.” jedhanii mudhii jabeeffatanii hojjechuudha. Abdiin lafa osoo hin taraariin nan dilbeessa jechuu miti. Osoo hin baratiin nan hayyooma jechuus miti. Osoo homaa hin yaalin abbaa kalaqaan ta'a jedhanii abjoochuu miti. Abdiin waan fedhaaniif qofa miti. Waan fedhan itti ifaajanii abdiidhaan akka mikaa'uuf hojjechuudha malee!

Wal hubannee jirra. Eeyyee falli rakkoo abdii kutuu osoo hin taane, abdiidhaan, fala barbaaduudha. Abdiidhaan hojjechaa milkaa’u malee, abdiin hojii hin qabne, of sobuu taati.

Abdii hin kutin. Nama abdiidhaan gara kaayyoo ofii imalu akka taatun si affeera. Eeyyee ni dandeessa!

BOQONNAA SADDEET

Dhaamsa

"The hottest place in Hell is reserved for those who remain neutral in times of great moral conflict." **Martin Luther king Jr.**

"*Bakki baay'ee hoo'u, Si'ol, kan qabameef, namoota yeroo badiinsi safuufi sirnaa uumamu, callisanii of qofaa bilisa taasisaniif."* Akka jechuuti. Akkuma namuu beeku si'ool manneen amantaa akka Kiristanaa, Musliimaafi Juudizimii keessatti iddoo namoonni yakka qaban itti adabaman ta'uutu himama.

Maartiin Luuteer Kiing Jr. garuu yeroo cabinsi safuufi dhugaan badu warri arganii, mormuu dhiisanii ilaalan warra baay'ee yakkamtoota waan ta'aniif iddoo gubaa sanatu isaaniif qabame jedha.

Addunyaa kana keessatti namni naannoo irraa bilisa ta'ee jiraachuu hin danda'u. Namoonni of yeroo goyyoomsan ani amantiifi siyaasa irraa bilisa jedhanii odeessu. Garuu osoo xiqqoo haasa'anii, "Amantiiin kun akkas, gaggeessaan sun akkana." jedhanii dubbatu. Dhugaan baay'ee nama ajaa'ibu immoo jarreen akkasii dhuguma bilisa ta'anii osoo hin taane , ofitti amanamummaa dhabuu irraayi.

Tokko tokko osuma warra nama cunqursu, ajjeessu, hidhu, uummata hiraarsu arguu deeggaree, namoota biratti gaarii fakkachuuf, garaa keessatti waan biraa, afaaniin waan biraa odeessa. Mee seenaa dhugaa daayirektara koo tokkon siif hima. Yeroo hedduu barattoota barnoota hojjetan walitti qabee, “Ani deeggaraas mormaas miti. Paartii kamuu hin deeggaru.” jedhee kakata. Dhugaa beekkamaa tokko immoo yeroo ABO maqaa dhahan akka waan bakkakkaan itti bu'ee hoollata. Kun maal jechuu akka ta'e namuu ni beeka.

Namni deeggaraas, mormaas hin taane nama du’e qofa.

Deemsi itti gala qaba. Wanti karoora malee dubbatamu waan jiru miti. Dhaamsi mata duree armaan olii kanaan kaate, paartiifi amantii qeequuf miti. Akka deeggartu si affeeruufillee miti. Garuu dhugaan irratti waliif gallu ilaalcha deeggartuuf itti gaafatamummaa fudhachuu hin dheessin.

Dhalli namaa uumama kaan irra sammuun isaa waa xiinxalee hubachuu uumama danda'u dha. Erga xiinxalee ilaalee immoo isa kamtu gaarii, kamtu immoo yaraadha jedhee adda baasa. Namni fayyaa qabu gaarii jibbee gadhee hin jaalatu. Maarree gaafa badinsiifi cabni safuu uumamu, rakkoofi gidiraan lafa fudhatu, yoo beelli, dhibeen, ajjeechaan, hidhaan, buqqa'uun baay'atu namni gaariin ilaalee hin callisu.

Mee gara keetti haa deebinu. Biyya kana keessatti warra qubee lakkaa'an keessa jirta. Naannoo kee irraa bilisa taatee jiraachuu akka hin dandeenye ni beekta.

Maarree yeroo dhaloonni manca'u (Dhugee machaa'uu, qamaatiin, tamboo aarsuun, qullaa deemuun, sagaagaluun, orma akkeessuun keessattuu warra lixaa, of baqatee orma jala deemu, halkan dukkana uffatee gara jabeenyaan nama ajjeesu fi saamu) arganii callisuun dhaloonni akka manca'uuf maal na dhibeen darbuudha.

Kana qofa miti abbootiin amantii, abbootiin Gadaa, hayyoonni, beektonni gaafa mootummaan uummata hiraarsu, hidhaafi ajjeechaan, saamichi namoota irratti raawwatu, warri sagaleen isaanii dhaga'amu, warra sagaleen isaanii hin dhaga'amneef sagalee hin ta'an taanaan, namummaan iddoo dhabee namuu badiif iddoo lakkisa jechuudha.

Wantoota armaan olii kanneen kanan siif kaaseef, yoo xiqqaate naannoo ofii hubachuun warra badaniifi badi tumsan keessa akka hin jiraanne jalqaba akka of baraartuufi. Erga ofiif keessaa baatee immoo rakkoowwan dhaloonni bara keenyaa ittiin rakkachaa jiru kanaaf falli maali jettee akka yaaddu si akeekuufi.

Rakkoon rakkoo ta'ee kan itti fufu yoo namoonni hundi rakkoo akkuma jirutti dhiisanii, ilaalanidha. Rakkoo rakkoodha jedhanii yoo dhiisan dhaloota itti aanuuf illee rakkoo ta'ee ittuma fufa. Maarree rakkoof fala kaa'uuf immoo namni akka keetii kun dirqama qaba. Kanaafuu itti yaaduu gaafata. Itti yaadi.

Barri keessa jiru waan hundi saffisa aduun bara waan hundi itti jijjiiramudha. Jijjiirama addunyaa kana irraa warri fayyadaman warra gulantaa beekumsa, hubannoo, gurmuufi ogummaa isaanii qixa jijjiirama kana simuun warra of guddise qofaadha. Roobni yoo roobe warra lafa hin qabne akkasumas lafa qabaatanii warri waan ittiin qotatu hin qabneef, roobuun homaa hin fayyadu. Sababni isaas waan hojjetaniifi waan ittiin hojjetan waan hin qabneefi.

Akkuma kana namni addunyaa faana adeemuu hin dandeenye addunyaatu itti fayyadama malee addunyaa irraa homaa hin argatu. Nama dhuunfaa bira darbee sabni, biyyiifi ardiin lammiin ishee beekumsaan, naamuusaafi jabinaan dorgomaa hin taane warra jabaaf ergamuu yookiin faana jaraa hordofaa bara baraan eegee ta'anii jiraatu.

Akkuma namuu gurraa qabu bara kana kan jabaateefi of hubate qofatu sa'a isaa elmatee aannan dhuga. Kana ta'uu baannaan warri, “Anatu sa'a kee elmee, aannan qiraaciitti akka adurree siif kenna.” jedhan hedduudha. Warri kunniin namoota hedduuf abbaa ta'anii sammuu yaabbatanii akka fedhaniifi bakka fedhanitti ofaa itti fayyadamaa jiru.

Mee dhugaa kanaan wal qabatu tokkon jabaa siif jedha.

Afrikaan ardii qabeenya albuudota gatii qaalii hedduu qabdi. Ardiiwwaan biroon ijji isaanii gara Afrikaa ilaala. Harki isaanii karaa ittiin dachee kan qotee albuuda saamu abjoota. Miilli isaanii yoomuman Afrikaa irra ejjedhee saammadha jedhee hoollata. Faallaa kanaa lammiin Afrikaa immoo ijji isaa gara warra isa hawwuuti. Inumaayyuu warri biyyoota gara warra Afrikaa saamuu ejjedhee osoon du'e jedhu danuudha. Afrikaan ammatti albuuda baafachuuf orma waamti. Ormi baaseetu gara biyya ofiin gala. Achitti waan itti makan itti makanii asuma deebisu. Gaafa as deebi'e immoo gatii dachaa meeqa isa duraan deebisanii Afrikaatti gurguratu. Maarree Afrikaan qabeenya qabdu fayyadamuu kan dadhabdeef, beekumsa, dandeettii, of beekuufi ogummaa mataa isheen addunyaa biroo waliin dorgomaa taatee argamuu dhabuu isheeti.

Kun hundi kan waan sammuutti fayyadamaniifi fayyadamuu dhabuu isaaniiti. Warri of jabeessee, of irratti abbaa ta'e waan yaadeefi bakka yaade gaha.

Kanaafuu dhaloonni keenya of hubachuun akka qabu, waan naannoofi addunyaan itti jirtu hubachuun, hiree ofii gara fuula duraa qajeelfachuu danda'uu qaba. Yoo abbaan jabaa waan ofii irratti ta'e ollaan nama kabajji. Sana bira darbee, waldanda'uu jedhanii inni ololan siyaasa malee dhugaa miti.

Addunyaa kana irratti jabaa qofatu of kabachiisee bula. Sana hin ta'u taanaan, baraanuu namuma biraaf dibbee dhaanaa jiraachuun waan hin hafnedha.

Addunyaa kana kan gaggeessaa jiru, humnoota sadi.

1. Beekumsa
2. Maallaqaa
3. Aangoo(siyaasaafi humna waraanaa)

Warra kanniin warra of harkaa qabutu addunyaa raasee ittiin qota. Qe'ee keenya irratti kabajamnee kan jiraannu, waan keenya irratti abbaa kan taanu, ofbeeknee, walbeeknee, waltaanee, waliin taanee yoo gurmuu jabaan fuulduree keenyaaf hojjenne qofa.

Warri beekumsaan sokke, rakkoof fala barbaadee, rakkina keessaa gara gaariitti baha. Sammuu ofii fayyadamee waan barbaadu ijaaree, waan hin feene immoo diiga. Warri qarshii of harkaa qabu immoo qarshiidhaan nama bitee hojjechiifatee badhaadha. Kan aangoo siyaasaafi humna waraanaa ijaarrates maal akka gochaa jiruufi, eessa akka jiru wal nama hin gaafachiisu.

Kana hundaafuu, qixa ofii hubachuun, sammuu ofiitti dhimma bahanii waan hojjechuu qaban hojjechuun fala.

Karaa ormaa irra fiiguu irra, dhalootaan walta'anii, karaa ofiif baafatanii deemnaan, galma yaadan gahuun guyyaadha.

Xumureen jira!

Kitaabilee wabii

1. **Galataa Tsaggaa Naggasaa (2020) Galaa sammuu, Finfinnee**
2. **Shiv khera (2007) You can win, Rajiv beri for Macmillan India Ltd.**
3. **John Maxwell (1993) Developing the Leader within You, Malaysia, Percetakan Osacar Sdn**
4. **Daniel Goleman (1996), Emotional intelligence, Bloomsbury Publishing Plc.**
5. **Napoleon Hill (2009) NAPOLEON HILL'S GOLDEN RULES, Hoboken, New Jersey**